



SEENAA NABIYYI

عَلَيْهِ
وَسَلَّمَ

DHALOOTARRAA HANGA DU'AA

QOPHEEYSAAN

Sheekh Muusaa bin Raashid Al-Aazir

HIKKAAN

Jaafar Bayaan (Abbaa Muhamma

Seenaa Nabiyyii



Dhalootarraa hanga Du'aa

Qopheysaa:

Sheekh Muusaa bin Raashid Al-Aazimii

Hikkaan:

Jaafar Bayaan Ahmad (Abbaa Muhammad)

Shawwaal, 1440

Caamsaa, 2019

- **Maxxansaa 4ffaa:**

Shawwaal, 1440 Amata Hijraa
Caamsaa, 2019

- **Barreeysaa qunnamuuf:**

Jaafar Bayaan Ahmad

Facebook: <https://www.facebook.com/jafar.bayan.3>

Twitter: [@Jaferb](https://twitter.com/Jaferb)

Email: jaffyb@yahoo.com

Whatsapp, imo, Viber: +1403-875-8190

Telegram: <https://t.me/Jafarbayan>

Qabeentaa

Mata Duree

Fuula

Qabeentaa	<i>i</i>
• Hubachiisa	<i>iii</i>
• Galata	<i>v</i>
Seensa	<i>1</i>
Siiraa Maaliif baranna?	<i>3</i>
Siiraa Ilaalchisee maal ja'an:	<i>5</i>
Dhalootarraa hanga Nabiyyummaa.	<i>7</i>
Nabiyyummaa irraa hanga Hijiraa.	<i>15</i>
Israa'i fii Mi'raaj	<i>33</i>
Hijiraa irraa hanga Duula Badrii	<i>43</i>
Jalqaba Jihaadaa	<i>57</i>
Duula Badrii Guddoo	<i>62</i>
Duula Badrii fii Duula Uhud jiddutti waan argame	<i>65</i>
Duula Uhud irraa hanga duula Banii Nadiir	<i>68</i>
Duula Banii An-Nadiir irraa hanga Khandaq	<i>72</i>
Duula Khandaq irraa hanga Sulhii Hudeeybiyyaa	<i>77</i>
Sulhii Hudeeybiyyaa	<i>82</i>
Xalayaa gama Mootootaa ergamte	<i>92</i>
Gazwatu Zuu-Qarad	<i>93</i>
Duula Kheeybar	<i>95</i>
Ghazwatu Zaatu-Riqaa'i	<i>99</i>
Umratu Al-Qadaa'i	<i>100</i>
Duula Mu'taa irraa hanga Fat'hii Makkaa	<i>102</i>
Duula Fat'hii Makkaa irraa hanga Huneeyni	<i>106</i>
Duula Huneeyni irraa hanga Hijirii 9ffaa	<i>114</i>
Amata Hijirii 9ffaa	<i>123</i>
Duula Tabuuk irraa hanga Hajjat Al-Wadaa'ii	<i>124</i>
Hajjii dhaammannaa/Hajjat Al-Wadaa'i	<i>133</i>
Qophii Waraana Usaamaa bin Zeeydi	<i>139</i>

<i>Musiibaa guddoo</i>	139
<i>Beerran Nabiyyii</i>  <i>Haadha Mu'mintootaa</i>	150
<i>Rahmanni Aalama akkam ture</i>	153
<i>***</i>	153
<i>Xumura</i>	160

• Hubachiisa

Kitaaba kana akkuma inni jiru kanatti osoo hin jijjirre, irraa hin irrifnee fii itti hin darre namni maxxansuu barbaade hayyama kiyyaan alatti maxxansuu fii Raabsuuf mirga guutuu qaba.

Namni jijjiruu, irrisuu ykn itti daruu barbaade ammoo na haa qunnamu. Hayyama haa gaafatu.

Maqaa nama kitaaba kana qopheeysee, kan hiikee fii maqaa kitaaba kanaa jijjiruun maxxansuu fii Raabsuun nama tokkoof hin hayyamamu.

Ammas wannin dubbiftoota kitaabichaa hubachiisuu fedhu: Ani Afaan Oromoo kaniin dubbadhuun katabe. Afaan Oromoo bal'aadha. Namoota miliyoona 40 oliitu afaan kana fayyadama. Oromoon hundi Afaan tokko dubbattus loqoda naannoon wal dhabu qabaachuun keenya ifa.

Wal dhabbi loqoda naannoo irraa kan ka'e yeroo garii jechoonni tokko tokko akkaataa fayyadamaa irratti wal dhabbiitu jira. Akkasumaa wajjiin namni hundi Afaan Oromoo loqoda naannoo Isaatiin barreeysuu fii dubbachuun gaarii tahuun amana. Bal'inni loqoda Afaan Oromoo itti fayyadamuun dagaagsuu qabna malee waaltawaa goona jechuun loqoda muraasatti gabaabsuun ammoo qancarsuu taati.

Kanan amana, kanaafin loqodan beekhuun kataba. Waaltawaa barbaaduuf xiqqollee if hin rakkine.

Kitaaba kana kheesatti maqaa Ergamaa Rabbii hoggaan kaase ykn Nabiyyii jedhe hunda Sallallaahu Aleeyhi Wasallam jechuun dheereysee barreeysuun filadhe. Kana wannin godheef hoggaa kitaaba kana dubbifnu salawaata hedduu Nabiyyii sallallaahu Aleeyhi wasallam irratti buusuudhaan sawaaba hedduu akka argannu yaadeeti. Yoo gabaabse S.A.W je'e namni gariin dhiisee

dabruu dandaha, Afaan Arabaatiin gabaase  ja'us sadarkaa salawaataa namni hin beeyne dhiisee bira taruutu mala je'eetin yaade.

- **Galata**

Faaruu hundi, Galannis Rabbii Aalamaatiif haa taatu.

Kitaaba kana hoggaan katabu kan yaadaan na gargaartan, akkan dafee xumuru na jajjabeysitan, hundi kheeyzanuu milkaawaa. Rabbiin milkii duniyaa fii akhiiraa walitti isiniif haa qabu.

Haadhaa fii Abbaa kiyaa Rabbiin galata Isaanii Jannata haa godhu, qabarii Isaanii haa ibsuuf, badii Isaanii haa araaramuuf. Na dhalanii, na guddisani, na barsiisani osuma kheeyrii hunda naan fedhan gama akhiiraa dabaran. Galata Isaanii Rabbiin Jannata haa godhu.

Akkasumas Nimo Abdullaahi, haadha Ilmaan kiyaa, Haadha Muhammad galanni kee Jannata ol aanaa haa tahu. Akkasumas Sheekh Anawaar Yuusuf, Sheekh Nawawii, Sheekh Alii Jimmaa hundi isaanii kitaaba eegan hiike laalanii yaada gaarii naaf kennan. Galanni Isaanii Jannata haa tahu.

Sheekha Kiyaa kanin Kitaaboota Islaamaa irraa baradhe Sheekh Muhammad Waadoo Rabbiin galata Isaa Jannata haa godhu. Guyyaa tokko hifadhe, dadhabe osoo hin jedhin, Mindaa malee bilisaan nu barsiisaa ture.

Qola (Cover) kitaabichaa bareechee kan tolche Abbaa Ifraah jazaan Isaa Jannata haa taatu. Kitaaba kana bakka hedduu laalee yaada ijaarsaa kan kennaa ture Ustaz Abdusamad Muhammad galanni Isaa Jannata haa tahu.

Namoonni Maxxansaa kitaaba kanaatiif gargaarsa qabeenyaa Rabbiif jecha if qaban galanni Isaanii Jannata haa tahu.

Namoonni biraa kanin maqaa hin kaasini hedduu jira, hunda Rabbiin kheeyrii duniyaa fii akhiiraa haa kennuuf.

Hundi keeyzan kheeyrii argadhaa.

Yaada Sheekkootii

Sheekkootiin kitaaba kana dubbisanii ykn ani irratti dubbisee
Yaada naaf kennan:

- **Sheekh Alii Jimmaa**

Kitaaba Siiraa Gabaabaa Jaafar Bayaan Afaan Oromootti hiike garii Isaa laaleetin jira. Akka bareedatti tolchee hiike. Rabbiin galata Isaa haa katabuuf. Dalagaa Rabbiin irraa jaalatu, tan Isiin sadarkaa Rabbi biraa argatu haa godhuuf. Warra Afaan Oromoo dubbatu biratti kitaaba Jaalatamaa fii kan haalaan dubbifamu Rabbi haa godhuuf.

Nama Afaan kana dubbattu hundaaf akka kitaaba kanarraa fayyadamaniiin dhaamaaf, sababaa saniin karaa qajeelaa fii haala gaarii akka qabaataniif.

- **Sheekh Anawaar Yuusuf:**

Siiraa Akkaan nama gammachiiftu, tan sanadni isii sahihaati. Nama dubbise akkaan fayyadi. Kitaaba kana namni Afaan Oromoo beekhu hundi dubbisuu qaba. Madrasaalee kheeyatti xiqqaa fii guddaan qara'uu qaban je'a.

Obboleeyya kiyya Jaafar Rabbiin kheeyrii haa katabuuf akka Inni kitaaba kana Afaan Oromootti nuuf katabetti.

- **Sheekh Nawawii (Abdulkhaleem Musxafa)**

Kitaaba kana hangan argetti akkaan bareedaa. Siiraa Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam Afaan Oromootiin katabame qixa kana tolu argee hin beekhu. Ummata keenya hunda bira gahuu qaba. Nama Afaan Oromoo dubbisuu beeku hunda bira osoo gaheen hawwa.

Sheekh Afaan Arabaatiin katabee fii Obboleeyya keenya Jaafar kan Afaan Oromootti nuuf hiikes Rabbiin galata Isaanii Jannata haa godhu.

Seensa

Maqaa Rabbiitin jalqaba. Faaruun hundi Rabbiif taatuudha. Nagayaa fii Rahmanni Ergamaa Rahmataa irratti haa jiraatu.

Abbaan kitaabaa haalli itti qopheeyse hedduu gabaabaa fii bareedaadha.

Maqaan Isaa Sheekh Muusaa bin Raashid. Maqaan kitaabaa akkana:

"السيرة النبوية كاملة من مولده صلى الله عليه وسلم إلى وفاته"

“Siiraaa Nabiyyii sallallaahu Aleeyhi Wasallam guutuu dhalootarraa hanga du’aa” jechuun gaggabaabsee katabe.

Barruu tana sheektichi kitaaba Isaa kan Jildii Afurii Al-Lu’lu’u Al-Maknuun irraa gabaabse. Al-Lu’lu’u Al-Maknuun qopheysuuf amata 10 Qorannoo siiraa irratti dabarse.

Ani Kitaaba kana eegan hiike booda bakka garii tan Ibsa feetu Kitaaba Sheekh Muusaa Al-Lu’lu’u Al-Maknuun irraa akka namaaf galuuf itti dabaleetiin jira. Dhuma kitaaba kanaa irratti Siiraa irraa eega raawwadhe, Beerran Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Ilaalchiisee barruu gabaabduu Sheekh Muusaa bin Raashid katabe itti dabaleetin jira.

Siiraan Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam irra bareedduu seenaa qofa osoo hin taane, Nama qajeeluma fedheef karaa qajeelaa agarsiisti. Abbaa Gaarii, waahila gaarii, Abbaa manaa gaarii, itti gaafatamaa gaarii, Muslima gaarii, Haadha manaa gaarii, Nama gaarii namni tahuu fedhe Seenaa Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam irraa haa baratu. Isatti hidhatee jala deemee namni fashalu Abadan hin jiru. Siiraan Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi wasallam Iimaana nama kheysatti qabsiisti, Jaalala Isaatiin fuutee namaan deemi, Isa jala akkamitti akka deemuu qabnu nu agarsiisti. Namni Nabiyyii jala deeme milkaawu malee numaa hin olle.

Isa jala deemuuf Isa beekhuu qabna. Isa beekhuuf seenaa isaa dubbisuu fii baratu qabna. Kitaabni kuni gama Siiraa dubbisutti isin yaama. Kitaabni kuni siiraa Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam daran baruuf akka tattaafannu nu godha. Hoggaa kitaaba kana dubbiftee xumurte Onneen tee Jaalala Isaatiin guuttamti. Nabii Muhammad sallallaahu Aleeyhi Wasallam daran isa baruuf hawwital

Kitaabni kuni Seenaa Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam dhalootaa hanga du'aatti gabaabsee dhiheeyisa. Haa gabaabbatu malee Siiraa Rasuulaa Sallallaahu Aleeyhi wasallam waan akkaan beekkamuu qaban dubbatu malee bira hin dabru. Hoggaa Dubbifte Nama biraa dubbisiisi, ykn irratti dubbisi. Akkasumas Bakka taa'umsa teenyaa Seenaa Nabii bareedduun haa bareechinu. Ilmaan keenyarrattis haa qaraanu.

Kitaaba kanarratti dogongora qubee tahee, dogongora hikkaa ykn dogongora biraa arguu keetu mala. Ani arguu dhabee ykn wallaalee tahuu dandaha. Bakkan ani irrise ykn balleeyse tolchuu, Anaaf Nasihaa godhuutu sirraa bareeda. Wanni sanii achii anaa fii si kan dogongora arges hin fayyaddu.

Rabbiin Warra Nabiyyii Rahmataa Sallallaahu Aleeyhi Wasallam jala deemuun Milkaawu nu haa godhu.

Rabbiin dalagaa Inni jaalatu haa godhu. Haadhaa fii Abbaa kiyyaaf haa araaramu, Jannataa haa kennuuf.

Namni kitaaba kana dubbifatan Anaaf, Haadhaa fii Abbaa kiyyaaf akkasumas Muslimoota maraaf du'aa'ii akka gootan, Araarama Rabbi akka naaf kadhattan Isiin gaafadha.

Nagayaa fii Rahmanni Ergamaa keenya Jaalatamaa irratti bara baraan haa jirtu.

Jaafar Bayaan

Siiraa Maaliif baranna?

1- Nabiyyitti ﷺ hidhachuuf Siiraa baruun dirqama.

Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam itti hidhatanii guututti hordofuuf Siiraa Isaa qulqulluu beekhuun dirqama.

2- Karaan Nabiyyii keenyaa Sallallaahu Aleeyhi Wasallam mizaana dalagaa hundaati, karaa Isaa beekhuun siiraa Isaa baruun malee hin taatu.

Sufiyaan bin Uyeynaa Akki je'e: Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Miizaana dalagaa hundaati. Dalagaan hundi tan isaatiin wal cinaa qabamtee laalamti, dalagaa Isaa tan qunnamte haqa, tan faalleeysite Baaxila.

3- Siiraa Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam baruun Kitaaba Rabbii (Qur'aana) hubachuuf nu gargaara. Jiruun Isaa hundi Qur'aana dalagaarra olchuudha. Inni Qur'aana lafarra deemu.

Haati Mu'mintootaa Aa'ishaan haalaa fii Amala Ergamaa Rabbii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam irra gaafatamtee akki jette: "Haalaa fii Amalli Isaa Qur'aana" Muslimtu gabaase.

4- Siiraa Barachuun Jaalala Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam qalbiitti nama guutti. Iimaanni Jaalala Isaatiin malee hin guuttamu.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam akkana je'e: "Tokkoon kheeyisan hin amanne hanga ani Haadhaa fii Abbaa Isaa, Ilmaan Isaa fii Nama hundarra Isa biratti jaalatamaa tahutti." Bukhaarii fii Muslim

5- Siiraa Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam baruun akka Iimaanni keenya dabaluu fii Jabaatu godha.

6- Seenaa Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Keeysa barnoonni Aqiidaa, beekkumsi Shari'aa, Beekkumsi Faraa'idaa fii Ibaadaatis hundi ni jira. Seenaa isaa hoggaa barre Shari'aa Islaamaa guutuu barre.

7- Siiraa Nabiyyi Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Baruun akkaataa

beekkumsaan gama Islaamaa nama itti yaamuu qabnu nu barsiisa.
8- Seenaan Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Mallattoo
Nabiyyummaa Isaa irraahi, Mallattoo dhugaan Nabiyyummaa Isaa
ibsite. Siiraan Nabi Muhammad Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Isa
dhugoomsuu fii Isatti amanuuf sababaa taati.

Siiraa Ilaalchisee maal ja'an:

1-Zeeynu Al-Aabidiin Aliyyi bin Al-Husseen bin Aliyyi bin Abii Xaalib Rabbii irraa haa jaalatuu akki je'e:

“Duuloota Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam barsiifamuu turre, akkuma Suuraa Qur’aanaatirraa barsiifamnutti.”¹

2-Imaamu Az-Zuhriin Rabbi rahmata haa godhuufi akki je'e:

“Beekkumsi Siiraa Ilmii duniyaa fii akhiiraati.”

3-Imaam Ibnu Al-Jawziin Rabbi Rahmataa haa godhuufii akki je'e:
“Hundeen beekkumsaati fii irra fayyadaan beekkumsaa Siiraa Rasuulaa sallallaahu Aleeyhi wasallam fii Siiraa Sahaaboota Isaa kheeyisa gad lallaaluu kheeyisa jirti. Rabbiin ol tahe:

أُولَئِكَ الَّذِينَ هَدَى اللَّهُ فَبِهِدَاهُمْ أَقْتَدَ

<Isaan warra Rabbiin qajeelche, Qajeelloo Isaanii sanitti hidhadhu.>² je'e.”³

4-Sheekh Aliyyi Ax-Xanxaawii Rabbi rahmata haa godhuufii akki je'e:

“Abbaa Maatii hundarratti mana Isaa kheeysaa kitaaba Siiraa Nabiyyii tokko qabaachuun, itti daddeebi'ee kitaaba san ifiif laaluu fii Ilmaan Isaa irratti qara'uun dirqama. Akka Ilmaan Isaa beekkumsa Siiraa Ergamaa Rabbii Sallallaahu Aleeyhi wasallam irratti guddataniif guyyarraa yeroo takka godhatee irratti qara'uu

¹ . Lu'lu'u Al-Maknuun: 1/13

² . Al-An'aam: 90

³ . Lu'lu'u Al-Maknuun: 1/13

qaba. Siiraan Isaa nama hayyummaa fedheef Madda hayyummaati, Qajeeluma nama barbaaduuf karaa qajeelaa agarsiisti, fakkeenya ol aanaa itti hidhatuun milkiitti nama geeysu, Dustuura kheeyrii hundaati.”⁴

5-Ibnu Hazm Siiraa Rasuulaa Ilaalchisee akki je’u.

“Siiraan Muhammad sallallaahu Aleeyhi wasallam nama Isii xinxaleef Nabiyyiitti amanuu dirqama irratti gooti, Siiraan Isaa Inni dhugumaan Ergamaa Rabbii tahuu ragaa baatiif, osoo Siiraa Isaa malee Mu’jizaa biraa takkallee qabaachuu baate Rasuula sallallaahu Aleeyhi wasallam tahuu Isaa ibsuuf ni geeysiif.”⁵

Siiraa Nabi Muhammad Sallallaahu Aleeyhi Wasallam ilaalchisee waan Ulamaa’iin ja’an irraa hagana yoo jenne ni gaha. Seenaa Nabi Muhammad Sallallaahu Aleeyhi Wasallam laalchisee waan Ulamaa’iin ja’an qofa osoo barreysani suni kitaaba tokko ykn sanii ol taha.

⁴ . Lu’lu’u Al-Maknuun: 1/14

⁵ . Al-Milal wa An-Nihal: 2/73

Dhalootarraa hanga Nabiyyummaa.

Abdullaahi bin Abdu Al-Muxxalib Aaminaa bint Wahab fuudhe. Aaminaan Abdullahi irraa Ulfooyte. Aaminaan ulfa Isii osoo hin dahin Abdullaahi du'e.⁶

Abdullahi bin Abdu Al-Muxxalib⁷ ilma Isaa garaa haadhaa jiruuf

⁶. Gosti Nabiyyii Sallallaahu aleeyhi wasallam:

Muhammad bin Abdullaah, bin Abdu Al-Muxxalib, bin Haashim, bin Abdi Manaaf, bin Qusayyi, bin Kilaab, bin Murraah, bin Ka'ab, bin Lu'eyyi, bin Ghaalib, bin Fih'ri, bin Maalik, bin An-Nadri, bin Kinaanaa, bin Khuzeeymaa, bin Mudrikaah, bin Iliyaas, bin Mudara, bin Nizaar, bin Ma'adi, bin Adinaan.

Hanga Adinaan qofaatu Sahiiha tahuun Isaa irratti waliif galame.

Lu'lul Maknuun: 1/42

⁷. Maatiin Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam Al-Haashimiyyaah jechuun beekkanti. Akaakoo Isaa Haashim bin Abdi Manaaf irratti Irkifamuun akkasitti moggaafamte. Gaafa gosti Qureeyshii Ilmaan Abdi Manaaf fii Ilmaan Abdi Ad-Daar aangoo addaan qooddatan Haashim "As-Siqaaayaa" fii "Ar-Rifaadaa" kenname.

As-Siqaaayaa jechuun: warra Hajjii dhufaniif Bishaan walitti qabanii akka irraa dhuganiif Ka'abaa bira kaayyuudha. Bishaan san Timira ykn Zabiiba itti laaqanii cunfaa Isaatis ni dhiheeyisan.

Ar-Rifaadaa jechuun: Nyaata warra Hajjii dhufaniif akka kheeysumumaatti qophaawuu.

- Haashim bin Abdi Manaaf

Maqaan Isaa Amr hoggaa tahu Haashim jechuun wanni moggaameef Isaatu Biddeena/Qinxaa Marakha/buusaa foonitti caccabsee/laaffisee warra Makkaah nyaachisa. Haashim jechuun achirraa dhufe, kan Biddeena marakha foonitti laaffisu ykn cacciru jechuudha.

Haashim kuni Naggadaaf gama Shaam akkuma baheen Madiinaa (gaafa san Yasrib je'aniini) dhufe. Achitti intala Salmaa bint Amr tan Gosa banii Najjaar fuudhe. Isii bira xiqqo turee gama Shaam naggada Isaatiif imala itti fufe. Haashim Osoo gad hin deebi'in lafa Filisxiin Gaazaatti du'e. Salmaan ilma Haashim irraa garaati fuute deeysee Maqaa Sheeybaa je'u itti moggaafte.

- Abdu Al-Muxxalib bin Haashim

Sheeybaa ilmi Haashim Madiinaatti dhalatee guddate. Muxxalib Adeera Sheeybaa ilma Haashim. Haashim ilma Madiinatti dhale qaba jechuu dhageenyaan Madiinaa

wanni dhiisee du'e: Gaala 5, Re'ee muraasa, gabrittii Habashaa maqaan Isii Barakaa ja'amtu, Isiin Ummu Eymani.

dhaqe, Haadha biraa fuudhee gama Makkaah fideen. Muxxalib Hoggaa Makkaah seenu Gaala irratti Sheeybaa if duubaan khaayee deemaa ture, Qureeyshiin Sheeybaa Adeera Isaa Muxxalib duubaan Gaalarra jiruun: "Muxxalib Gabra bitate, kuni Gabra Muxxalib (Abdu Al-Muxxalib)." ja'aniin.

Maxxalib ammoo: "Lakkii! Inni ilma Obboleeyisa kiyyaati, Ilma Haashim, Madiinaa irraahin fide." Je'een.

San booda Sheeybaan maqaa Abdu Al-Muxxalib ja'amuun beekkame, Sheeybaa maqaa haati baafteef ni irraanfate. Abdu Al-Muxxalib Makkaah kheesatti guddate, bakka gahe. Muxxalib bin Abdi Manaaf Adeerri Isaa Makkaarraa naggadaaf akkuma baheen karaatti du'e. Abdu Al-Muxxalib Aangoo maatii Isaa "As-Siqayaa" warra Hajjii bishaan obaasuu fii "Ar-Rifaadaa" Warra Hajjiif dhufaan nyaata nyaachisuu fudhate.

- Jireenya Abdu Al-Muxxalib kheesatti waan argamerra:

Jireenya Abdu Al-Muxxalib kheesatti waan lama gurguddootu argame: Bishaan Zamzam qootuu fii duula Abrahaan Habashaa Arbaan gama Makkaah duule.

- Dubbiin Bishaan Zamzam qootuu sun gabaabdumatti akkana:

Abdu Al-Muxxalib Manaabaan bakka Zamzam jirtuu fii akka qotu sagalee itti himtu dhagahe. Ka'ee Qootutti seene. Ilma tokkicha Al-Haaris malee hin qabu ture. Hoggaa qotee bishaan bahe Qureeyshiin Isaan falamte, Bishaan kanarratti waliin Abbaa taana malee kophaa kee itti hin mootu ja'anii itti jajjabeysan. Hogga san osoon ilmaan hedduu qabaadhe silaa narraa dhorganii, ilmaan dhaba kiyyaatu kana na mude jechuun: "Yoo Rabbiin ilmaan kudhan naaf kenne tokko Ka'abaa birattin gorra'ee galata galcha jechuun silata/qodhaa godhe."

Rabbiin ilmaan kudhanan ni kenneef. Kudhanan kheesaa tokko qaluuf Ixaa buuse, ixaan Abdullaah Abbaa Rasuulaa sallallaahu Aleeyhi wasallam irra bu'e.

Abdu Al-Muxxalib ilma Isaa Abdullaahi qaluuf gadiin bahe. Qureeyshiin Aadaa hamtuu karaa nutti hin godhin ja'anii Isa dhorgan. Falfaltuu ykn raayduu bira dhaqanii Qodhaa Isaatiif maal godhuu akka qabu gaafatan. Raayduun Abdullaahi fii Gaala 10 jidduu ixaa buusaa yoo Gaala irra bu'e Gaala qalaa, yoo Abdullaahi irra bu'e Gaala 10 dabalaa ixaa itti buusaa. Haala saniin ixaa Gaala 10 fii Abdullaah jiddutti darban, Ixaan Abdullaahi irra bu'e. Itti deebi'anii darban, Abdullaahi irra bu'e, hoggaa Gaala 100 gahe Gaalarra bu'ee akkasitti Gaala 100 qaluun Abdullaahi hafe.

Lu'lu'u Al-Maknuun: 1/47

Guyyaa Isniinaa 12, Rabi’ul Awwal bara Arbaa⁸ Aaminaan ilma Isii Adunyaaf ifaa fii Rahmata tahe Nabiiyyii Sallallaahu aleeyhi Wasallaam deeyse.

Dhalatee guyyaa 7ffaa hoggaa gahu Akaakoon Isaa Abdu Al-Muxxalib Absumaa irraa godhu (Isa kitaaane), Maqaadhas Muhammad jechuun Isa moggaase Sallallaahu Aleeyhi Wasallam.

Haati Isaa Aaminaan guyyaa 3 Isa hoosiste, egas Suweeybaa gabrittii adeera isaa tan Abuu Lahabtu Isa hoosise.

Suweeybaan⁹ Isa Sallallaahu Aleeyhi wasallam dura Hamza bin Abdulmuxxalib, Abuu Salamaa bin Abdu Al-Asad hoosiiste turte.

Egasii Haliimah As-Sa’diyyaan ilmaan isii wajjiin Isa Sallallahu Aleeyhi wasallam hosiiste.

Ilmaaan Isiidhaa:

Abdullahi

Sheymaa’a

Aniisaa

Warra Isa wajjiin hodhe hoggaa lakkooyne, Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Obboleeyyan 7 khan wajjiin harma luuge/hodhe qaba.

Isaanis:

1. Hamzaah bin Abdu Al-Muxxalib Adeera Rasuulaa sallallaahu Aleeyhi Wasallam.
2. Abuu Salamaah Abdullaahi bin Abdu Al-Asad Al-

⁸ . Bara Arbaa jechuun wanni itti fedhame: gaafa Abrahaan Ka’abaa jiysuuf Araba fudhate gama Makkaah duule. Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam eega Abrahan Ka’abatti duule booda amata san kheeysa dhalate.

⁹ . Suweeybaan Aanan ilma Isii kan Masruuh hosisaa turte irraahi Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam hosiiste. Shari’aa Islaamaa kheeysatti namni harma tokko wajjiin hodhe obboleeyyan taha, akkuma obboleeyyan wajjiin dhalateeti.

Makhzuumii

3. Abuu Sufiyaan bin Al-Haaris (Ilma Adeera Nabiyyii
sallallaahu aleeyhi wasallam).
4. Masruuh (Ilma Suweeybaa)
5. Abdullaah
6. Al-Sheymaa'i
7. Aniisaa

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallaam Obboleeyyan wajji dhalate kan gama Abbaa tahee, kan gama haadhaatis hin qabu.

Rasuula Sallallaahu Aleeyhi Wasallam qoomni Isaa jalqaba kan dhoofame Halimaa As-Sa'adiyaa bira osoo jiruuti. Jibriil Qooma Isaa baqeeysee onnee Isaa Zamzamin dhiqe.

Egas Jibriil qooma isaa walitti cufe. Duyda Rasuulaa Sallallaahu Aleeyhi Wasallam irratti Mallattoo Khaatama An-Nabiyyi (xumura Nabiyyummaa) irratti dhawe.

Egas Sheeyxaanni Isarratti karaa dhabe. Akkasitti Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam jechaa fii dalagaan Isaa tiyyfamaa taate.

Khaatima An-Nabawiin Foon dabalataa duyda Rasuulaa Sallallaahu Aleeyhi wasallam jhaa onnee isaatin jiru hoggaa tahu, Killee Handariitti qixxaata.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam amata lama Halima As-Sa'adiyaah biratti eega hoosifame booda gama haadha Isaa Aaminaatti deeffame.

Aaminaan umriin Isaa waggaa 6 hoggaa tahu irraa duute. Abdu Al-Muxxalib eega haati Isaa duute Isa guddisuuf if qabe.

Akaakoon Isaa Abdu Al-Muxxalib umriin Rasuulaa Sallallaahu Aleeyhi wasallam waggaa 8 hoggaa gahe ni du'e. Abuu Xaalib

Adeerri Isaa ega Akaakoon Isaa du'e booda isa guddisuu eegale.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Re'ee tiysee ture.¹⁰

Harba Al-Fijaar¹¹ lola ja'amu Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam dhaqeti jira.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Hilfa Al-Fuduul¹² irrattis argamee jira. Hilfa Al-fuduul miidhamaa Makkaa kheesatti gargaaruuf waligaltee gaafa Jaahiliyyaa godhamte.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam amata 25tti nagadda Khadiijaatiif gama Shaam gabricha Khadijaa Meesaraa wajjiin

¹⁰ . Gaafa Abuu Xaalib bira ture Adeerri Isaa harka qalleysa waan tureef, Re'ee Tiisuun mindaa argatuun gargaaraa ture.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: "Rabbiin Nabiiyii tokkollee waa hin ergine re'ee khan tiysee tahu malee" je'e. Sahaaboonni: "Atilleen (re'ee tiisitee)?" jechuun gaafatan. Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam: "Ee, mindaa (dinara ykn dirhama irraa taheen) warra Makkaatiif tiisaatin ture." Jechuun deebiseef. Sahiiha Bukhaari: 2262.

¹¹ . Harba Al-Fijaar lola Qureeyshii fii Qeeyis jiddutti godhame. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam gaafa san Umriin Isaa amata 15 ture. Adeerran Isaatiif Xiyya kurfeysaa ture, akka darbataniif. Lolli suni baatii kabajamtuu lolli isii kheesatti dhorgaa kheesatti waan argamteef akkasitti moggaasan.

¹² . Hilfa Al-Fuduul wa'ada ykn kakuu nama miidhame gargaaruuf gosa Qureeyshii irraa Banii Haashim, Banii Zuhraa fii Banii Teeym bin Murraah mana Abdullaah bin Jad'aan kheesatti wal gahanii maqaa Rabbiitiin waliif wa'ada galan. Nama miidhameef gargaarsa tahuu fii nama miidhaa dalageraa miidhamaaf kafaluuf waliif galan.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam wa'ad sanirratti argamee jira. Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi: "Dhugumti mana Abdullaahi bin Jad'aan kheesatti wa'ada godhamerratti argameetin jira, Osoo Islaamummaa kheesattillee gama wa'ada saniitti yaamame silaa nin qeebala." Je'e.

bahe.¹³

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam san booda Khadijaa fuudhe.¹⁴ Gaafa Isii fuudhu Umriin Isaa Sallallaahu Aleeyhi Wasallam amata 25, umriin Khadijaa amata 40 ture.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Khadijaa irraa ilmaan argate.¹⁵

¹³ . Khadiijaan haadha qabeenyaa kabajamtuu turte. Qabeenya Isii irratti nama qaxartee hojjachiifti. Waa’ee Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam haalaa fii amala isaa babbareedaa kan akka: dhugaa dubbachuu fii amaanaa jabeesuu Isaa hoggaa dhageeyse nama itti ergitee yaamte, Qabeenya isiitin daldalaaf gama Shaam akka bahuu fii Isiin ammoo warra biraatiif waan kafaltuu ol dacha gootee akka kafaltuuf itti himte. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam irraa qeebale.

Akkasitti Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam gabricha Khadijaa “Meesaraa” wajjiin qabeenya isiitiin daldalanii tiffii fiduuf gama Shaam bahan.

Lu’lu’u Al-Makanuun: 1/118

¹⁴ . Khadiijaan haalaa fii amala Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam dhugaa dubbachuu fii amaanaa jabeesuu ni mirkaneeyfatte. Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam heerumuuf fedhii akka qabdu waahila Isii Nafiisaa bint Munayyaa ja’amtutti himte. Nafiisaan Nabiyyii sallallaahu Aleeyhi wasallam bira ddheeyxee akka Khadijaa fuudhu gaafatte. Nabiyyiin Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Khadijaa Jaalatee fuudhaaf adeerran Isaatti himee, akkasitti wal fuudhan.

Lu’lu’u Al-Maknuun: 1/122

¹⁵ . Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam ilmaan hunda Khadijaa irraa argate, Ibraahim malee, Inni khan Maariyaa Al-Qiphiyyaati.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Khadiijaan irraa ilma duraa Qaasim argate. Qaasimiin Kabajanii “Abu Al-Qaasim” Abbaa Qaasim jechuun Isa yaaman. Ilmaan Khadijarraa argate hundi Nabiyyummaa dura dhalatan Abdullaahi malee, Inni Xaahir fii Xayyib jechuunis ni moggaafama waan Islaamummaa kheeyssatti dhalateefi akkasitti yaamame.

Ilmaan Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam khan dhiiraa hundi daa’imummaatti dhuman, Dubartoonni ammoo hundi Islaama dhaqqabanii, Islaamawanii, hanga heerumanitti jiraatanii du’an. Ilmaan Isaa kan dubartii hundi Osoo Rasuulli

Isaanis:

1. Al-Qaasim
2. Zeeynab
3. Ruqiyaah
4. Ummu Kulsoom
5. Faaximaah
6. Abdullaahi

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam gaafa Qureeyshiin Ka’aba Haaroomsitu wajjiin itti hirmaatee jira. Umriin Isaa gaafa sanitti amata 35.¹⁶

sallallaahu aleeyhi wasallam lubbuun jiru du’an, Faaximaa malee Isiin baatii 6 Isa booda turtee duute.

¹⁶. Ka’abaan mana Rabbii kan dura Ibaadaaf lafa kheesatti Ijaarame.

Rabbiin ol tahe akkana je’e:

إِنَّ أَوَّلَ بَيْتٍ وُضِعَ لِلنَّاسِ لَلَّذِي بِبَكَّةَ مُبَارَكًا وَهُدًى لِّلْعَالَمِينَ

“Manni dura ilmaan namaatiif (Ibaadaaf jecha) jaarame Isa Makkaah jiru sani.

Mana Barakaa fii Qajeellooti Aalamaaf”

Al-Imraan: 96

Qureeyshiin Ka’abaa haaroomsuuf wanni Isii kaase, Makkaatti Roobni jabaan roobee Ka’baa seenee jiysutti dhihaate. Saniif wal gahanii haaroomsuuf murteeyan. Hoggaa haaroomsuuf itti ka’an jalqabuu sodaatan, Wanni Sodaataniif Ka’abaa haalaan kabajaa turan, Ammas wanni daran isaan sodaachise, warri zamana sanii irra hedduun waan Rabbiin waraana Abrahaa godhe arganii jiran.

Haala sodaa san kheeyso osoo jiran Waliid bin Al-Mughiiraah Al-Makhzuumiin: “Isii jiysitanii haaroomsuu kanaan tolchuu moo balleeysoo feetan?” jechuun gaafate. “Tolchuu feena” ja’aniin. Waliid: “Rabbiin warra tolchu hin balleeyso” jechuun Madooshaa fudhatee jiiysuutti seene. Waliid Isaan dura jalqabee “Ka’aa na gargaaraa” je’een. “Lakkii, hanga boru ganamaa ni eeyna yoo Waliid balaan tuyxe hin haaroomsinu, akkuma jirtu dhiifna, yoo balaan isa tuquu baatte Rabbiin dalagaa teenya jaalate jechuudhaa jiiysinee haaroomsina.” Ja’an. Waliid akkasitti kophaa jiiysaa olee nagayaan bule, ganama itti aanu hundi wajjiin itti seenan. Nabyiyyin sallallaahu aleeyhi wasallam Adeerran Isaa wajjiin jaarmaya Ka’abaatti hirmaatee jira.

Qureeyshiin osoo Ka'abaa Haaroomsitu Hajar Al-Aswad bakkatti akka deebisuuf Rasuula Sallallaahu Aleeyhi Wasallam irratti waliif galte.¹⁷

Rabbiin Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam fokkina warra Jaahiliyyaa hundarraa isa tiyise. Taabootaaf takkaa hin salaanne, farshoo takkaa hin dhuuynne.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Nabiyummaa dura wanni beekkamuu tureen: Haqa dubbachuu, Amaanaa jabeeysoo, Fira maxxanfachuu, akkasumas haalaa fii amala bareedaa hundaan beekkamaa ture.

¹⁷. Qureeyshiin Ka'abaa osoo jaartu Hajar Al-Aswad bakka itti deebisan bira gahan, hundi gosa teenyaatu deebisuu qaba jechuun wal dura dhaabbatan. Gosti Banii Abdi Ad-Daar fii Banii Adiyi Dhiiga saafaa guutuu fidanii harka kheeysa kaayan, dhiigaan malee akka namni tokkolleen Hajar Al-Aswad hin deebifne walitti dhaadatan. Wal dhaba san booda guyyaa afur ykn shan wanni hundi bakka jirtutti dhaabbatte. Akkasitti osoo jiran Abuu Umayyaa bin Al-Mughiiraan nama umriin hundarra guddaatii yaada araaraa fide. Abuu Umayyaan: "Yaa Jammaata Qureeyshii nama dura masjid hula Banii Sheeybaatiin ol seenu Isin jiddutti akka murteeyso godhaa." Je'een. Sanirratti waliif galanii osoo namuu ija hulaatti dhaabee eegu, Amanamaan Rasuulli Rabbii sallallaahu aleeyhi wasallam nama dura ol seenee tahe. Hoggaa Isa argan: "Amanamaa kana jaalanne, Kuni Muhammad" ja'an.

Hoggaa irratti ol seene waan irratti wal dhaban itti himan. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: "Huccuu as kennaa" je'een. Hoggaa wayaan itti kenname lafa afee Hajar Al-Aswad irra kaayee, San booda: "Gosti hundi moggaa wayaa tanaa qabdee ol haa fuutu." Jedheen. Hoggaa bakka inni itti deeffamuun gahan, Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam harka Isaa kabajamtuun bakka Isaatti deebise. Akkasitti Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam lola guddaa dhiiga gad naquutti dhihaate hayyummaa ajaa'ibaatiin jidduu fuudhe.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa amata 40 gahe, amalli Nabiyyummaa irraa mul'atuu jalqabe.

Mallattoolee Nabiyyummaa tan irraa Mul'ataa turerraa: Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam manaabaa dhugaa arguu, Kophaa bahuu, Dhagaa fii Mukni Isarratti salaammatuu eegale.¹⁸

Nabiyyummaa irraa hanga Hijiraa.

Umriin Isaa Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Amata 40 hoggaa guute, Wahyiin duraa irratti buute. Suuraan Iqraa'i Osoo Inni gaara Hiraa jiru Qur'aanarraa yeroo duratiif irratti buute.¹⁹

¹⁸ . Wahyiin itti bu'uun duratti Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam mallattoon Nabiyyummaa irraa mul'aatuu jalqabde. Mallattoolee sanirraa:

- Manaabni Inni argu hundi dhugaatti mul'atuu jalqabe.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam wahyiin dura kan Isa jalqabde Manaabaani ture. Manaaba Isaa hunda Zaahiraan arguu jalqabe. Haala sanirra baatii 6 eega ture booda wahyiin duraa gama Jibriilin itti dhufte.

- Kophaa bahuutu Isa jaalachiisuu jalqabe.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam gaara Hiraatti kophaa bahee Rabbi Isaa gabbaraa ture. Hoggaa gama Gaara Hiraatti bahu sinqii halkan hedduuf isaaf geeysu fudhatee baha. Kophaa bahee uumaa Rabbii gad lallaaluun dabarsa.

- Dhagaa fii Mukhni Isarratti Salaammatu jalqabe.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi waallam: "Osoo ani hin ergamin Dhagaa Makkaatti narratti salaammataa ture nin beekha." Je'e.

Sahiiha Muslim

- Ifa Malaaykaa arguu fii Sagalee dhagahaa ture.

Lu'lu'u Al-Maknuun: 1/162-167

¹⁹ . Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi aleeyhi wasallam amata 40 hoggaa guute, akkuma san dura gaara Hiraatti kophaa bahaa ture, gama Gaara Hiraa bahe.

Baatii Ramadaanaa kheeyisa ajaja Rabbiitiin Jibril itti dhufe. Rahmata Alamaa Nabiyyii tahe ergame.

Wahyiin dura kan irratti buute Guyyaa Isiniinaa Ramadaana 17.

Eega Suuraan Iqraa'i (Al-Alaq) irratti buute booda, Wahyiin guyyoota muraasaaf addaan citte.²⁰

San booda Suuraa Al-Muddasir-tu irratti bu'e. Ega wahyiin citte Suuraan dura buute Al-Muddasir.²¹

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam guyyaa Isiniinaa Maaliif akka soomanu gaafatamna: "Isa kheesattin dhaladhe, Isa kheesatti (Qur'aanni) narratti buufame." Je'e.

Sahiiha Muslim: 1162

Qur'aana irraa wanni dura irratti buufame, Suuraa Al-Alaq (Iqra'a) irraa aayaata shanan gama duraati.

Lu'lu'u Al-Maknuun: 1/168

20 . Wahyiin Iqraa' booda adda dhaabbattee turte. Hangamiif adda citte? Kan ja'u irratti dubbiin sahihaa guyyoota muraasa qofaaf citte. Ammoo oduun beekkamtuu taate tan amata lamaa fii walakkaa ykn amata sadii wahyiin Iqraa'a booda adda citte jettu, sahihaa miti. Wanni haqaa kan qalbiin itti nama quuftu guyyoota muraasa qofaaf adda citte kan je'u sani.

Lu'lu'u Al-Maknuun: 1/176

21 . Suuraan Al-Muddasir Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam Da'waa godhuutti ajajuun buute. Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa wayhiin guyyoota muraasaaf addaan dhaabbatte Gaara Hiraatti daddeebi'uun kophaa bahee wahyii biraa ifirratti eeguu fii khajeeluu ture. Gaafa tokko osoo Gaara Hiiraati gad bu'aa jiru, Sagalee samii kheesaa dhagaye, hoggaa laalu Jibriil haala Rabbiin irratti isa uumerratti arge. Waan Ajaa'ibaa dinqii san arge rifatee gama Haadha Mu'mintootaa Khadiijaatti deebi'uun: "Na hagoogaa, na mammaraa" je'een. Rabbiin ol tahe Al-Muddasir irratti buuse.

يَا أَيُّهَا الْمُدَّثِّرُ (1) فَمَنْ نَنْذِرْ (2) وَرَبِّكَ فَكَبِّرْ (3) وَتِلْكَ آيَاتُ الْفُطُورِ (4) وَالرُّجْزَ فَاهْجُرْ (5)

"Yaa Mammaraataa (kan huccuu ifitti mare). Ka'ii Dinniini. Rabbii kee Guddisi. Wayaa tee qulqulleysi. Taaboota lakkisi (irraa Qulqullaawi).

Al-Muddasir: 1-5.

Aayaanni sun Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam Ilmaan namaa hamtuu irraa dinniini, Ibiddarraa gama Jannataa yaami, karaa nagaya isaan baasutti yaami jechuun ajaja jabaan itti dhufe.

Da'waan ykn Yaamichi Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam godhaa ture haala yeroo inni kheeyisa dabreen hoggaa laalle, bakka lamatti qoodamti:

1- Da'waa Makkiyyaah Yaamicha gaafa Makkaah jiruuti, Yaamichi gaafa Makkaah jiru godhe, amata 13 fudhatte.

2- Da'waa Madaniyyaah Yaamicha eega Madiinaatti Hijiraa godheeti, Amata 10 fudhatte.

• Da'waan ykn Yaamichi Makkaah bakka lamatti qoodamti:

1- Da'waa iccitii (dhooyisaati): Amata sadiihiif da'waan dhooyisaan godhamaa turte.

2- Da'waa mul'attu (Ifa baatuu): Afaaniin ilmaan namaatti dirree baasuun da'waa godhamaa turte. Amata 4ffaa Nabiyyummaa irraa hanga Hijiraatti da'waa godhamte.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam gama Rabbii Dhooyisaan nama yaamuu jalqabe, Akkasitti maatii Isaatirraa: Khadijaa²², ilmaan Isaa kan dubraa²³, Aliyyi fii Zeeyd bin Haarisaa Islaamawan.

Eegas Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam namoota amanu kan maatii isarraa hin tahir dhooyisaan yaamuu eegale. Akkasitti Abuu

Aayaanni sun ka'ii dhaabbadhu eega jettaanii Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam amata 20 oliif ilmaan namaa gama haqaatti yaamurraa taa'ee hin beekhu.

Lu'lu'u Al-Maknuun: 1/178.

²² . Ilmaan namaatirraa namni dura Nabiyyiiti sallallaahu aleeyhi wasallam amane Khadijaa bin Khuweeylid.

Ibnu Al-Asiir akki je'u: "Ilmaan namaatirraa namni dura Islaamawe khadijaa tahuu Muslimoonni irratti waliif galanii jiran (Ijmaa'a). Dhiiras tahee, dubartiin takkalleen Isii dura hin amanne"

Lu'lu'u Al-Maknuun: 1/192

²³ . Ilmaan Isaa kan dhalaa hundi Islaamummaa qeebalanii Islaamummaa iratti du'an, ilmaan dhiiraa hundi jollummaatti du'an.

Bakr As-Siddiq Islaamawe.²⁴

San booda Namni Waa’ee Yaamicha/da’waa Rasuulaa Sallallaahu aleeysi wasallam dhagayuu jalqaban.

Hiyyeeyyii fii Miskiinoonni Islaama seenuu jalqaban. Da’waan dhoosaa amata 3 haala saniin itti fufte. Namoonni dura Islaama qeebalan muraasni gaafa san amanan.

Eegas Rabbiin da’waa dirree baasee yaamutti Rasuula sallallaahu aleeysi wasallam ajajee wahyii irratti buuse.

Rabbiin ol tahe ni je’een:

فَاصْدَعْ بِمَا تُؤْمَرُ وَأَعْرِضْ عَنِ الْمُشْرِكِينَ

“Dhoosi (Dirree baasii himi) waa’ itti ajajamte, Mushrikoota irraa gargali.”

Al-Hijr: 94

Aayaanni dhoosii himi jettu itti buunaan, Rasuulli sallallaahu aleeysi wasallam Gaara Safaa ol bahee, dirree baasee da’waa Qureeyshitti dhoose.

Ergamaa Rabbii khan Aalama hundaaf ergame tahuu Isaa Qureeyshitti sagalee ol fuudhee hime.

Qureeyshiin yaamicha Rasuulaa sallallaahu aleeysi wasallam kan dirree baheef tarkaanfin dura fudhatan, Maanguddoo Adeera Isaa Abuu Xaalibitti erganii akka Rasuula sallallaahu aleeysi wasallam

²⁴ . Abuu Bakri As-Siddiq nama guddaa dhiirarraa Islaamummaa Isaatu dura qeebale. Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam eega dhugoomsa booda gama Islaamummaatti nama yaamuun Sahaaboota gurguddoon akka Islaama seenan Sababaa tahee jira.

Warra Harka Abuu Bakri irratti Islaamummaa qeebalan: Usmaan bin Affaan, Az-Zubeeyr bin Al-Awwaam, Abdurahmaan bin Owfi, Sa’ad bin Abii Waqqaas, Xalhaa bin Ubeeydillaah.

da'waa itti nama yaamurraa dhorguuf gaafatan.²⁵

Tarkaanfiin Qureeyshii tan gama Adeeraa Isaa Abuu Xaalibiin Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam da'waa irraa dhaabsisuuf yaalan hin milkooyne.

San booda Waliid bin Al-Mughiiraah Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam akka dubbisuuf itti ergan.

Waliid bin Al-Mughiiraah Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam bira dhufee isaan wal dubbate. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Qur'aana irratti qara'e, Waliid Qur'aanarraa waan dhagayeen qalbiin Isaa hedduu laafte, dhugaa tahuu hubatte.

Waliid Qureeyshitti deebi'ee Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam jala akka deeman ykn akka yaamicha isaatii fii ilmaan namaa walitti dhiisan isaan gaafate.

Qureeyshiin dubbii Waliid bin Mughiiraa akka malee harkatti dhawan. Waliid eegasii Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Falfalaadha (nama falfala ykn siihrii namatti godhu) jechuun kijibaan darbate.

²⁵ . Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam da'waa dirree baasee nama yaamuu itti fufe. Da'waa Isaa kheesatti Taaboota Qureeyshiin gabbartu nu jalaa tuqe jechuun Qureeyshiin dallante. Diminnaan Qureeyshii wal gahanii gama Abuu Xaalib dhaqan. Isaanis: Utbaah bin Rabii'aa, Sheeybaa bin Rabii'aa, Abuu Al-Bakhtar, Abuu Jahl Amr bin Hishaam, Nubeeyh bin Al-Hajjaaj, Munabbih bin Al-Hajjaaj, Jarri hanga ammaa dubbanne hundi lola Badrii gudditti irratti ajjeefaman.

Warri biraa kan akka: Al-Waliid bin Al-Mughiiraa, Al-Aas bin Waa'il (jarri lamaan Badri dura du'an), Abuu Suufiyaan bin Harb (Fat'hii Makkaa Islaamawe) Abuu Xaalib bara dhaqe. Abuu Xaalibiin: "Yaa Abuu Xaalib ilmi obboleessa kheetii waan nuti gabbarru arrabsa, amantii teenya ni xiqqeessa, gawwaa nu godha (waan taaboota gabbarreef), abbootii teenya jallinarra turan ja'ani, duuba nurraa dhorgitu dhorgi ykn nu jidduu bahi. Ati waanuma nuti irra jirurra jirta (amantiin teenya takka)." Ja'aniin. Abuu Xaalib afaan nagayaatiin Isaan deebise.

Eega dhugaan ifa adda Isaaf baate booda kijibuu Isaatiif, Suuraa Al-Muddasir irraa aayaatoonni Waliid bin Al-Mughiiraah Ibidda Jahannamiin gammachiiftu buute.

Rabbiin ol tahe:

ذَرْنِي وَمَنْ خَلَفْتُ وَحِيدًا

“Namichan kophaa kiyya uumeen walitti na dhiisi”

Suuraah Al-Muddasir Aayaata 11 hanga 30 waa’ee Waliid kheesatti buute.

Abdullaahi bin Ummi Maktuum (Kan iiji Isaa jaamaa) gaafa duraa warra Makkaatti amanerraahi.²⁶ Booda Madiinaatti inni Bilaal wajjiin Mu’azina Islaamaa tahe.

Tooftaalee Qureeyshiin Da’waa Islaamaa dhaamsuuf fayyadamaa turterraa:

1- Quraana irratti dhara adda addaa odeesuu.

2- Quraana diduu fii faalleesuu.

3- Wal tahii barbaaduu (Nabiyyi sallallaahu aleeyhi wasallam wajjiin hoggaa garii waliigaltee godhanii da’waa akka dhaabu gaafatan).

Qureeyshiin tooftaalee san hundaan fayyadamtee Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam da’waa irraa dhaabuu hin dandeenye.

²⁶ . Abdullaahi bin Ummi Maktuum Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam kan Daminnaan Qureeyshii warra akka Al-Waliid bin Al-Mughiiraa, Utbaa fii Sheeybaa ilmaan Rabii’aa Islaamummaatti yaamaa jiru, wajjiin taa’ee Ibsaafii jiru, kan Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam naaf amanan je’ee khajeelu. Tanuma Jidduun Abdullaahi bin Ummi Maktuum dhufe, Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam irraa gargalee jaratti da’waa godhuu itti fufe. Rabbiin dubbii saniin Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam komatee Aayaata buuse:

عَبَسَ وَتَوَلَّى (1) أَنْ جَاءَهُ الْأَعْمَى

“Fuula guuree garagale, Ballichi Isatti dhufnaan.” Abasa: 1-2

Ballichi Qur’aanni sababaa Isaa bu’e suni Abdullaahi bin Ummi Maktuum.

Tooftaa addaatiin yaaluuf Qureeyshiin mala biraa itti yaadde. Malli sunis:

Nama Islaamummaa qeebale hunda rakkisuu fii adabuudha. Malli Qureeyshiin baafte kun Sahaabootaaf irra guddaa balaa itti tahe.

Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam Rabbiin Adeera Isaa Abuu Xaalibiin Isa tiyise.

Sahaaboota kheeysaa Irra miidhamaan balaa Qureeyshii, kan adaba fakkaataa hin qabneen adabame Khabbaab bin Al-Aratt Rabbi irraa haa jaalatu.²⁷

Abuu Bakri As-Siddiiq yeroo balaan akkasitti jabaatte san kheeysatti dalagaa guddoo dalagaa ture. Abuu Bakr As-Siddiiq Gabroottan Adaba Qureeyshiitiin rakkifamaa turan biituudhaan bilisoomsaa ture.²⁸

Warra Abuu Bakri adaba Qureeyshii jalaa bitee bilisoomse kheeysaa:

Bilaal bin Rabaah

Aamir bin Fuheeyraah.

Qureeyshiin achitti hin dhaabbanne, ammas tooftaa biraa kan Yaamicha Rasuulaa Sallallaahu aleeyhi wasallam fashalsaniin itti yaadanii baafatan. Sunis Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam hanjamaa itti godhuu fii isa xiqqeysuudha.

²⁷ . Khabbaab bin Al-Aratt Sahaabootaa kheeysaa Harka Qureeyshitti nama haalaan qixaaxame ture. Waan Isarra gahe hoggaa himu: “Gaafa tokko ibidda naaf qabsiisan, eegasii ibidda sanirratti na gubuutti seenan, Namni tokko jara na gubaa jiru san kheeysaa miila Isaatiin Qooma kiyarra na dhaabbatte, Duydi khiyya gama lafaatiin ibidda sanirra jira.” Je’e.

Oduu biraa kheeysatti: Ibidda qabsiisaniif eegasii duyda isaa achirra ciibsan, hanga bishaanii fii moorri qaama Isaa kheeysaa yaa’u ibidda san dhaamsutti.

Lu’lu’u Al-Maknuun: 1/267

²⁸ . Abuu Bakri As-Siddiiq fuula Rabbii barbaada gabroottan Qureeyshiin sababaa Islaamummaa adaban, bitee bilisoomsaa ture.

Namoota Rasuula Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Hanjamaa itti godhuun xiqqeysaa turan kheesaa, matootiin.²⁹

Al-Aswad bin Abd Yaghuus

Al-Aswad bin Al-Muxxalib

fii warra birooti.

Haala saniin Qureeyshiin nama amane hunda rakkisuu itti fufte. Balaan Sahaaboota irra geysu hedduu jabaatte. Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam gama Habashaa Hijiraa akka godhan isaaniif hayyame.

Baatii Rajab, Amata 5ffaa Nabiyyummaa boodaan, Sahaaboonni kabajamoon Dhiira 11 fii dubartoonni 4 gama lafa Habashaatti yeroo duraatiif Hijiraa bahan.³⁰

²⁹ . Qureeyshiin Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam akka Sahaaboota miskina guban sanitti gubuu fii tumuu dadhabnaan hanjamaa itti godhuu fii isa xiqqeysurratti bobbahan. Matootiin warra hanjamaa godhuu: Abuu Lahab Adeera Isaa, Uqbaa bin Abii Mu'ayyix, Al-Hakam bin Abii Al-Aas, Al-Aas bin Waa'il, Abuu Jahl, Al-Waliid bin Mughiiiraa, Al-Aswad bin Abdi Yaghuus, Al-Aswad bin Al-Muxxalib.

Lu'lu'u Al-Maknuun: 280.

³⁰ . Qureeyshiin gara jabeenyaan Muslimoota miidhuu itti fufte, firummaa fii aanummaan garaa Isaan hin laaffifne, rifannootaa fii naatoon tokkolleen warra amaneef hin godhamne, Biyya Haadhaa fii Abbaa Isaanii Makkaa kheesatti jiru itti hadheeyisan.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam balaa akka malee Sahaabootatti jabaatte agarraan: "Hanga Rabbiin waan kheeysa jirtan kanarraa furmaata fiduutti, Osoo gama lafa Habashaa baatan, Isii kheeysa mooticha haqaatu jira kan namni tokkolleen Isa biratti hin miidhamne." Je'een. Akkasitti Sahaaboonni gama lafa Habashaa Hijiraa bahuuf dirqaman.

Dhirarraa Sahaaboota 11 warri bahe:

1. Usmaan bin Affaan
2. Abuu Huzeeyfaa bin Utbaa bin Rabii'aa
3. Zubeeyr bin Al-Awwaam
4. Mus'ab bin Umeeyr
5. Abdurahmaan bin Owfi

Namni Hijraaf dura Makkaa kheeysaa gama lafa Habashaa bahe Usmaan bin Affaanii fii Jaartii Isaa Ruqiyyaa intala Rasuulaati Sallallaahu aleeyhi wasallam.

Amiirri (Dura bu'aan) Isaanii Usmaan bin Maz'uun ture.

Ammoo Hadiisarraa waa'ee Hijraa gama Habashaa ilaalchisee: "Usmaan fii Ruqiyyaan eega Luuxii fii Ibraahim Nama dura Hijraa bahe." kan ja'u, Haakim Mustadrak kheeysatti gabaase. Hadiisni Da'iifa.

Baatii Ramadaanaa Nabiiyummaa booda amata 5ffaa kheeysa Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam gama Ka'abaatti gad bahe. Qureeysheen damiinoota Isii wajjiin wal geeysee Masjida Harama jirti. Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam sagalee ol fuudhee Suuraa An-Najm qara'uu jalqabe, hoggaa bakka Sajdaa (sujuuda Qur'aanaa) gahe ni sujuude, guddina aayaatoota dhagahanitiin buutamanii Mushrikootaa fii Muslimoonni bakka san jiran hundi Isa wajjiin sujuuda bu'an.

Mushrikoonni Makkaa Sujuuda bu'uun Warra Habashaatti Hijraaf

-
6. Abuu salamaa bin Abdu Al-Asad
 7. Usmaan bin Maz'uun
 8. Aamir bin Rabii'aa
 9. Abuu Sabaraa bin Abii Ruh'm
 10. Suheeyl bin Beeydaa'a
 11. Abuu Haaxib bin Amr

Dubartoota irraa nama 4 warri bahe:

1. Ruqiyyaa intala Rasuulaa Sallallaahu Aleeyhi Wasallam
2. Sahlaa bint Suheeyl bin Amr Jaartii Abuu Huzeeyfaa bin Utbaa. Lafa Habashaatti ilma Isii Muhammad bin Huzeeyfaa deeyse.
3. Ummu Salamaa bint Abii Umayyaa Jaartii Abuu Salamaa bin Abdi Al-Asad. Lafa Habashaatti intala Isii Zeeynab bint Abuu Salamaa deeyse.
4. Leeylaa bint Abii Hasmaa Jaartii Aamir bin Rabii'aa.

bahan bira gahe. Oduun jijjiramtee warri Makkaa Islaamawan jechuun Isaan dhaqabde. Warri lafa Habashaatti Hijiraa bahe baatii Shawwaal Nabiyyummaa booda amata 5ffaa kheeyisa gama Makkaah deebi'an.³¹

Yeroo balaan Muslimootarra gahaa turte akka malee jajjabaatte san kheeyisatti, Hamzaa bin Abdu Al-Muxxalib Rabbi irraa haa jaalatuu Islaamummaa qeebale.

Isa boodaan Umar bin Al-Khaxxaab Rabbi irraa haa jaalatuu ni Islaamawe. Islaamawuu Isaan lamaaniiitiin Islaamni daran jabaatte.

Akkaataan Umar itti Islaamawe sanadaan hin sabanne.

Qissaan beekkamtuun “obboleeytii Isaa kabalee, San booda Qur’aana qara’ee....” jettuu san Ibnu Is’haaq sanada malee baase.

Qureeyshiin ammas tooftaa haarawa baafachuun Nabiyyii Sallallaahu aleeyhi wasallam bira dhufte. Malli haarawni baafatan: Qabeenya guddaa, Dubarti ati feete fii Mootii si goona jechuun sossobuuf yaalan, akka inni saniif jecha yaamicha gama Islaamaa godhurraa dhaabbatuuf.

Qureeyshiin Utbaah bin Rabi’aa Rasuula Sallallaahu Aleeyhi wasallam bira dhaqee, yaada Isaanii Isarra akka fiduu fii Isa sossobuuf itti ergan.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam dubbii isaanii guutumaan guututti jalaa dide.³²

³¹ . Garuu hoggaa lafa Habashaatii Makkatti deebi’an, Dubbiin tan dur beekhan caala hammaatteeti argan. Balaan Qureeyshiin Muslimoota irratti daleeydu ni dabale malee hin sablanne.

³² . Utbaa bin Rabi’aa Rasuula sallallaahu Aleeyhi wasallam bira dhufee: “Waan dhufte kanaan Yoo Qabeenya feete, walitti siif qabnee irra qabaataa keenya si goona, yoo aangoo feetes damiina keenyaa fii hogganaa keenya si goona, Mootummaa feetus mootii keenya si goona, yoo waan sitti dhufu kana firraa oofuu dadhabdes qabeenya keenyaan si wal’aanna.” Jedheen. Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam Suuraa Fussilat irratti qara’e.

San booda Qureeyshiin daran mataa jabaachuun Rasuula Sallallaahu Aleeyhi wasallam Mu'jizaah akka dalagu, Malaaykaa akka isaan agarsiisu fii laggeen akka Isaanii maddisiisuu gaafatan.

Qureeyshiin Nama Islaamawe hunda rakkisuun daangaa dabruu isii itti fufte. Keeyesattuu miskiinoota irratti balaan akka malee jajjabaatte.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Sahaaboota isaa Hijiraa yeroo lammaffaatiif gama Lafa Habashaa akka bahan hayyameef.

Lakkoofsi Sahaaboota yeroo lammaffaa gama Habashaa Hijiraa bahanii Dhiira 84 fii dhalaa 18.

Amiirri Isaanii (dura bu'aan) Ja'far bin Abii Xaalib Rabbi irraa haa jaalatu.

Hijiraan lammaffaa Hijiraa duraa caala jajjabduu turte. Qureeyshiin Muslimoota Hijiraa bahan yoo argan adaba gara jabeenyaan guuttame waan adabaniif, Sahaaboonni Makkaa irraa nagayaan bahuufillee carraa hin qaban ture.

Yeroo lammaffaa Osoo gama Habashaa Hijiraa deeman karaa irratti Khaalid bin Hizaam Jawween idditee karaatti du'e, Rabbi irraa haa jaalatu.³³

Utbaa bin Rabii'aa Qureeyshitti deebi'ee: "Dubbi Isaa dhageefadheettin dhufe, Wallaahi waan akkasii dhagayee hin beekhu, waanin itti deebisus nin wallaale, Dhugumatti suni Walaloo miti, Sihriillee miti, Falfalas miti, Yaa Jammaata Qureeyshii! Takkattii tana qofa na dhagayaa, Isaa fii waan inni itti nama yaamu jidduu bahaa, irraa fagaadhaa, Wallaahi dubbiin Isarraa dhagaye saniif oduu guddootu tahuuf jiraata...." Jedheen.

Garuu Qureeyshiin: "Dubbi Isaatiin Sihrii sitti godhe." Ja'anii dubbii Utbaa bin Rabii'aa harkatti dhahan.

Lu'lu'u Al-maknuun: 1/357-359

³³ . Khaalid bin Hizaam Obboleeysa Hakiim bin Hizaam Rabbi Irraa haa jaalatu, warra dura Islaamawe kheeyssaa tokko. Osoo gama lafa Habashaa Hijiraa bahanii

Qureeyshiin faca'insa Islaamaatii fii baballachuu Isaa hoggaa agarte, seera haarawa akkaan miidhaa fii daangaa dabraa tahe tumatte.

Innis:

Banii Haashim fii Banii Al-Muxxalib (Firoota Rasuulaa Sallallaahu aleyhi wasallam kan firummaaf jecha Isa gargaaran) ifirraa muranii qoqqobbi irra kaayyuuf waraqaa katabanii irratti waliigaltan.

Isaan Muruu fii Qoqqobii irra kaayuu jechuun: Isaanitti hin gurguran, irraa hin bitan, Isaan wajjiin hin taa'an, Isaaniin walitti hin laaqqatan (hin makaman), Dubartii Irraa hin fudhan, itti hin kennan, hanga Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam dabarsanii kennaniiti.

Banii Abdu Al-Muxxalib fii Banii Haashim gaara lama jidduutti walitti qabamanii kophaa jiraachuuf dirqaman, bakki sun “Shi’bu Abuu Xaalib” jechuun moggaafamte.

Amata 3 haala saniin namarraa muramanii rakkinaan dabarsan.

Firoota Rasuulaa Sallallaahu aleeyhi wasallam gaara san jiddutti rakkoo fii beelti itti jabaatte. Hanga waan nyaatan dhabanii baala nyaatan gahan.

deeman karaatti Jawween idditee du'e. Warri Hijiraa lamaffaa gama lafa Habashaatti bahe dhiira 84, Kan dhaqe dhiira 83, Khaalid karaatti waan du'eef.

Qureeyshiin Muslimoonni bakka itti dheesani fii bakka nagayaan waaqa Isaanii itti gabbaran argachuun Isaan yaachise. Saniif gama Najjaashii nama jajjabaa ergudhaan akka Muslimoota deebisu tattaafii godhan. Nama lama kan ergama saniin gama Najjaashii dhaqe. Isaanis: Amr bin Al-Aas fii Abdullaahi bin Abii Rabi'aati.

Yaadni Isaanii galma hin geenye. Najjaashiin Muslimoota dabarsee kennuu dide. Booda Najjaashiin Mootichi lafa Habashaa Ja'far bin Abii Xaalib harkatti Islaamummaa fudhate. Garuu Islaamawu Isaa ummatarraa dhoysaa ture.

Yeroo firoonni Rasuulaa Sallallaahu aleeyhi wasallam warra Makkaarraa qoqqopheen muramanii jiran san kheeysatti, Beekhaan ummata Islaamaa Abdullaahi bin Abbaas dhalate. Abdullaahi bin Abbaas Rabbi irraa haa jaalatu “Shi’bu Abii Xaalib” keeysatti dhalate.

Firoonni Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam haala san kheeysa osoo jiran, Namoonni Muraasni Qureeyshii irraa tahan, kan haala jireenya firoota Rasuulaa Sallallaahu aleeyhi wasallam arganii rifatan, Ka’abaa kheeysaa waraqaa walii galtee qoqqobbii san baasanii ciran.³⁴

Adeerri Rasuulaa Sallallaahu aleeyhi wasallam Abuu Xaalib eega qoqqophee san kheeysaa bahan booda du’e.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Adeerri Isaa Abuu Xaalib jecha Towhiidaa “LAA ILAAHA ILLA ALLAAHU” akka ja’uuf osoo Inni sakaraata kheeysa jiru kadhateenii ture, Garuu Rabbiin Isaaf hin qoonne, Osoo hin ja’in du’e.

Abuu Xaalib Kaafirummaa irratti du’e. Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Adeera Isaatiif hedduu gadde.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam adeerri Isaa hoggaa du’e akkana je’e: “Rabbirraa araarama siifin kadhada waanin irraa hin

³⁴ . Namoonni Waraqaa qoqqobbii Qureeyshiin murteeysite san ciruuf muratanii itti ka’an nama shani. Hundi Isaanii kaafira gargaarsa namummaa godhuuf ka’an, Hangafni jara shanan sanii Hishaam bin Amr bin Rabi’aati. Isaatu jara hafan afran kakkaase.

Afran hafan: Zuheeyr bin Abii Umayyaa Al-Makhzuumii, Al-Mux’im bin Adiiyyi, Abuu Al-Bakhtariyyi bin Hishaam, Zam’aa bin Al-Aswad.

Jarri shanan suni halkan walitti dhufanii xalayaa qoqqobbii Qureeyshiin katabdee Ka’abaa kheeysa kaayatte ciruuf murteeyfatan. Murtii Isaanii hojitti jijjiranii waraqaa san ciran.

dhorgaminiin”

Rabbiin Suuraa At-Towbaa kheesatti Rasuulaa fii Muslimoota warra kufrii irratti (odoo hin amaniin) du’aniif araarama akka hin kadhanne dhorgee jira, osoo hanga fedhe namni suni aanaa tahes. Rabbiin ol tahe akkana je’e:

مَا كَانَ لِلنَّبِيِّ وَالَّذِينَ آمَنُوا أَنْ يَسْتَغْفِرُوا لِلْمُشْرِكِينَ وَلَوْ كَانُوا أُولِي قُرْبَىٰ
مِنْ بَعْدِ مَا تَبَيَّنَ لَهُمْ أَنَّهُمْ أَصْحَابُ الْجَحِيمِ

“Nabiyyii fii warri amane mushrikootaaf araarama kadhachuun hin barbaadamu (waan Isaaniin maluu miti), osoo fira aanaa tahanis, eega Isaan warra (Ibidda) Jahiim tahuu beekanii (Isaaniif kadhachuu hin qaban)”

Suuraa At-Towbaa: 113

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam waa’ee Abuu Xaalib irraa gaafatamee akki je’e: “Warra ibidda kheesatti adabamurraa irra sablaan (laafaan) gama adabaatii Abuu Xaalibi, kophee ibiddaatu Isatti kaayama saniif jecha sammuu Isaa danfa.”

Muslimtu gabaase.

Khadiijaa bint Khuweeylid Rabbi irraa haa jaalatuu, Abuu Xaalib booda guyyoota muraasa turtee duute. Qabrii warra Makkaah <Hajuun> tan ja’amtutti awwalamte.³⁵

³⁵ . Khadiijaan Rasuulaaf sallallaahu aleeyhi wasallam niitii qofa hin turre. Isatti amante, rakkoo gurguddoo hedduu kheesatti wajjiin obsite, waan hunda kheesatti gargaarsa taaateef. Khadiijaan Qananii Rabbiin Nabiyyii irratti tola olerraahi.

Akka Bukhaariin gabaasetti Khadiijaan Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Hijiraa gama Madiinaa godhuun dura amata sadii duute.

Akkas jechuun Hijiraan dura amata sadii, Nabiyyummaa booda amata 10ffaa kheesatti duute. Garuu guyyaa fii baatii Isiin kheesatti duute irratti wal dhabbiitu jira. Eega Abuu Xaalib du’e guyyaa sadii ykn baatii ykn baatii lama turtee duute ja’an.

Salaanni Janaazaa gaafa Isiin duute Shari’aan karaa hin goone.

Sadarkaa Khadiijaa irraa Jibriil Rasuulaan Sallallaahu aleeyhi wasallam akki je’een: “Khadiijaa mana Jannata kheepsaa faayamaa taheen gammachiisi, kan Isa kheeyya Iyyeensa fii dadhabuun hin jirre.”

Bukhaarii fii Muslimtu baase.

Sadarkaa Khadiijaa irraa, Jibriil Rasuulaan Sallallaahu aleeyhi wasallam akki je’e: “Kunoo Isiin Khadiijaadha, sitti dhufaa jirti, hoggaa sitti dhufte Rabbii fii Anarraa Salaamta irratti qara’i.”

Bukhaarii fi Muslim

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Adeera fii Jaartii Isaa wal faana du’aan dhabuun Isa gaddisiise jira.

Garuu Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam amata san “Aamal Huzn” amata gaddaa jechuun moggaase oduun jattu hin sabanne.

Khadiijaa Rabbi irraa haa jaalatuu eega Isiin duute booda, Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam A’ishaa Nikaah hidhate. Eega Khadiijaan duute namni dura Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Nikaah hidhate A’ishaadha.

Nikaah A’ishaa boodaan, Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Sowdaa bint Zam’aa Rabbi isiirraa haa jaalatuu Nikaah hidhatee fuudhe. Eega Khadiijaan duute namni dura Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam itti seene (wajjiin jiraate) Sowdaa bint Zam’aati.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam amata sadiif Sowdaa malee

Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam wajjiin amata 25 turan, Gaafa duutu umriin Isii Rabbi irraa haa jaalatuu amata 65, Umriin Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam 50 ture.

dubartii biraatti hin seenne. Sowdaan amata 3 Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam kophaa wajjiin jiraatte. Sowdaan nama ajaja Rasuulaa Sallallaahu aleeyhi wasallam akkaan fudhatuu fii itti dalagu turte.

Qureeyshiin eega adeerri Rasuulaa Sallallaahu aleeyhi wasallam Abuu Xaalib du'e, Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam akka malee itti jajjabeysite. Hanga gawwooleen hamtuun Isa tuquuf jaynooman gahe. Abuu Xaalib gaafa lubbuun jiru namni tokko hamtuun Isa tuquuf kan jaynoomu hin jiru ture.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam akkana je'e: "Qureeyshiin hanga Abuu Xaalib du'utti waanin ani jibbu narratti hin daleeyne." Beeyhaqiin Dalaa'ilu An-Nubuwwaah kheeyssatti odeeyse, Sanadni Isaa Sahiha.

Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam Osoo sujuuda irra jiru, Hobbaatii gaalaa fidanii hanga irra kaayan gahan. Uqba bin Abii Mu'ayyix Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam osoo Sujuudarra jiru moorma Isaa irra ijgate.

Abuu Jahl Abaarsi Rabbii irratti haa jiraattuu Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam osoo sujuudarra jiru Miilaan mormarra ijgatee hudhuuf dhaaddate ture, Garuu hin dandeenye. Rabbiin Nabiyyii Isaa sallallaahu aleeyhi wasallam ni tiyise.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam akkana ja'an: "Dhugumatti Rabbiif jecha rakkoo namni tokko hin arginin arge, hanga namni tokkolleen Rabbii jecha hin sodaachifamin ani sodaachifame." Ibnu Maajah Hadiisa kana baase.

Abuu Bakr As-Siddiiq Sababaa balaan Makkaah keeysatti haalaan jabaatteef, gama Habashaa hijiraa godhuuf Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam hayyama gaafate. Rasuulli sallallaahu aleeyhi

wasallam ni hayyameef.

Abuu Bakri As-Siddiiq Makkaah bahee gama lafa Habashaa deemutti seene. Hoggaa bakka Birak Al-Ghimaam ja'amtu gahu, Abuu Bakri namichi Ibnu Ad-Dughinnaah ja'amuun wal qunname.

Ibnu Dughinnaan Damiina Gosa Al-Qaarrati, Abuu Bakriif Waasii akka tahu itti hime. Deebi'ii Rabbii kee Makkatti gabbarri je'een. Qureeysheen Ibnu Dughinnaa irraa wasummaa Isaa qeebaltee Isa deebifte.

Abuu Bakr Qur'aana Sagalee ol fuudhee qara'uu jalqabnaan, Qureeysheen Waasummaa Ibnu Dughinnaan Abuu Bakriif fudhate san akka irraa deeffatu gaafatan.

Ibnu Dughinnaan Abuu Bakriin Sagalee gad qabii Qur'aana qara'i ykn waasii siif hin tahu je'een. Abuu Bakri Waasummaa isaa deebiseefii Makkaah keeysa taa'uu itti fufe.

Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa Makkaah keeysatti balaan akka malee itti jajjabaatte, Gama Xaa'if miilaan dhaquuf Makkaah kheeysaa bahe.³⁶ Islaamummaatti Isaan yaamuuf itti dhaqe.

Warri Xaa'if deebiin Isaanii Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam dhagaan darbachuu taate. Kheeysattuu hirpha Isaa kabajamtuu

³⁶ . Xaa'if Makka irraa kiloometira 80 fagaaatti. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam amana gama Xaa'if miilaan deemee miilaan deebi'e. Isa wajjiin Zeeyd bin Haarisaa-tu jira. Nabiyyummaa booda amata 10ffaa Makkaa kheeysatti balaan daangaa itti dabarraan, Amantii Islaamaatti gosa biraa yaamuuf, gargaarsa Isaa akka tahan Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Xaa'if dhaqe.

dhagaan tumanii dhiiga irraa yaasan.³⁷

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Xaa'ifii akka malee gaddaa bahe. Achii bahee hanga Qarna As-Sa'alab gahuutti Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam gaddaa fii yaada kheeysaa hin beeyfanne.

Jibriil nageenyi irratti haa jiraatuu Malaaykaa Gaaraatii wajjiin Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam itti dhufe, Warra Makkaah balleesuu fii Obsuu kheeysaa Isa filachiise. Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Obsuu filate.

³⁷ . Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa Xaa'if gahe, gosa Saqiif irraa daminnan Isiitti dhaqe. Isaanis: Abdu Yaaliil bin Amr, Mas'uud bin Amr, Habiib bin Amr, Sadeenuu obboleeyyani.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Islaamummaatti isaan yaame, akka da'waa irratti Isa gargaaranis gaafateen. Garuu jarri qishnaa itti godhuutti seenan.

Tokko Isaanirraa: "Rabbiin si malee nama ergu ni dhabee?" je'een.

Kaanis itti aansee: "Ani kana booda abdan sin dubbisu." Je'een.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam kheeyrii Isaaniif kajelee irraa dhabnaan: "Eega waan daleeydan kana daleeydani, (Isinitti dhufuu kiyya) naaf dhoosaa" je'een. Dubbiin Suni akka facaatee Qureeyshii bira geysu Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam hin jaalanne. Yoo dhagayan daran itti jeynoomanii sodaate.

Garuu ormi achitti hin dhaabbannee: "bahi ganda kheenyaa" ja'an itti ka'an. Tanattis hin dhaabbannee jolllee fii gabroottan isaanii itti kaasan, jarri gawwaan achi achii walitti qabame Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam arrabsuu eegalan. Achittis irraa hin dhaabbanne karaa gamaa gamanaan tarree galanii dhagaa itti roobsaa ari'uu jalqaban. Hanga miila Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam dhiisans gahan, Zeeyd bin Haarisaa Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam dhagaan akka hin tuyne ifiif dhawamaa qaama Ifiitin Isa tiisa, hanga mataa isaa dhagaan basheeyisan (falaxan) gahan. Haala saniin Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam dhagaan jalaa hin hafne, hanga eeyruu (Iddoo) Utbaa fii Sheeybaa ilmaan Rabi'aa seenutti. Hoggaa eeyruu seene gawwooleen jala fiigaa turan jalaa deebi'an. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Zeeydi wajjiin Muka takka jala gad taa'an. Gabaabdutti Wanni Warri Xaa'if itti dalage kana fakkaata.

Rasuulli sallallaahu Aleeyhi wasallam Makkatti deebi'uuf waasiitti haajame. Mux'im bin Adiyyi akka inni Makkatti deebi'u waasii Isaaf taheef.³⁸

Israa'i fii Mi'raaj

Haala hamaa akkasii kheeysatti Israa'a fii Al-Mi'raaj Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam kabajuuf, da'waa amata dheeraa boodaan dhuftu.

Rabbiin ol tahe qissaa Israa'i Suurat Al-Israa'i keeysatti ibse, Waa'ee Al-Mi'raaj ammoo Suuraa An-Najm keeysatti dubbate.

Imalli Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Israa'i fii Mi'raaj kheeysatti godhe sun irra guddaa Mu'jiizaa Rabbiin Ergamaa Isaatiif kennerraahi.

- Israa'a jechuun deemsa halkan Makka irraa gama Masjida Al-Aqsaa godhame.
- Mi'raaj jechuun deemsa Al-Aqsaa irraa gama samii torbanii godhame.

Argamiinsi deemsa Israa'i fii Mi'raaji suni halkan tokkotti raawwatte.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Ishaa'ii Makkaah bahee Fajrii

³⁸ . Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Xaa'if irraa Makkatti deebi'uun dura nama waasii Isaaf tahu barbaade. Mu'xim bin Adiyyii hoggaa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam nama itti erge, Waasii Isaaf tahuuf if qabe.

Ganama Rasuulli salallaahu aleyhi wasallam Makkatti deebi'e san Mu'xim bin Adiyyi ilmaan isaa 6 ykn 7 wajjiin seeyfii fannifatani, meeshaa lolaa uffatanii Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa ka'abaan naannawu nama irraa eegutti seenan. Damiinni Qureeyshii Abuu Sufiyaan ni amante moo waasii tahuuf deemta? Je'een. Mux'im bin Adiyyi "waasiin tahaaf" je'een. Abuu Sufiyaan "akkas taatu nama ati waasii taateef hin tuynu, waasummaa tee hin diiynu" je'een.

dura Makkatti deebi'e.

Dhugumatti Mu'jizaa ilmi namaa yaaduu hin dandeenye irraahi taate.

Jibriil Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam itti dhufee Makkaa Mana Isaatii gama Ka'abaa Isa geeyse.

Ka'abaa biratti Jibriil Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam Qooma Isaa dhoosee Qalbii Isaa bishaan Zamzamiin dhiqe, Iimaanaa fii Hikmaa itti guutee cufe.

Eegas Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Jibriil wajjiin "Buraaq" Yaabbate.

Libsuu Ijaa Booda Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Jibriil waliin Masjiida Al-Aqsaatti if arge.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa Jibriil wajjiin Masjiida Al-Aqsaa ol seene waan ajaa'baa arge.

Rabbiin Ambiyootaa fii Rusuloota (Ergamtoota) hunda Isaaf jiraachise, achitti arge.

Lakkoofsi Ambiyaa kuma 123.

Rusuloonni 315.

Lakkooofsi Ambiyootaa fii Rasulootaa Hadiisa Abii Zarrii odeeyse kan Ibnu Hibbaan Sahiiha Isaa keeysatti baase kheeyssatti dhufe.

Hoggaa Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Jibriil waliin Masjiida Al-Aqsaa ol seene Salaataaf ni iqaamame. Jibriil Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam duratti dabarse, akka imaamoota ilmaan namaatiif (Ambiyootaaf) inni Imaama tahuuf jecha.

Sadarkaan sanitti qixxaattu ni jirtii?!! Imaamoota dhala namaa hundaaf Imaama tahe Sallallaahu Aleeyhi wasallam.

Hoggaa Ambiyootaaf Imaama tahee salaata irraa rawwaate, Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Mi'raaj godhutti dabarfame.

Jibriil wajjiin hanga Libsuu ijaatti Samii Duniyaa gahan.

Isaaniif banamee seenan, Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Isii kheeysatti waan ajaa'ibaa arge.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam samii duniyaa kheeysatti Abbaa ilmaan Namaa Adam Aleeyhi salaam arge.
Ammas akkaataa warri qabeenya yataamaa (Ilmaan Abbaan irraa du'e) miidhaa nyaatan itti azzabaman (Adabaman) arge.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Samii duniyaa kheeysatti waan argerraa:

Haala warra nama hamatuu itti azzabamu
Haala warra zinaa dalage itti azzabamu
Haala warra Ribaa (dhala) nyaatu itti azzabamu arge.
Dalagaa akkasii hamtuu hundarraa Rabbi nu haa tiisuu.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam egas gama samii lammaffaa Jibriil waliin ol bahe.
Isii keeysatti Ilmaan haboo Yahyaa ilma Zakariyaa fii Iisaa ilma Maryam Nageenyi Isaan irratti haa jiraatuu arge.

Eegas Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam gama samii 3ffaa Jibriil waliin ol bahe.
Isii keeysatti Yuusuf Aleeyhi salaam arge.
Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam waa'ee Yuusuf irraa akkana je'e: "Inni bareedina irraa cinaa/walakkaa kenname." Akkas jechuun bareedinuma waan ja'amu walakkaa Isaatu qaba.

Eegas Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam gama samii 4ffaa Jibriil waliin ol bahe.
Isii keeysatti Idriis Aleeyhi salaam arge.

Eegas Rasuulli sallallahu aleeyhi wasallam gama samii 5ffaa Jibriil waliin ol bahe.
Isii keeysatti Haarun Aleeyhi salaam arge.

Eegas gama samii 6ffaa Jibriil waliin ol bahe sallallaahu aleeyhi wasallam.

Isii keeysatti Muusaa Aleeyhi salaam arge.

Eegas gama samii 7ffaa Jibriil waliin ol bahe sallallaahu aleeyhi wasallam.

Isii kheeysatti Abbaa Ambiyootaa Ibraahim aleeyhi salaam arge.

Nabi Ibraahim Rasuulaan Sallallaahu aleeyhi wasallam akki je'een: "Ummata keetirratti salaamtaa naaf qari'i, ammas wanni Isaaniif himtu: Jannata biyyeen Isii bareedduu, bishaan Isii mi'aawaa, habaqaalli (Chiginyiin) isii: SUBHANALLAAH, ALHAMDULILLAHH, LAA ILAAHA ILLA ALLAAH, ALLAAHU AKBAR."

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam eega Ibraahim waliin qunname booda, Jibriil waliin Jannata seene. Isii keeysatti waan hedduu arge.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Jannata keeysatti waan argerraa:

1- Qallaa (Fooqii) Umar bin Al-Khaxxaab

2- Khaadimtittii Zeeyd bin Haarisaa arge

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam waan arge san Umar fii Zeeydiif himееfii jira.

3- Laga Kowsar

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Ibibda Jahannam kan gariin isii garii caccaphsee wal nyaattu arge.

Rabbi Ibibda Jahannamirraa nu haa baraaru.

Eegas Jibriil Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam gama xarafa samii 7ffaa Isa fide. Jibriil achitti jalaa hafe.

Jibriil Rasuulaan Sallallaahu aleeyhi wasallam akki je'een: "Yaa Muhammad! ol dabri, Wallaahi yoon tarkaanfii takka asiin olitti

tarkaanfadhe nin gubadha.”

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam ol dabree bakka Namaa fii Malaaykaan takkallen hin gahin gahe.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam bakka Malaaykoonni murtii Rabbii itti galmeeysan birallee gahe, sochii Qalama isaanii dhagaye. Akkasitti Rabbiin Nabiyyii keenya sallallaahu Aleeyhi wasallam kabaje.

Bakka sanitti Rabbiin Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam dubbise. Salaata Shanan irratti dirqama godhe.

Kennaa Rabbiin gaafa san ummata Muhammadiif sallallaahu aleeyhi wasallam kenne irraa:

- Salaata Shanan
- Muslima hundaaf cubbuu guddoo ni araaramaaf, Akkas jechuun Ibidda keeysa abad hin turan waan towhiidarratti shirkii osoo hin dalagin du’aniin.
- Aayaata lamaan xumura Suuraah Baqaraah.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam eega Rabbiin Isa dubbise booda gama Jibriil deebi’e. Eegas gama Masjida Al-Aqsaa gad bu’e, san booda “Buraaq” yaabbatee gama Makkaah deebi’e.

Deemsi suni fii wanni odeeyfame hundi halkan takka keeysatti gaggeeyfame. Israa’a fii Mi’raaj hagam takka Mu’jizaa guddoo akka taate beekhuuf yeroo gabaabaa isiin kheeysatti gaggeeyfamte laaluun siif gahal.

Saniif Rabbiin Quraana keeysatti isii dubbate.

Eega Israa’i fii Mi’raaj raawwatte guyyaa itti aanu Jibriil Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam bira dhufee Yeroolee salaata shananii ibseef.

Akkaataan Salaanni Shanan Israa’i fii Mi’raaj keeysatti dirqama itti

taate raka'aa lama lama ture, salaata maghribaa malee, isiin gaafasillee rak'aa 3 turte.

Qiblaanis gama Beeyta Al-Maqdis ture. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Ka'abaa if dura aansee jihaa Beeyta Al-Maqdis gargalee salaatuu ture.

Qureeyshiin Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam irraa Mu'jizaa qaama miiraa shananiin beekan akka isaan agarsiisu gaafatan. Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam: “Yoon Ji'a bakka lamatti isiiniif adda qoode ni amantanii?” jechuun gaafate. “ee” ja'aniin.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Rabbii waan hundarratti dandahaa tahe akka Ji'a bakka lamatti addaan isaaf qooduu khadhate, Rabbiin ol tahe Ji'a bakka lamatti osoo Isaan argan addaan baaseef.

Qureeyshiin hoggaa Mu'jizaa guddoo san agart: “Wallaahi ati Falfalaadha.” ja'aniin.

Qureeyshiin Mu'jizaa Guddoo argan san ni kijibsiisan. Mu'jizaa agarru ni amanna jechuun Isaanii kijiba taate.

Rabbiin ol tahe Qur'aana buusee akkana je'e:

اَقْتَرَبَتِ السَّاعَةُ وَانْشَقَّ الْقَمَرُ (1) وَإِنْ يَرَوْا آيَةً يُعْرِضُوا وَيَقُولُوا سِحْرٌ مُّسْتَمِرٌّ

“Qiyaamaan dhihaatte, Ji'inis Adda dhohe (baqaqe).

Isaan yoo Aayata/mallattoo argan gargalanii Sihrii dabraadha (deemaadha) ja'an.”

Suuraah Al-Qamar: 1-2

Hoggaa Mu'jizaa arganii amanuu didan Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Qureeyshii itti dhiisee, Gosoota Arabaa kan Hajjiif dhufan gama Islaamaa yaamuutti gargale. Akka gosti biroo amantee Isaaf tumsituuf.

Abuu Lahab fii Abuu Jahl walirraa bakka bu'uun Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam jala deemanii kijibsiisan, yeroo inni gosoota Arabaatti da'waa godhu, Islaamummaatti Isaan yaamu. Abuu Lahab fii Abuu Jahl: “Kijibaadha, nuutu Isa beeka, hin dhagayinaa” jechuun isa jala tara taraan deeman.

Gosoonni Arabaa tan Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam yaamaa ture gariin Isarraa qulqullaawan, gariin si gargaarraa yoo ati duute nuutu dhimmi Nabiyyummaa dhaalaa? ja'anii gaafatan, gariin irraa callisan.

Ergamee Amata 11ffaa keeysa Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Hajjii irratti nama jaha kan gosa Khazraj (Gosa warra Madiinaa irraa tahan) qunname.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Isaanitti dhaqee Islaamatti Isaan yaame.

Jarri Jahan sun ni Islaamawan. Isaanis:

1. As'ad bin Zuraaraa
2. Owf bin Al-Haaris
3. Raafi'i bin Maalik
4. Quxbaah bin Aamir
5. Uqbaa bin Aamir
6. Jaabir bin Abdullaahi³⁹

Eegas Jarri jahan suni gama Madiinaa deebi'anii Islaamatti nama yaamuu jalqaban. Waa'ee Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam warra Madiinaatiif odeysuu jalqaban. Waa'een Islaamaa Madiinaa kheeyisa sababaa Isaanii dhagayamte.

³⁹ . Jaabir kuni Jaabir bin Abdullaahi bin Ri'aab Rabbi irraa haa jaalatu, Ammoo Jaabir bin Abdullaahi bin Haraam beekkamaan suni Jahan irraahii miti. Jarri Jahan Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam kan arganii itti amanan Ergamuu Nabiyyii booda amata 11ffaa kheeyisa.

Sababaa Isaaniitiin Gandi Madiinaa hundi waa'ee Rasuulaa Sallallaahu aleeyhi wasallam dhagayan. Amata itti aanu, Nabiyyummaa booda amata 12ffaati Hajjiif namni 12 warra Ansaaraa irraa gama Makkah dhufan.⁴⁰

Jarri kudha lamaan Suni Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam qunnamanii Wa'ada isaaf seenan. Wa'adni sun "Beey'atu Al-Aqabaa Al-Uulaa" Wa'ada Aqabaa tan duraa jechuun beekkamati.

Wa'adni Isaan Rasuulaaf Sallallaahu aleeyhi wasallam seenan ykn Beey'aan duraa suni: Gammachuu fii gadda keeysatti, akkasumas balloo fii rakkoo keeysattis Isaaf ajajamuurratti waadaa galan. Ammas gaafa Inni Sallallaahu aleeyhi wasallam Madiinaa dhaqe Isaaf tumsuu fii gargaaruu irratti wa'ada Isaaf seenan.

⁴⁰ . Jarri jahan amata dabre Rasuulaan sallallaahu aleeyhi wasallam wal argan amata itti aanu, Ergamuu Nabiyyii booda amata 12ffaa kheeya Hajjiif nama biroo dabalatanii Makkaa dhufan. Nama Jahan bara dabreetirraa namni tokko ni hafe. Namoonni kudha lamaan:

1. As'ad bin Zuraaraa
2. Owf bin Al-Haaris
3. Mu'az bin Al-Haaris
4. Raafi'l bin Maalik
5. Zakwaan bin Abdi Qeeyi
6. Ubaadaa bin As-Saamit
7. Yaziid bin As-Sa'alaba
8. Al-Abbaas bin Ubaadaa bin Nadlaa
9. Quxbaa bin Aamir
10. Uqbaa bin Aamir
11. Abuu Al-Heeysam bin At-Teeyhaan
12. Uweeym bin Saa'idaa

Jarri 12n Minaa bakka Aqabaatti (bakka dhagaa darbatanitti) Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam qunnaman. Achitti Rasuulaaf sallallaahu aleeyhi wasallam Wa'ada seenan.

Lu'lu'u Al-maknuun: 1/559-560

Ammoo Wa'ada duraa saniin Wa'ada dubartii (Beey'atu An-Nisaa) ja'anii moggaasuun seetee dogongoraa tan warra Siiraa gabaasan irraa argamte.

Waa'een dubartii beellama san keeysatti inuma hin kaafamne.

Hoggaa keeysummoonni 12n gama Madiinaa deebi'uuf qophaawan Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Isaan waliin Mus'ab bin Umeeyr Rabbi irraa haa jaalatuu erge. Akka Ansaara waa'ee amantii Islaamaa barsiisuuf jecha.

Da'waa Mus'ab bin Umeeyriitiin Dimiinnan Banii Al-Ash'hal lama Islaama qeebalan. Isaan lamaan: Sa'ad bin Mu'az fii Useeyd bin Hudeeyriiti.

Mus'ab bin Umeeyrii Rabbi irraa haa jaalatuu As'ad bin Zuraaraa bira qubate. Isa biraahi gama Islaamaa nama yaamuu itti fufe. Sababaa Da'waa Mus'ab gandoota Ansaaraa hunda kheeysa Islaamummaan seente.

Ergamuu Nabiyyummaa booda amata 13ffaa, Dhiira 73 fii dubartiin lama warra Ansaaraa irraa Nabiyyii Sallallaahu aleeyhi wasallam qunnamuuf Madiinaa irraa Hajjiif bahan. Seenaa Islaamaa kheeysatti waliigaltee guddoon Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam fii Isaan jiddutti argamuuf deemaa jirti.⁴¹

⁴¹ . Nabiyyummaa booda amata 13ffaa Ansaara irraa namni dhiiraa 73 walitti dhufanii: "Hanga yoom Ergamaan Rabbii sallallaahu aleeyhi wasallam Makka kheeysatti rakkata?" jechuun wal mari'atan.

Hajjii bara sanii dhaqanii Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam qunnamuuf beellama godhatan. Warra Madiinaa Mushrikoota 500 kan Hajjiif gama Makkaa bahan wajjiin bahan. Islaamummaa Isaanii Mushrikootarraa dhoysanii iccitiin wal quba qabaachaa Makka gahan. Mus'ab bin Umeeyr Isaan waliin gama Makkaa deebi'e. Mus'ad haala warra Madiinaa, Islaamummaa akka gaaritti jaalachuu isaanii Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam beeysise. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam ni gammade. Warri Ansaaraa Mushrikoota wajjiin Hajjii godhaa lafa jalaan Nabiyyii qunnamuu itti fufan.

Ansaarootaa fii Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam jidduutti wali qunnamtiin dhooysaan gaggeeyfamaa turte, Minaa bakka “Al-Aqabaa” tti akka wal argan lafa jala waliif dabarsanii murteeyfatan.

Halkan beeylamaa san Dhiirti 73 fii dubartiin lama Nabiyyiif Sallallaahu aleeyhi wasallam Wa’ada guddaa seenan. Waadaan suni “Beey’atu Al-Aqabaa As-Saaniyaa” waadaa Aqabaa lammaffaa jechuun beekkama.

Qaphxiin gaafa san irratti Wa’ada seenan:
Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam Balloo fii Rakkoo keeysatti dhagayuu fii ajajamuufi, Akkasumas gaafa Inni sallallaahu aleeyhi wasallam Madiinaa dhaqe Isaaf tumsuu fii Isa gargaaruudha.

Ansaaroonni Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam wanni gaafa san Isa gaafatan: “yoo Wa’ada keenya kana guunne, Maaltu nuuf jira?” ja’aniin.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam: “Jannataatu Isiniif jira.” je’een.

Akkasitti hundi Isaanii Wa’ada seenan.

Namni dura Nabiyyiif Sallallaahu aleeyhi wasallam Wa’ada scene, Al-Bar’aa bin Ma’ruur Rabbi irraa haa jaalatu. Eegas namni wal jala Waadaa galuu itti fufe.

Haala saniin Beey’aan (Wa’adni) guddoon “Beey’aatu Al-Aqabaa As-Saaniyaa” Waadaan Aqabaa lammaffaan raawwaatte. Sababaa Wa’ada Saniitiif Hijiraan gama Madiinaa godhamte.⁴²

⁴² . Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam eega Wa’ada irraa fuudhe, Isaan kheysaa nama 12 hogganaa ykn damiina akka filatan gaafate. Akkasitti if kheysaa nama 12 filatan.

Isaanis:

1. As’ad bin Zuraaraa
2. Al-Baraa’i bin Ma’aruur

Ka’ab bin Maalik akki ja’u: “Dhugumatti Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam wajjiin halkan Wa’ada seenneef san argameetin jira, Gaafa Islaamummaa irratti waliif galle san, Ani warra Badritti argamerraa tahee wa’ada Sanirraa hafu hin filadhu.”

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa warri Ansaaraa Wa’ada Seenanii gama Madiinaa deebi’an, ni gammade. Rabbiin gargaarsaa fii tumsa warra Isaaf tahu kenneef. Saniif jecha Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam haalaan gammade.

Hijraa irraa hanga Duula Badrii

San booda Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Sahaaboota Isaa akka Hijraa gama Madiinaa bahan ajaje. Obboleeyyan Isaanii warra Ansaaraatti akka dhaqabban Isaan ajaje.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam akki je’e: “Ani Magaalaa takkattin ajajame tan magaaloota hunda nyaattu, Yasriibi (ja’aniin) Isiin Madiinaadha. Isiin Nama ifirraa afuufi akka buufaan Ibiddaa Sibilarraa wasaka afuufutti.”

San booda Sahaaboonni tuuta tuutaa fii kopha kophaan dhukkachaa Makkaa bahuu jalqaban. Isaanirraa khan miilaan

-
3. Abdullaahi bin Amr bin Haraam (Abbaa Jaabir)
 4. Sa’ad bin Ubaadaa
 5. Al-Munzir bin Amr
 6. Raafi’i bin Maalik
 7. Abdullaahi bin Rawaahaa
 8. Sa’ad bin Ar-Rabii’i
 9. Ubaadaa bin As-Saamit
 10. Useeyd bin Hudeeyr
 11. Sa’ad bin Kheeyсамата
 12. Rifaa’ata bin Abdu Al-Munzir

deemu jira, kan waan yaabbatu qabuu jira. Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam ammoo Makkaa ture, hanga hayyamni Rabbirraa isaaf dhufutti.

Al-Baraa'i bin Aazib akki ja'u: "Namni dura Sahaabootarraa Madiinaatti nutti dhufe, Mus'ab bin Umeeyriti fii Abdullaahi bin Ummu Maktuum, egas Ammaar, Bilaal, fii Sa'ad bin Abii Waqqaas."

Hijiraan Sahaaboonni godhan laaftuu hin turre. Qureeyshiin balaa gara jabeenyaan guttame Isaanirraan gahuuf waan dandeeysu hunda itti dalagaa turte.

Itti Aanee warri Hijiraaf bahe, Abuu Salamaa bin Abdu Al-Asad, Aamir bin Rabii'aa fii Jaartii Isaa Leeylaa bint Abii Hasmaa. Eegas Abdullaahi bin Jahshi Maatii Isaa hundaan gama Madiinaa bahe.

Umar bin Al-Khaxxaab itti aanee halkan dhukkatee Makkaah bahe, Isa wajjiin Ayyaash bin Abii Rabii'aa fii Hishaam bin Al-Aas-tu wajjiin ture.

Ibnu Is'haaq Sanada Sahiihaan Siiraa Isaa keeysatti Hijiraa Umar haala Kanaan gabaase.⁴³

⁴³ . Ibnu Is'haaq Sanada Sahiihaan Hijiraa Umar ilaalchisee gabaasee jira.

Umar akki je'e: "Gaafa gama Madiinaa Hijiraaf bahuuf kaane, Ana, Ayyaash bin Abii Rabii'aa fii Hishaam bin Al-Aas bin Waa'il bakka At-Tanaadub ja'amtutti wal arguuf wal baallamne. Nurraa namni ganama achitti hin argamin qabame jechuudha, warri argame haa deemu waliin jenne. Ganama Anaa fii Ayyaash bin Abii Rabii'aa bakka sanitti bariisifanne, Hishaam qabamee nurraa hafe."

Oduun sahiihaa fii sabataan Hijiraa Umar bin Al-Khaxxaab ilaalchisee dhufe Isa kana.

Qissaan beekkamtuun Umar dirree bahee Hijiraaf bahe jettu suni sanada da'iifaa dhufte.

Qureeyshiin nama Hijiraa bahu yoo argite balaa irraan geeysi, ni adabdi, garii qabdee hambiifti, kanaaf namni tokkolleen dirree bahee bahuuf hin jeeynoomu.

Ammoo Qissaan Umar bin Al-Khaxxaab dirree bahee Makkaah bahe jettus ni jirti. Namni Haati Isaa akka isa dhabdu fedhe haa na jala bahuu, jechuun dubbataa Hijraaf bahe qissaan jettu Da'iifa.

Beey'aa Al-Aqabaa (Wa'ada lammaffaa) boodaan baatiin lama hoggaa dabartu, Muslimoonni hundi Makkaa irraa gama Madiinaa Hijiraa bahanii dhumanii jiran. Rasuula Sallallaahu Aleeyhi wasallalm fii Abuu Bakri malee, akkasumas warroota Hijiraa godhuuf dandeettii dhaban qofaatu hafe. Sahaaboonni hundi bahanii jiran.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Makkaah keeysaa Muslimoonni bahuu dandahan hundi Hijraaf bahuu Isaanii mirkaneeyfate. Warra Dhukkubsataa, hidhamaa (qabamaa) fii warra bahuuf dandeetii dhabe qofaatu hafe.

Abuu Bakri Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam Hijiraa bahuuf hayyama gaafatee ture. Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam: “Hin jarjariin, Rabbiin Saahiba siif godhuutu mala.” ja'een.

San booda Rasuulaaf sallallaahu aleeyhi wasallam Rabbi biraa Hijiraa akka bahu hayyamni dhufeef, Waahiilli Isaa kan wajjiin bahanis Abuu Bakr tahe.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Abuu Bakriif akka Hijiraan hayyamamteef, akkasumas Inni waahila Isaa tahee wajjiin akka bahu itti hime. Abuu Bakri Gaala lama Isaa fii Rasuulaaf Sallallaahu aleeyhi wasallam qopheeyse.

Kuffaarri Qureeyshii wal gahii godhanii Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam ajjeesuuf murteysan.⁴⁴ Nama Isa ajjeeseef gaala 100

Lu'lu'u Al-Maknuun: 2/18-19

⁴⁴ . Qureeyshiin dubbiin Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam jabaachuu fii bakka itti Hijiraa bahan argatuun hedduu Isaan yaachifte. Qureeyshiin “Daaru- An-

badhaasa akka kennan labsa baasan.

Rabbiin Rasuula Isaa Sallallaahu aleeyhi wasallam shira sanirraa Isa tiyyse. Waan Qureeyshiin mari’attee murteeysite Isa beeysise.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam fii Abuu Bakr As-Siddiiq Makkaah bahanii gama Gaara (gooda) Soowrii qajeelan.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam fii Abuu Bakri Gaara Soowrii keeysatti guyyaa sadiif dhukkatani turan. Asmaa bint Abuu Bakri guyyaa hunda nyaata fiddee Isaanitti dhufti.

Qureeyshiin Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam bakka hunda

Nadwaa” Mana marii Qureeyshiitti wal yaamte. Manni Marii Qureeyshii mana Qeys bin Kilaab. Qureeyshiin dhimma jajjabaa hunda mana marii sanitti murteeysiiti. Guyyaan Mariin sun taa’ame Nabiyyummaa booda amata 14ffaa, ji’a Safar guyyaa 20ti. Guyyaa san Gurguddaa Qureeyshii wal gahe, Sheeyxaanni Maanguddicha biyya Najdii fakkaatee itti dabalame. Mariin “Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam dubbiin Isaa as geeysee akkam goona?” kan je’u ture. Marii dheertuu booda yaada Abuu Jahl bin Hishaam irratti walii galan. Abuu Jahl Yaada Isaa akkanatti lbse: “Yaadni kiyya gosoota Qureeyshii hunda kheeysaa dargaggeeysa jabaa fii Biiflee tokko tokko ni fuuna, eegasii Seeyfii qara itti kennina, eegasii hundi Isaanii gama Muhammad, Bakka takkaa haa dhahan, ajjeesanii hafuura nu haa fudhachiisan. Yoo akkas godhan dhiiyni Isaa gosa hunda kheeyisa faca’a, Banii Abdi Manaaf (gosti Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam) gosa hundaan loluu hin dandahan, saniif gumaa gaafatan gumaa Isaa ni kenninaaf.”

Yaada Abuu Jahl irratti waliif galanii hojjirra olchuuf murteeysanii addaan ka’an.

Rabbiin ol tahe Ergamaa Isaa sallallaahu aleeyhi wasallam waan jarri murteeysee ni beeysiseen.

Rabbiin ol tahe akkana je’e:

وَأَذِمْ بِكَ الَّذِينَ كَفَرُوا لِيُبَيِّنُوا أَوْ يَغْتَلِبُوا أَوْ يَخْرُجُوا وَيَمْكُرُونَ وَيَمْكُرُ اللَّهُ وَاللَّهُ خَيْرُ الْمَاكِرِينَ
“(Yaadadhu Yaa Rasuula!) Hogga warri Kafare si hidhuuf ykn si ajjeesuuf sitti mala dhawan san, Isaan mala baasan, Rabbiinis mala baasa, Allaah irra caalaa warra mala baasuuti.”

Al-Anfaal: 30

Lu’lu’u Al-Maknuun: 2/27-31

barbaaduu seente, garuu hin Milkoooyne. Gariin Isaanii gama gaara Soowrii dhufanii afaan goda Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam fii Abuu Bakri waliin keeysa jiran gubbaa dhaabbatan.

Osoo tokko Mushrikootarraa if jala gad laale silaa Goda san keeysatti Isaan arga. Garuu Rabbiin Ija isaanii qabee tokkolleen if jala gad hin laalle.

Qissaan Sharaaritii/aaroon afaan Goda Gaara Soowrii cuftee fii Handariin killee achitti dhalte jettu Sanada Da'iifaan Musnad Imaam Ahmad keeysatti gabaafamte.

Egas Kuffaarri Qureeyshii Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam barbaadanii dhabanii ifirraa galan. Rabbiin Nabiyyii Sallallaahu aleeyhi wasallam eegumsa Isaatin tiysee nagaya baase.

Rasuulli sallallaahu Aleeyhi wasallam Waahila Isaa Abuu Bakr As-Siddiiq waliin Goda Gaara Soowrii keeysaa guyyaa 3 booda bahanii gama Madiinaa Imaluu jalqaban.

Isaan waliin namni ture, Aamir bin Fuheeyraa gabricha Abuu Bakri bilisoomse. Aamir bin Fuheeyraan karaa irratti Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam fii Abuu Bakri khaddamuuf wajjiin bahe. Namni karaa Isaan agarsiisu ammoo Abdullaahi bin Ureeyqixi. Inni Mushrika, garuu nama karaa haalaan beekhuu ture.

Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam Abuu Bakri As-Siqqiid, Aamir bin Fuheeyraa fii kan karaa Isaaniin deemu Abdullaahi bin Ureeyqix wajjiin osoo karaa deemanii waan hedduutu Isaan qunname.

Sanirraa:

1. Qissaa Suraaqaa bin Maalik.⁴⁵

⁴⁵ . Qissaa san Suraqaan akkatti odeeyse: "Osumaan ummata kiyyaa wajjiin bakka taa'umsaa keenya taa'aa jiru, gurbaan tokko nutti dhufee: 'Yaa Suraaqaa, ani reefu karaa moggaa Baharaatti namoota deemun halaalaa arge, Muhammad fii

Waahiloota Isaa tahuu hin olaan.’ Nuun je’e. Isaan tahuu shakkii maleen beeke, garuu namichaan, lakkii, Isaanii miti, abaluu fii abalu waa jalaa bade barbaaddata deeman agarte. Ja’een.”

Suraaqaan xiqqo booda mana Isaa dhaqee, xiyyaa fii Farda Isaa fudhatee Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam dhaqqabuuf guluufutti seene.

Suraaqaan akki je’u: Hoggaan Isaanitti dhihaadhe, fardi kiyya gufattee lafatti na darbite. Lafaa ka’etin xiyya tiyya baasee raaga laalladhe. Isaan nin qaba moo hin qabu jechuun xiyya darbe, Kaniin ani jibbuutu bahe, sunis Isaan hin qabdu kan je’u ture. Farda kiyya yaabbadhee Isaan jala gulufsiisuu itti fufe, Xiyya kiyya kanin Raaga itti laallachaa ture nin faalleeyse. Ammas hoggaan Isaanitti dhihaadhe Fardi kiyya gufatee lafatti na qaarse. Ammas lafaa utaaleetin gulufsiisuu itti fufe, hoggaan Isaan biratti dhihaadhe, Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: “Yaa Rabbi hamtuu Isaa nurraa qabi, ati nuuf gahi.” Jechuun Rabbi kadhate.

Suraaqaan akki je’u: Fardi kiyya yeroo tana miilli Isaa lamaan hanga jilbaatti lafa kheeyisa gad lixe, lafaa ka’etin Fardi kiyya bubbutuu jalqabe, sossosuu malee miila baasuu hin dandeenye.

Suraaqaan akki je’u: Ammas itti deebi’etin xiyya kiyyaan raagachuutti seene. Xiyya laman darbe: Isaan nin qaba moo hin qabu? Jechuunin darba. Ammas kanin ani jibbuu bahe, hin qabdu naan je’e xiyyi kiyya. Hoggaa kanan itti lallabee nagayaan Isaan Yaame, naaf dhaabbatan, ittin dhaqe. Hoggaa fardi kiyya marraa hedduu na kuffiste dubbiin Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam akka ol tahuuf jiraatun qalbii tiyyatti amane. Rasuulaan Sallallaahu Aleeyhi Wasallam: Ormi kee nama si ajjeeseef Gaala 100 akka kennan labsan, namni wanni si barbaaduuf kanaaf, jechuun itti hime. Sinqiin harkaa qabus fudhaan je’een, ni didan. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: “Nama dhoysi (warra nu barbaadu karaa jirru hin himin)” ja’een.

Suraaqaan akki je’u: Xalayaa nagayaa (fuul duraaf na fayyaddu) naaf katabiin je’een. Aamir bin Fuheeyraa ajaje akka naaf katabuuf, gogaa irratti naaf katabe, eegasii Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam deemsa isaa itti fufe.

Suraaqaan nama Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam barbaada deemu kan qunname hunda: Karaa kana ani waliin gaheetin dhufe, deebi’aa humaa hin jiru. Je’eenii nama dachaase.

Qissaa Suraaqaa Bukhaarii, Muslim, Imaamu Ahmad, Ibnu Hibbaan, Ibnu Is’haaq gabaasanii jiran.

2. Tiisitee Islaamawe.⁴⁶

3. Qissaa Ummu Ma'abad Al-Khuzaa'iyyaah.⁴⁷

4. Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Zubeeyr fii Xalhaa Isaan lamaan Shaam irraa gama Makkaa kan deebi'an karaatti qunname.⁴⁸

⁴⁶ . Gabaabumatti Qissaan tiisitee Islaamawe akkana: Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam fii Abuu Bakri karaatti Tiisitee re'ee tokkotti dhufan, Re'een Isaa yoo aanan qabaatte akka Isaaniif ilmu gaafatan. Re'een takkalleen aanan akka hin qabne itti hime, Re'ee Rimiya darbite tan aanan hin qabne takka Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam bira fide. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Rabbi kadhatee, aanan guddaan nama achi jiru hunda quubse irraa ilmame. Hoggaa san Tiisiteen: "Rabbi ja'ii ati eenyu? Waan akkana takkaa argee hin beekhu." Je'een. Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam: "Yoon sitti hime na dhoysitaa? (hin himtuu)?" je'een. Tiisitee: "ee," jennaan, Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam: "Ani Muhammad, Ergamaa Rabbiiti." Je'een. Tiisiteen Nabiyyii tahuu Isaa beeynaan itti amanee Shahaadaa qabate.

Lu'lu'u Al-Maknuun: 2/67-68

⁴⁷ . Qissaan Ummu Ma'bad gabaabinaan: Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam imala karaa Madiinaa itti fufe. Bakka Qudeeyd ja'amtu hoggaa gahe goojjoo Ummu Ma'bad Al-Khuzaa'iyyaah biraan dabran. Isiin nama karaa san gubbaa mana qabu, nama isii biraan dabru obaafttee, nyaachisuu jaalatti. Hoggaa Isii bira gahan Foonii fii Timira irraa bituuf gaafatan, Zamanni bara gogaati (beelaa jira), Ummu Ma'bad bira humaa hin jiru, re'ee takka tan deemsa dadhabdee re'oota biraa jalaa qa'eetti hafte malee. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Re'ee beelaaf jecha dadhabdee re'oota jalaa hafte san ilmuuf hayyama isii gaafate, ni hayyamteef. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam mucha isii qaqqabatee, Rabbi itti kadhate, hoggasuma cophxe, akkasitti aanan hedduu irraa ilme. Warri achi jiru quufanii aanan Ummu Ma'bad biratti hafe.

Jaarsi Ummu Ma'bad xiqquma turee deebi'e, hoggaa dhufu aanan arge. Eeysaa akka aanan fidde gaafannaan: "Arra nama barakaa qabu tokkoote asiin dabre" jetteen. Re'ee harkaan qaqqabatee akka ilmes itti himte. Rasuulli sallallaahu Aleeyhi wasallam maal akka fakkaatu itti himte.

Lu'lu'u Al-maknuun: 2/70-73

⁴⁸ . Az-Zubeeyr bin Al-Awwaam fii Xalhaa bin Ubeeydillaah Daldalaaf bahanii Shaam irraa gama Makkaa deebi'aa turan. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Madiinaa seenun duratti guyyaan tokko kan hafe karaatti wal qunnaman. Rasuula sallallaahu

Hadiisa Da'iifa Hijraa wajjiin wal qabatee dhuferraa:
Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Suraaqaa bin Maalikiin: "Yaa Suraaqaa, Mee maaltu sitti dhagahama gaafa Faaya Kisraa uffatte!" je'een kan jedhu qissaa da'iifa.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam warra Isa waliin jiruu wajjiin Rabbiin Isaan tiysee Qubaa'a gahan. Guyyaa suni Isiniina Rabi'ul Awwal 12, amata 14ffaa eega Nabiiyyi tahe boodaan. Guyyaa sanirraa barri Hijraa tokkoffaan lakkaawame.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam hoggaa Qubaa'a gahe, Ansaaroonni bahanii Isa qeebalan. Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Qubaa'a guyyaa 14 taa'e, hanga san keeysatti Masjida Qubaa'a Ijaare.

Guyyaa Jum'ataa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Qubaa'a irraa yaabbatee gama Madiinaa Qajeele. Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam Gaala Isaa irratti Abuu Bakri As-Siddiq if duubaan wuddelachiiseeti deeman.

Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam ganda Banii Saalim bin Owfi hoggaa gahe yeroon Salaata Jum'aa geeyse. Bakka <<Waadii Raanuunaa'i" ja'amutti Muslimoota hanga nama 100 tahan waliin Ju'maa Salaate.

Salaanni Ju'maa kan Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam gaafa san salaate sun Islaama kheeysatti jum'aa dura salaataamte.

Eegas Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam ganda Banii Saalim bin Owfi irraa gama Madiinaa Gaala Isaa yaabbate deemsa itti fufe.

aleeyhi wasallam fii Abuu Bakr As-Siddiq hansoolaa aadi biyya Shaam irraa fidan uffisanii gama Makkaa dabran. Eegas Makkaarraa dhimma Isaanii raawwatanii gama Madiinaa Hijraa bahan.

Haala warri Madiinaa gammachuun guuttamanii jiran kheeysatti Madiinaa seene.

Guyyaan sun guyyaa seena qabeeyisa fii beekkamaa tahe. Manneen fii karaa Madiinaa hunda keeysaa sagaleen Rabbi guddistuu fii faarsitu dhagayamaa olte. ALLAAHU AKBAR, ALHAMDU LILLAHAH jechuutu Rabbi guddisuu fii faarsuudha.

Anas bin Maalik Rabbi irraa haa jaalatu: “Guyyaa akka guyyaa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Madiinaa seene ifu (Guyyaa gammachuu) hin agarre” je’e.

Baraa’i bin Aazib Rabbi irraa haa jaalatu, gammachuu guyyaa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Madiinaa seene warri Madiinaa gammade hoggaa ibsu: “Warra Madiinaa gammachuu akka Gaafa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Madiinaa seene gammadan Isaanii gammade argee hin beekhu.” ja’a.

Ammas Baraa’i bin Aazib akkana ja’a: “Dhiiraa fii dhalaan gariin Mana gubbaa ol bahan, Ijoollee fii Khaadimman karaa kheeyisa dhaabbatanii: “Yaa Muhammad! Yaa Rasuulallaah!” ja’aniin.

Anas bin Maalik akki ja’u: “Gaafa Rasuulli sallallaahu Aleeyhi wasallam Madiinaa seene wanni hundi ni ifee.”

Ammas Anas bin Maalik akki je’e: “Dubartoonni dibbee dhawaa gad bahanii akkana jedhan:

نحن جوار من بني النَّجَّار
يا حَبْدًا مُحَمَّد من جار

Nuti dubartoota Bani Najjaarii
Way waa tole Muhammad Ollaa gaarii.

Ammoo Walaloon beekkatuun:
Xa’al badru Aleeynaa jattu sun Sanada Sahiihaan hin sabanne.

Gaalli Rasuulaa sallallaahu Aleeyhi wasallam bakka Masjidni Nabiyyii Sallallaahu aleeyhi wasallam itti ijaarame geenyaan gad teeyse. Bakka san akka Masjidni Nabii Sallallaahu aleeyhi wasallam irratti Ijaaramuuf Rabbiitu file.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa Cancala Gaala Isaa qabanii nu bira qubadhu ja'aniin: “Dhiisaa Isiin ajajamtuudha.” Ansaarootaan jechaanii ture.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam hanga goojjoon Isaaf ijaaramtuu mana Abuu Ayyuub Al-Ansaarii qubate. Abuu Ayyuub Nabiyyiin Sallallaahu Aleeyhi wasallam mana Isaa qubachuun Qooda guddaa argate.

Madiinaa Al-Munawwaraan biyya haalaan leeydaa qabdu turte. Sahaaboota hedduu leeydaa fii dhibdeeni qaqqabde. Rabbiin balaa san Isaanirraa oofee Madiinaa Isaan jaalachiise.

Rasuulli sallallaahu Aleeyhi wasallam hoggaa dhibdeen Sahaaboota Isaa qabde, Rabbiin leeydaa san Madiinaa irraa akka fuudhu kadhate.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: “Yaa Allaah! Madiinaa akka Makkaah jaalannutti nu jaalachiisi ykn sani ol Isii nu Jaalachiisi, Biyya fayyaa Isii godhi, Suguudaa fii Muddii (saffara) Isii keeysa barakaa nuuf khaayi” je’e.

Nabiyyiin sallallaahu Aleeyhi wasallam Madiinaa keeysatti dura wanni dalage:

- 1- Masjidna Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Ijaare.
- 2- Muhaajirootaa fii Ansaaroota walitti Obboloomse.
- 3- Madiinaa fii naannoo isii warra qubatuuf waliigaltee katabe.⁴⁹

⁴⁹ . Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam xalayaa walii galtee san kheeysatti qaphxii Muslimoota qofa ilaaltu, Mushrikoota ilaaltuu fii Yahuudaa ilaaltu katabe.

1-Qaphxiilee Muslimoota Ilaalan irraa gariin akkana:

- Muslimoonni ummata tokko.
- Gosti Muslimootaa Muhaajirootaa fii warri Madiinaatis gumaa nama Isaaniitirraa ni baasan.
- Muslimoonni nama Isaanirraa tahe kan deeyniin itti ulfaatte rakkoo kheeyatti hin dhiisan, waan dandahaniin haala gaariin bira dhaabbatanii gargaaran.
- Warri amane gariin garii Isaaniitiif gargaaraa fii tumsaadha.
- Namni Mu'mina badii malee ajjeese, qabamee maatii irraa ajjeese saniif ajjeefama yoo Isaan gumaa qeebalan malee.

2- Qaphxii Mushrikoota ilaaltu garii:

- Mushrikni tokkolleen qabeenya Qureeyshii warra Makkaatiif waasii/eeyddu tahuu hin dandahu. Lubbuu Qureeyshiitis waasii hin tahaniif, Mu'minaa fii Isaan jidduu hin seenan.
- Namni Qureeyshii Makkaa gargaare Isaanumarraahi, nageenyi hin kennamuuf.
- Qureeyshii fii warri Isii wajjiin jiran araaraa fii waliigaltee godhuuf yoo fedhan haqni isaanii eeggamaadha, nama Islaamaan lole malee.

3- Qaphiilee Yahuudaa ilaallatan irraa garii:

- Yahuudaan amantii Isii haa hordoftuu, Muslimoonnis Amantii Ifii hordofan. Nama badii dalagee fii nama miidhe malee, Suni ifii isaatii fii warra Isaa malee nama biraa hin miine.
- Muslimoonni if dandahanii jiraatan akkasuma Yahuudaanis if dandahuutu irra jira, yoo lolli warra biraatiin biyya tanarratti (Madiinaa irratti) baname waliif tumsuu fii wal gargaarutu irratti dirqama.
- Yahuudaan Muslimoota wajjiin qabeenya baasuu qabdi gaafa lolli irratti baname.

4- Qaphxii waliigala biyyaa ilaaltu:

- Madiinaan warra xalayaa tanaa hundaaf haraama, Isii kheeysatti hin tuqaman, nama badii dalage malee.
- Wal dhabbii fii badiileen Madiinaaf sodaachiftuu taate Murtiin Isii gama Rabbii fii Muhammad sallallaahu aleeyhi wasallam deebifamti.
- Warri xalayaa tanaan waliif gale hundi wal gargaaruu irra jira.
- Madiinaa kheeyisa kan taa'u fii kan bahu nageenyi isaa eeggamaadha, nama badii dalage malee. Rabbii fii Ergamaan isaa sallallaahua aleeyhi wasallam nama gaarii dalaguu fii Rabbi sodaatuuf waasiidha.

Baatii Shawwaalaa bara Hijraa 1ffaa Rasuulli sallallaahu Aleeyhi wasallam Aa'ishaatti seene. Isiin irra jaalatamtu Beerran Isaati turte.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Maqaa Madiinaa kan Yasrib ture maqoolee birootti jijjire. Maqaaleen Sunis: Xaabaa, Al-Madiinaa, Xeeybaa.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyi Wasallam akkana ja'e: "Rabbiin Al-Madiinaa Xaabaa je'ee moggaase."

Muslimtu gabaase.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam akki ja'e: "Magaalaa magaaloota hunda nyaatutti Hijraa bahuuf ajajame, Isaan Yasrib ja'aniin, ammoo Isiin Al-Madiinaadha."

Bukhaarii fii Muslimtu gabaase.

Jaabir bin Samuuraah Rabbi irraa haa jaalatu akki je'e: "Madiinaadhaan Yasriib jechaati turan, Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Xeeybaa je'ee moggaase."

Azaanni bara Hijraa tokkoffaa kheeyisa karaa godhamte.⁵⁰

⁵⁰ . Azaanni bara Hijrii 1ffaa kheeyisa karaa godhame. San dura Muslimoonni Salaata walitti dhufanii salaatan. Yeroo Isiitis gimmitiin/Shalaggiin hamma godhatanii walitti dhufaa turan. Hadiisa Ibnu Umar kan Bukhaarii fii Muslim Gabaasan kheeyisatti:

"Muslimoonni eega Madiinaa dhufan booda Salaataaf walitti dhufan, yeroo salaataa shalaganii walitti dhufaa turan, gaafa tokko waa'ee kanarraa walitti dubbatan, Gariin Isaanii osoo akka Kiristaanaa waa waliin dhooynee iyyiisne ja'a, gariin ammoo osoo akka Yahuudaa Xurumbaa godhanne ja'an.

- Abdullaahi bin Zeeyd Al-Ansaarii Manaaba arge.

Abdullaahi bin Zeeydi manaaba arge hoggaa himu akkana ja'a: Osoon rafaa jiru, namni tokko kan wayaa lama uffate natti dhufe, Xurumbaa harkaa qaba, Hoggaa sanin ani: Yaa Gabricha Rabbi xurumbaa naaf gurguri je'een. Maal itti goota? naan jennaan, Salaataafin itti nama yaama, je'een. Waan sanirra caalutti si qajeelchuu? Naan je'e.

Eeyyee. jedheen.

Akkana ja'ii lallabi naan je'e:

Hadiisni biraa kan Makkaatti ykn Israa'i fii Mi'raaj kheeysatti Azaanni karaa godhamte jedhu sanada Sahiihaan hin sabanne.

Abdullaahi bin Salaam Yahuudichi bara Hijiraa 1ffaa Islaamawe. Abdullaahi bin Salaam Rabbi irraa haa jaalatuu irra beekaa Yahuudootaa ture. Islaamawu Isaatin Yahuudoota irratti ragaa tahe.⁵¹

“Allaahu Akbar Allaahu Akbar, Allaahu Akbar Allaahu Akbar....” Guutuu Azaanaa haala saniin itti hime.

Manaaba san kheeysatti Azaana booda akkaataa salaataaf itti lqaamanis barsiiseen. Abdullaahi akki ja’u: Hoggaa Bari’e Ergamaa Rabbii sallallaahu aleeyhi wasallam biran dhufe, waanin arges ittin hime.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam: “Kuni Manaaba haqaati yoo Rabbi fedhe, Ka’i Bilaal barsiisi waan agarte kana, haa Azaanuu, Inni nama haalaan sagalee qabuu” jedheen.

Abdullaahi Bilaal barsiise. Bilaal sagalee ol fuudhee azaanuutti seene. Umar bin Al-Khaxxaab Azaana Bilaal dhageenyaan mana Isaatii ariifataa dhufe.

Umar Nabiyyiidhaan: “Isa haqaan si ergattin kakadha, manaabaan azaana fakkaataa kanaatin arge.” Je’een.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: “Alhamdu Lillaah” je’e.

Haala saniin Azaanni Jalqabde.

- Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Mu’azinoota Meeqa qaba?

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Mu’azinoota afur qabaachuu ture.

1. Bilaal bin Rabaah Masjida Nabiyyiitti Sallallaahu Aleeyhi Wasallam
2. Abdullaahi bin Ummi Maktuum Masjida Nabiyyiitti Sallallaahu Aleeyhi wasallam.
3. Abuu Mahzuuraa Masjida Al-Haraam Makkaatti.
4. Sa’ad Al-Quraz Masjida Qubaa’iitti.

Lu’lu’u Al-Maknuun: 2/210-212

⁵¹ . Gabaabumatti Qissaan Abdullaahi bin Salaam akkana:

Abdullaahi bin Salaam Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam hogguma arge Nabiyyii tahuu Isaa beekha. Inni Ulamaa’ii Yahoodaataa irraahi. Kitaaba Towraat Kheeysatti Mallattoon Isaa waan dubbatamteef saniin beeke. Mirkaneeatuuf Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam gaafii muraasa gaafate, deebisnaaniif Shahaadaa qabate.

Muhaajiroonni hoggaa Madiinaa dhufan bishaan isii jibbanii turan, Gurbaa warra banii Ghifaar tokkootu eela Ruumaa ja'amu qabaachuu ture.

Bishaan Isii bareedaa waan tureef bishaan san midhaan muddii takka (midhaan shanacha lamaan harkaatiin) gurguraa ture.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: “Eenyuutu eela Ruumaa bitee tan Isii caaltu Jannatatti argatta?” jennaan.

Usmaan bin Affaan Rabbi irraa haa jaalatuu, qabeenya Isaatiin bitee Muslimootaaf akka taatu godhe.

Israa'i fii Mi'raaj keeysatti Salaanni shanan Raka'aa lama lamaan dirqama taate, salaata Maghriibaa malee, isiin raka'aa Sadii turte.

Egas wahyiin dhuftee salaata raka'aa lama lamaa irratti rak'aan lama lama Zuhrii, Asrii fii Ishaa'ii irratti dabalamte, akkasitti salaanni

Abdullaahi bin Salaam qissaa Islaamawu Isaa akkatti hima:

Hoggaa Shahaadaa qabadhe Nabiyyiin Yaa Ergamaa Rabbii! Yahuudaan orma dhara namarra kaayu, yoo Islaamawu kiyya beekan waa'ee kiyya kijiba siif himan, Isaanitti nama ergii waa'ee kiyya gaafadhuun. Je'een.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam nama itti ergee dhufan. Rasuulli sallallaahu aleyhi wasallam Yahuudootaan: “Abdullaahi bin Salaam Isin kheeysatti nama akkami?” je'een. Yahuudoonni: “Inni filamaa ilma filamaa keenyaati, beekhaa ilma beekhaa keenyaati.” Ja'aniin.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam: “Yoo inni Islaamawe akkam laaltan?” je'een. Yahuudoonni: “Rabbitti maganfanna waan akkasii sanirraa.” ja'aniin.

Abdullaahi bin Salaam itti gad bahee “Ash'hadu An Laa Ilaah illaah Illallaah, wa Ash'hadu anna Muhammadan Rasuulallaah” je'e.

Yahuudoonni Islaamawuu Isaa agarraa: “Inni irra badaa ilma badaa keenyaati, irra wallaalaa ilma wallaalaa.” ja'aniin.

Abdullaahi bin Salaam hoggaa san arge Rasuulaan sallallaahu aleeyhi wasallam: “Kana wannin Isaan irraa sodaachaa ture.” Je'een.

Lu'lu'u Al-Maknuun: 2/222-225

sadeen raka’aa afur afur taate.

Warri banii Salimaa ganda Isaanii irraa buqqa’anii Masjida Nabiitti dhihaatanii qubatu fedhan. Gandi Isaan xarafa Madiinaati ture.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Madiinaa moggaa fii naannoon isii akka qullaa hin taaneef Isaan dhorge.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Isaaniin: “Yaa Banii Salimaa! ganda keeysan taa’aa, tarkaanfii teeqsaniin Sawaabaatu Isiniif katabama” jedheen.

Akkasitti ganda Isaaniitti sabatan.

Jalqaba Jihaadaa

Hoggaa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Madiinaa kheesatti Raga’e, Wahyiin Jihaada karaa gootu Isarratti buute.

Rabbiin ol tahe akkana je’e:

أُذِنَ لِلَّذِينَ يُقَاتِلُونَ بِأَنَّهُمْ ظَلَمُوا ۖ وَإِنَّ اللَّهَ عَلَىٰ نَصْرِهِمْ لَقَدِيرٌ

“Warra Isaaniin lolameef (Jihaadni/ifirraa loluun) hayyamameefi jira, sababaa Isaan miidhamaniif jecha. Allaah Isaaniif tumsuurratti dandahaadha.”

Al-Hajj: 39

Siiraa Rasuulaa Sallallaahu Aleeyhi Wasallam keesatti “Al-Ghazwaa” hoggaa ja’an duula Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam ifiif keesatti argame itti baanan. Duula san kheesatti lolli argamus, argamuu baatus waan inni kheesatti argameen Al-Ghazwaa ja’aniin.

Ghazwaa (Duulli) Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam godhe 21, tan duraa Duula “Waddaan” ja’amti, tan xumuraa Duula “Tabuuk” ja’amti.

Duulli Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam keessa hin jirre “Sariyyaah” ja’amti. Garee waraanaa ykn ergamtuu waraanaa ykn

Murna waraanaati.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam Sariyyaan (Ergamtuun Waraanaa) tan dura erge, bara Hijrii 1ffaa Ramadaana Kheeyisa ergamte. Hogganaan Hamzaa bin Abdu Al-Muxxalib ture. Sababaan Ergamtuun waraanaa sun ergamteef Daldaltuu/Shammadduu Kuffaara Qureeyshii karaatti qabuu fii booji'uuf ture.

Eegas Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam Shawwaal Amata Hijraa 1ffaa kheeysatti ilma Adeera Isaa Ubeeydaa bin Al-Haaris bin Abdu Al-Muxxxalib Murna waraanaa irratti hogganaa godhee erge. Sababaan Isaan ergamaniif daldaltuu Qureeyshii karaatti qabanii qabeenyaa fii warra isiin deemu tohachuuf. Gareen Waraanaa sun daldaltuu Qureeyshiitiin walqunnamtee xiyya walitti darbatanii turan.⁵²

Eegas Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam Sa'ad bin Abii Waqqaas Ergamtuu waraanaa irratti hogganaa godhe erge. Sababaan ergamtuu saniitis Shammadduu Qureeyshii karaatti qabuufi. Daldalatuun Qureeyshii dheeysitee harkaa baate.

Namni Muslimoota irraa Madiinaatti dura du'e Kulsuum bin Al-Hidm ja'ama Rabbi irraa haa jaalatu, Maanguddoo Umriin guddaati ture.

⁵² . Waraanni Muslimootaa bakka Ah'yaa ja'amutti Mushrikoota Makkaah kan Shaam irraa shammadatee gama Makkaa gala jiru dhaqaban. Waraanni Muslimaa nama 60 hoggaa tahu, Shammadduun Qureeyshii nama 200 ni tahan, hogganaan Isaanii Abuu Sufiyaani. Waraanni lamaan walitti dhihaatanii xiyya gamaa fii gamanaa walitti darbatan.

Sa'ad bin Abii Waqqaas xiyya yeroo duraatiif Islaama kheeysatti Muslimarraa gama Kaafiraa darabamu guyyaa san darbe.

Ji'a Safar Hijraa booda baatii 12ffaa mataa irratti Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam Duula Isaa tan duraa godhe. Isiin "Ghazwatu Abwaa ykn Waddaan" Duula Waddaan jechuun yaamamti. Sababaan duula sanii Daldaltuu Qureeyshii karaatti qabuufi.

Eegas Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam Ji'a Rabi'u Al-Awal hijraa booda baatii 13ffaa irratti Duula Lammaffaa godhuuf bahe. Duulli sun Duula "Ghazwatu Bawaax" jechuun beekkamti. Sababaan duula Saniitis Daldaltuu Qureeyshi karaatti dhawuufi.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam duula sadaffaa "Ghazwatu Al-Usheeyraa" ja'amtu godhe. Ji'a Jamaada Al-Aakhiiraa Hijraa booda baatii 16ffaa mataarratti argamte.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Duula Al-Usheeyraa boodaan halkan muraasa Madiinaa Bulee ammas duula biraatiif bahe. Duulli sun "Ghazwatu Safwaan" jechuun moggaafamte. Akkasumas Duula Badrii tan Duraa "Ghazwatu Badri Al-Uulaa" jechuunis ni moggaafamti.⁵³

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam Ergamtuu waraanaa irratti Abdullaahi bin Jah'shi Rabbi irraa haa jaalatuu, hogganaa godhee erge. Bakka Nakhlaa ja'amtutti Isa erge. Sababaan Isiitis, Daldaltuu Qureeyshii karaatti akka dhaqqabaniifi. Abdullaahi daldaltu san ni

⁵³ . Sababaan duula Safwaan ykn Badri Al-Uulaa nama Kurzi bin Jaabir Al-Fihrii ja'amuutu Mogga Madiinaa waraanaan dhufee girgireeyse.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam Sahaaboota 70 wajjiin gama Isaa bahe. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam barbaacha Isaatiif hanga bakka Safwaan ja'amtutti deeme. Bakki sun mogga Badriitti argamti.

Rasuulli sallallaahu Aleeyhi wasallam Kurzi bin Jaabir hin dhaqqabne, Osoo hin qunnamin gama Madiinaa deebi'e.

⁵⁴ . Ergamtuun waraanaa Abdullaahi bin Jah'shiin hogganamtu bara hijraa 2ffaa, Baatii Rajabaa kheysa ergamte.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam xalayaa katabee Abdullaahi bin Jah'shii guyyaa lama eega imala deeme booda akka banee dubbisuu fii nama Isa waliin jiru akka hin dirqisiisne isa ajaje.

Abdullaahi imala guyyaa lamaa booda xalayaa hoggaa banu, akkana jetti: "Hoggaa xalayaa tiyya tana garte, deemsa kee itti fufi hanga bakka Nakhlaa ja'amtu tan Makkaa fii Xaa'if jidduu jirtu geeysutti. Hoggaa achi geeyse waa'ee Qureeyshii nuuf qoradhu, oduu isaanii nuuf bari."

Abdullaahi xalayaa dubbisnaan: "Dhagayee qeebale!" je'e. San booda Waahiloota isaa nama 12 ykn 18 tahaniin: "Ergamaan Rabbii hanga Nakhlaa akka deemsa itti fufuu fii achi hoggaan gahe waa'ee Qureeyshii akkan baree oduu fiduuf na ajaje, Nama tokkollee akka naa wajjiin deemsa itti fufan dirquu irraa na dhawwe, namni isinirraa Shahidummaa fedhu haa deemsa itti fufu, kan jibbe haa deebi'u, ammoo ani gama waan Rasuulli sallallaahua aleeyhi wasallam na ajajeetin dabra." Je'een. Abdullaahi deemsa itti fufe, waahiloonna Isaa hunda wajjiin deemsa itti fufan.

Duula Sanirratti namni lama Gaala tokko wal taraa yaabbata. Sa'ad bin Abii Waqqaas fii Utbaa bin Ghazwaan Rabbi irraa haa jaalatuu Gaala wal taraa yaabbachaa turan. Karaatti Gaalli Sa'ad bin Abii Waqqaas fii Utbaa bin Ghazwaan jalaa bade. Isaan lamaan Gaala Isaanii barbaada karaatti Abdullaahi bin Jah'sh jala hafan.

Abdullaahi fii warri Isaa wajjiin hafe deemsa itti fufanii bakka Nakhlaa ja'amtu gahanii qubatan. Isaanii Nakhlaa qubate Shammadduun Qureeyshii tan Shaamii gala jirtu isaan bira dabarte. Daldaltuun Qureeyshii san kheysa Amr bin Al-Hadramii, Usmaan fii Nowfal ilmaan Abdullaahi bin Al-Mughiiraa, Al-Hakam bin Keaysaan-faatu jira. Hoggaa Sahaaboota Nakhlaa qubate halaalaa argan ni sodaatan. Xiqqo Isaanirraa achi fagaatanii qubbatan. Sahaaboota irraa Ukaashaa bin Muhsin mataa haaddatee waan jiruuf lafaa ka'ee dhaabbate.

Shammadduun Qureeyshii nama mataa haaddate agarraan: "Warra Umraati, rakkoo irraa hin sodaatinaa" waliin ja'anii Gaala dheedaaf gad lakkisan.

Muslimoonni waa'ee Shammadduun Qureeyshii irraa wal mari'atuutti seenan. Guyyaan sun Ji'a Rajab kan dhumaati. Rajabni baatii kabajamaa lolli kheysatti dhorgaati. Wanni Isaan waliin ja'an: "Yoo jara kana edanu dhiifnee nagayaan bulan, Ganama Makkaa (harama) seenan, lolli Isii kheysatti hin tahu, yoo kaatanii

lollataniin Rajab kheeyisa lolli dhorgaa.” haala Kanaan eega yaada wal dabarfatan booda ummata Qureeyshii dhahuu fii horii Isaanii Booji’uuf murteeysan.

Gama Muslimaati Waaqid bin Abdullaahi At-Tamiimii Kaafirticha Amr bin Al-Hadramii ja’amu xiyyaan darbatee ajjeese. Daldaltuu sanirraa lama Usmaan bin Abdullaah fii Al-Hakam bin Keeysaan ni booji’aman. Nowfal bin Abdullaahi dheeysee harkaa bahe. Akkasitti Qabeenya jarri deemuun hunda booji’atanii, jara lamaan wajjiin Madiinaatti galan.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa itti deebi’an: “Ani ji’a kabajamaa (Rajaba) kheeyisa lolaa ja’e isin hin ergine.” Ja’een. Waan Isaan booji’anii fidanis harkaan hin tuyne.

Muslimoonni dubbi Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam dhageenyaan ni gaddan, dalagaa Isaaniitirraa hedduu sheenawan.

Booda Rabbiin Aayaata Buusee dubbi Saniif murtii kenne.

Rabbiin ol tahe akkana ja’e:

يَسْأَلُونَكَ عَنِ الشَّهْرِ الْحَرَامِ قِتَالٍ فِيهِ قُلْ قِتَالٌ فِيهِ كَبِيرٌ وَصَدٌّ عَنْ سَبِيلِ اللَّهِ وَكُفْرٌ بِهِ وَالْمَسْجِدِ الْحَرَامِ وَإِخْرَاجُ أَهْلِهِ مِنْهُ أَكْبَرُ عِنْدَ اللَّهِ وَالْفِتْنَةُ أَكْبَرُ مِنَ الْقَتْلِ

“Ji’a kabajamaa kheysatti lolli godhamurraa si gaafatan, Ja’iin lolli isii kheysatti (Godhamuun) Allaah biratti (cubbuu) guddoo, Ammoo Karaa Allaah irraa (nama) deebisuu, Isatti kafaruu (amanuu diduu), Masjida Haram irraa (dhorguutu), Warra Isaa (warra masjida Harama Muslimoota) Isarraa baasuutu Rabbi biratti sanirra (Ji’a kabajamaa kheeyisa ajjeesurra) cubbuu guddoodha. (Muslimoota akka kafaran) cinquutu Ajjeechaarra guddoodha.”

Al-Baqaraa: 217

Hoggaa Aayaanni tun buute, Muslimoonni ni gammadan, Gaddaa fii yaada kheeyisa seenanirraa bahan. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Booji’amoo lamaanii fii Qabeenya booji’ame eega Aayaanni buute booda harkaan qabate.

Qureeyshiin nama lamaan irraa booji’ame baafachuuf dhufan. Rasuulli sallallaahu Aleeyhi wasallam Sa’ad bin Abii Waqqaas fii Utbaa bin Ghazwaan hanga deebi’anii jara gad lakkisuu dide.

Sahaaboonni lamaan Gaala barbaadachuuf Waraana Abdullaahi bin Jah’sh jalaa hafanii addaan badanii turan. Eegas jarri lamaan nagayaan Madiinaatti deebinaan, Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Booji’amoo Qureeyshii lamaan gad lakkise.

Lu’lu’u Al-Maknuun: 2/307-312

Amr bin Al-Hadramii namni ja'amu gaafa san ajjeefame. Inni nama dura Mushrikootarraa Muslimni ajjeese. Mushrikootarraa Usmaan bin Abdullaahi fii Al-Hakam bin Keeysaan ni booji'aman. Muslimoonni Qabeenya daldaltuu sanii hunda booji'anii Madiinitti galaniin.

Ergamtuu waraanaa Abdullaahi bin Jah'shi hogganu san keeysatti Kaafirarraa yeroo duraatiif Muslimootaan namni ajjeefame, Booji'ame, Qabeenyii Isaanitis yeroo duraatiif Muslimootaan booji'ame.

Ji'a Rajab walakkaa, Amata Hijrii 2ffaa kheeysatti Wahyiin Qiblaa Masjid Al-Aqsaa irraa gama Ka'abaa kabajamtuutti jijjirtu Rasuula Sallallaahu Aleeyhi wasallam irratti buute.⁵⁵

Amata Hijiraa lammaffaa, baatii Sha'baan kheeyssa Wahyiin Soomana Ramadaanaa dirqama gootu Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam irratti buute.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam waliigalatti Ramadaana 9 soomane.

Ji'a Sha'baan, Amata Hijrii 2ffaa keeyssa Zakaatu Al-Fixriin dirqama godhamte. Zakaa Qabeenyaa dura Zakaatu Al-Fixriitu dirqama tahe.

Duula Badrii Guddoo

Amata Hijrii 2ffaa, Baatii Ramadaanaa kheeyssa duulli Badrii guddittiin (Ghazawatu Badri Al-Kubraa) godhamte. Rabbiin haqaa

⁵⁵ . Hadiisa Bukhaarii fii Muslim baasan kheeysatti Al-Baraa'i bin Aazib Rabbi irraa haa jaalatu: "Ergamaa Rabbii sallallaahu aleeyhi wasallam wajjiin gama Beeyt Al-Maqdas gargallee baatii 16 ykn 17 salaanne, eegas gama Ka'abaa gargalle." Je'e.

fii dhara guyyaa san kheesatti addaan baase.⁵⁶

⁵⁶ . Gabaabinaan Duulli Badrii guddittiin guyyaa Jum’aa, Ramadaana 17, Bara Hijrii lammaffaa kheeya godhamate. Duula Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam godheraa Isiin 5ffaadha. Rabbiin duula Badrii “Yoowm Al-Furqaan” Guyyaa dhugaa fii dharri addaan bahe jechuun Qur’aana kheesatti dubbate.

Sababaan Duulli Badrii argamteef: Abuu Sufiyaan bin Harb Shaam irraa Shammada Qureeyshii guddaa qabatee gama Makkaa akka deemaa jiruutu Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam dhaqqabe.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam Qabeenya Qureeyshii guddaa karaa jiru san dhageenyaan Sahaabootaan: “Shammadduun Qureeyshii (dhufaa jirti), Qabeenya Isaaniitis harkaa qabdi, Gama Isii bahaa Rabbiin Boojuu teeyyan godhuutu mala.” Je’een.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam akka Isaa wajjiin bahan dirqama hin goone. Sahaaboota irraa nama yeroo sanitti haalli mijjateef qofaatu wajjiin bahe. Isaa wajjiin nama 319-tu bahe.

Muslimoonni gama Badrii hoggaa bahan hedduun Isaanii miilaan deemaa turan, Gaala 70 qofaatu wajjiin jira. Namni sadii Gaala tokko wal faraaqaa yaabbatan. Farda tokko qofa kan Muslimoonni qaban, sanis Miqdaad bin Amri (Miqdaad bin Al-Aswad) namni gulufuun.

Abuu Sufiyaan gama Isaatiin oduu Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam ifirraa qorataati karaa deema. Oduun bahinsa Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam Isa geenyaan Damdam bin Amr Al-Ghifaarii gama Makkaati erge.

Damdami bin Amri fiigaa Makkaah seenee lallabaa: “Yaa tuuta Qureeyshii! horii kheeyyan kan Abuu Sufiyaan wajjiin jiru dhaqqabaa” je’een.

Mushrikoota Makkaa hattattamaan nama 1319 qabatanii bahan. Waraanni Qureeyshii Farda 100, Meeshaa waraanaa Sibiila irraa tolfame kan qomatti kaayatan 600, Gaala lakkooyaan akka malee hedduu qabatanii bahan.

Bakka Juhfaa ja’amtu hoggaa gahan Abuu Sufiyaan horii Qureeyshiitiin akka miliqe isaan beeysiisuuf nama itti erge.

Abuu Jahli: “hin deebinu, Hanga Badri dheeynee guyyaa 3 bullee, achitti Gaala qalannee, farshoo dhuynuutti.” Jechuun deebi’uu irraa nama dhorge.

Akhnas bin Shureeyq Gosa Bani Zuhraa irraa nama tahe hunda Abuu Jahli faalleeysee nama 300 fuudhee gama Makkaa deebi’een.

Guyyaan haqaa fii dharri itti adda bahe ni dhufe. Ramadaanaa amata Hijrii 2ffaa, guyyaa 17ffaa Jum'ata. Guyyaa san Rabbiin “Yoowm Al-Furqaan” jechuun moggaase.

Waraanni lamaan Badrii dhufanii lolaaf wal fuullee dhaabbatan. Lolli eegalamuuf deema.

Qureeyshii irraa namni sadii achi bahee nama sadii nuuf gad baasaa jechuun dhaaddatan. Aadaa lola zamana sanitti waliif bahee namni tokko tokkoon wal laalla. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam nama sadii achi baaseef. Isaanis:

1. Ubeeydaa ilma Al-Haaris bin Abdu Al-Muxxalib Ilma Adeera Rasuulaati sallallaahu aleeyhi wasallam.
2. Hamzaa bin Abdu Al-Muxxalib Adeera Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam.
3. Aliyyi bin Abii Xaalib ilma Adeera Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam.
 - Ubeeydaan Utbaa bin Rabi'aa wajjiin.
 - Hamzaan Sheeybaa bin Rabi'aa wajjiin
 - Aliyyi Al-Waliid bin Utbaa wajjiin wal dura dhaabbatan.

Hamzaa fii Aliyyi warra bahaniif ajjeesuuf xiqqollee hin turre. Garuu Ubeeydaa fii Utbaan dhahinsa hamaa wal dhahanii lamaanuu kufan. Hamzaa fii Aliyyi Utbaa ajjeesanii Ubeeydaa miilli murame fuudhanii gama Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam deebi'aniin.

Qureeyshii Jeynoota isii sadii bakkatti dhabuun aaristee fiigaa lolatti if darbite.

Rabbiin Muslimootaaf tumsee lolli Injifannoo Muslimootaatiin dhumate.

Lakkoofsa xiqqaa saniin qophii malee bahanii Rabbiin tumsa guddaa fakkaataa hin qabne tumseefii Injifannoon galan.

Rabbiin ol tahe akkana je'e:

وَلَقَدْ نَصَرَكُمُ اللَّهُ بِبَدْرٍ وَأَنْتُمْ أَذِلَّةٌ فَاتَّقُوا اللَّهَ لَعَلَّكُمْ تَشْكُرُونَ

“Dhugumatti Badritti Rabbiin Isiniif tumsee jira, kan isin waa xiqqoo (Xiqqaatoo) turtan. Allaah sodaadha, akka Isaaf galata galchitaniif.”

Al-Imraan: 123

Muslimootarraa lola Badrii irratti nama 14 kan wareegame. 6 Muhaajiroota irraahi, 8 Ansaara irraahi Rabbi irraa haa jaalatu.

Kaafiroota irraa ammoo nama 70 kan ajjefame, 70 kan booji'ame, warri booji'ame guddinaan hoggantoota.

Injifannoo boodaan Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Badri guyyaa 3 ture. San booda Sahaaboota Isaa wajjiin gama Madiinaa deebi'e.

Haala saniin duulli Badrii guddittiin raawwatte.

Rabbiin duula Badri Qur'aana keeysatti dubbatee tan zalaalam yaadatamtu Isii godhe. Badri Duulootaa biraatin addatti waan hedduun Rabbiin kophaa Isii baase. Warra Isii irratti hirmaatallee Sahaabootarraa irra caaloo Sahaabaa tahuun adda isaan godhe.

Duula Badrii guddittiidhaan Rabbiin Nabiyyii Isaatiif sallallaahu aleeeyhi wasallam tumsa guddaa tumseefii Injifannoon gammachise. Rabbiin Isiidhaan Muslimootaa ol qabe.

Duula Badrii fii Duula Uhud jiddutti waan argame.

Ruqiyyaa intalti Nabiyyii sallallaahu aleeeyhi wasallam lola Badri guddittii booda duute. Jaarsi isii Usmaan bin Affaan ture. Usmaan Isiirraa ilma Abdullaahi ja'amu argate, garuu Jollummaan du'e.

Amata Hijiraa Lammaffaa Shawwaal 1, Iid Al-Fixriin jalqabaa Islaama keeysatti yeroo duraatiif Muslimootaan Iidame.⁵⁷

Bara Hijiraa 2ffaa keeysa Aliyyi bin Abii Xaalib Faaximaa intala Rasuulaa sallallaahu aleeeyhi wasallam fuudhe.

Aliyyi bin Abii Xaalib Faaximaa irraa ilmaan argate. Isaanis:

1. Hasan
2. Hussein
3. Muhassin
4. Ummu Kulsum
5. Zeeynab

Ji'a Shawwaal bara Hijiraa 2ffaa keeysa duulli Banii Qeeynuqaa'a

Lu'lu'u Al-Maknuun: 2/331-495

⁵⁷ . Iid Jalqabaa Islaamaa kheeysatti Iida Hijiraa 2ffaati. Iid sun Injifannoo Badrii booda guyyaa Muraasa kheeysatti kabajamte.

(Ghazwatu Banii Qeeynuqaa'a) godhamte.⁵⁸

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Yahuudaa gosa Qeeynuqaa'a Jogola Isaanii keeysatti isaan marse. Harka kennanii Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Madiinaa keeysaa Isaan yaase.

Zul Hijjaah amata hijiraa 2ffaa duulli As-Sawiiq (Ghazwatu As-Sawiiq) godhamte. Sababaan Isii, Abuu Sufiyaan Moggaa Madiinaa irratti lola banee nama Ansaaraa tokko ajjeese. Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Nama 200 wajjiin Madiinarraa duula saniif bahe.⁵⁹

⁵⁸ . Yahuudaan Banii Qeeynuqaa'i Warra Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam gaafa dura Madiinaa dhufe waliigaltee walii katabeen kheesaa takka. Hoggaa duula Badrii irratti Injifannoon tan Islaamaa taatu garaan Isaan gubatee, waanyoon (hisdummaan) Isaan macheesitee Waliigaltee diigan.

Yahuudaan Banii Qeeynuqaa'i waliigaltee diiganii Madiinaa kheesatti shororkaa kaasuuf socha'ii jalqaban. Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam Isaaniin loluuf itti bahe. Isaan Xarafa Madiinaa Qubatan. Hoggaa Rasuula Sallallaahu Aleeyhi wasallam argan Jogola Isaanii seenanii cufatan. Guyyaa 15 guutuu Jogola kheesatti eega Marfaman booda harka kennan. Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam guyyaa Sadii kheesatti Qabeenyaa fii Ilmaan isaanii fudhatanii akka bahan Isaanitti Murteeyse. Akkasitti Madiinaa ari'aman.

Lu'lu'u Al-Maknuun: 2/530

⁵⁹ . Abuu Sufiyaan Shaam irraa Shammada Qureeyshiitin nagayaan Makkatti gale. Garuu warri lolaaf bahe Kasaaree gale. Dubbiin Badritti argamte hedduu waan Isaan Madeesiteef Abuu Sufiyaan hanga Muhammad itti duulee dhiiga Qureeyshii kafalutti mataa kiyya bishaan hin tuqu je'ee kakatee silaata seene. Qodhaa Isaa san guutuuf waraana 200 qabatee gama Madiinaa bahe. Halkan moggaa Madiinaa bakkaa Al-Ariid ja'amutti nama tokko Ooyruu kheesatti ajjeesanii, Ibidda Ooyrutti khaayanii gama Makkaa deebi'an.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam dhageenyaan Isaan barbaacha jala bahe. Abuu Sufiyaanii fii Waraanni Isaa qalqalloo dakhuu garbuu qabdu haraa fiigicha gama Makkaa itti fufan. Wanni Qalqalloo Sinqii Isaanii qabdu facaasaa orihaniif ulfina ifirraa sablisuufi.

Zul Hijjaah 10, Amata Hijiraa 2ffaa Iid Al-Ad'haa yeroo duraatiif Muslimoonni kabajan. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam guyyaa san Korbeeysa re'ee lama qale.

Zul Hijjaah bara Hijiraa lammaffaa keeysa Usmaan bin Maz'uun du'e. Rasuulli sallallaahu Aleeyhi wasallam salaata Janaazaa irratti salaate. Baqi'i qabrii ja'amtutti awwaalame. Muhaajiroota irraa namni dura Qabrii Baqi'ii-tti awwaalame Usmaan bin Maz'uuni.

Ji'a Muharram bara Hijira 3ffaa Duulli banii Suleeym Argamte (Ghazawatu banii Suleeym). Duula san "Ghazwatu Qarqaratu Al-Kudri" jechuunis ni moggaafamti. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Nama 200 wajjiin Madiinaa bahe. Sababaa Isii, warra banii Suleeym-tu Nabiyyii Sallallaahu aleeyhi wasallam irratti lola banuuf waraana walitti qabataa jira jechuutu Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam dhaqabe.⁶⁰

Muharram keeysa bara hijiraa 3ffaa Duulli "Ghazwatu Zii Amr"

Rasuulli sallallaahu Aleeyhi wasallam guyyaa shaniif eega Isaan barbaadaaf jala bahe booda Madiinatti deebi'e. Muslimoonni hoggaa Madiinatti deebi'an Garbuu Daakkamaa hedduu qabatanii dhufan, Saniif "Ghazwatu As-Sawiiq" duula daakhuu Garbuu (bassoo) akka jechuuti.

Lu'lu'u Al-Maknuun:2/ 533-535

⁶⁰ . Rasuulli sallallaahu Aleeyhi wasallam waraana 200 qabatee Madiinaa bahe. Gosti banii Suleeym fii Ghaxfaan bakka Qarqaratu Al-Kudri ja'amutti waraana walitti qabataa turan. Rasuula Sallallaahu Aleeyhi wasallam irratti lola banuuf walitti qabamaa jiran.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam bakka Isaan waraana itti wali qabaa jiran Sanitti Isaan dhaqqabuuf bahe. Hanga Qarqaratu Al-Kudrii gahuutti guyyaa sadii karaa deeme. Hoggaa achi gahe nama tokkollee achitti hin agarre, lolli hin taane, rakkoon Isaan dhaqqabdes hin jirtu.

Lu'lu'u Al-Maknuun: 2/544

ja’antu godhamte. Duula san “Ghazawatu Ghaxfaan” jechuunis ni moggaasan. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam nama 450 waliin Madiinaa bahe. Sababaan isii, warri Ghaxfaan lolaaf walitti qabamaa jiraachuutu dhagayame.⁶¹

Ji’a Jamaada Al-Aakhir, bara Hijrii 3ffaa keeysa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam murna waraanaa takka Zeeyd bin Haarisaa hogganaa irratti godhee erge. Sababaan ergamaniif Daldaltuu Qureeyshii qabeenyaan deemtu karaatti qabuufi. Murni Waraanaa Zeeydiin hogganamtu sun qabeenya Qureeyshii boojitee galteen.

Rabi’u Al-Awwal, bara Hijiri 3ffaa Usmaan bin Affaan Ummu Kulsum intala Nabiyyii Sallallaahu aleeyhi wasallam fuudhe. Eega Obboleeytiin Isii Ruqqiyyan duute booda Isii fuudhe. Usmaan Ummu Kulsum irraa ilmoo hin arganne.

Baatii Sha’baan, bara Hijiraa 3ffaa keeysa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Hafsa bint Umar bin Al-Khaxxaab fuudhe. Jaarsii Isii kan duraa Khuneys bin Huzaafaa Rabbi irraa haa jaalatuu, ni du’e.

Ji’a Ramadaanaa, bara hijiraa 3ffaa keeysa Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Zeeynab bint Khuzeeyma Al-Hilaaliyyaa fuudhe. Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam wajjiin Isiin baati 2 ykn 3 qofa jiraattee duute.

Duula Uhud irraa hanga duula Banii Nadiir

⁶¹ . Duula Zuu Amrii ykn Ghaxafaan sababaan argamteef, Gosti Ghaxfaan bakka Zii Amri ja’antu Madiinaa irratti lola banuuf waraana walitti qabaa jiraachuutu Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam dhaqabe. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam waraana 450 wajjiin Madiinaa bahe. Mushrikoonni dhageenyaan dheeysanii addaan faca’an. Lolli osoo hin argamin Madiinatti deebi’an.

Baatii Shawwaal, Amata Hijiraa 3ffaa keeysa Duulli Uhud beekkamtuun godhamte.

Duulli Uhud irra ulfaattuu duuloota Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam gaggeeysee irraa lakkaawamti.

Duula Uhud keeysatti Ilkeen Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam ni caphsamte, kooffiyyaan Sibilaa mataa Isaa irratti caphxee mataa isaa urte. Balaan gaafa san akkaan jabaatte.

Duulli Uhud Sahaabootaaf qormaata guddaa turte. Nabiyyii Sallallaahu aleeyhi wasallam akkamitti akka ittisan Rabbi Isaan mukkore, Sahaaboonnis haala gaariin qormaata san dabran.

Duula Uhud irratti Sahaaboota 70 kan Shahiidummaan kufan Rabbi hunda Isaanii irraa haa jaalatu. Hamza bin Abdu Al-Muxxalib Adeerri Rasuulaa Sallallaahu aleeyhi wasallam gaafa Uhud wareegamee Shahiidee tahe.

Duula Uhud irratti Jaalalli Sahaaboonni Rasuulaaf Sallallaahu aleeyhi wasallam qaban dhugaan ifee mullate.

Sahaaboonni akka Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam balaan hin tyyneef Lubbuu Isaanii dabarsanii kennan.

Duula Uhud irratti Rabbiin warra dhugaan amanee fii Munaafiqoota addaan baase. Guddichi Munaafiqootaa Abdullaah bin Ubayyi bin Saluul gaafa San saaxilame.

Duula Uhud irratti Abuu Dujaanaa Sahaabaan Rasuulaa Sallallaahu aleeyhi wasallam Seeyfi Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam haqa isiin qabdu nin guuta jechuun fudhate. Malaaykaan gaafa san gadi buute. Hanzalaa bin Aamir gaafa san Malaaykaatu dhiqe.⁶²

⁶² . Hanzalaa bin Aamir jeeynoota gaafa lola Uhud wareegaman kheeysaa tokko. Kitaaboota siiraa kheeysatti “Ghasiil Al-Malaa’ikaa” Khan Malaaykaan irraa dhiixxe jechuun beekkama. Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam: “Waahila kheeysan Hanzalaa Malaaykaatu irraa dhiqe, Jaartii Isaa gaafadha.” jechuun Sahaabootaaf

Duula Uhud irratti Rabbiin Ergamaa Isaa sallallahu aleeyhi wasallam du'aan akka Isaan jidduu fuudhuu dandahu Sahaaboota barsiise.

Duula Uhud irraa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam gama Madiinaa deebi'e. Dubartoonni Muslimoota wareegamaniif akka malee booyan. Rasuulli sallallaahu Aleeyhi wasallam nama du'eef iyyuu fii booyichaan daangaa dabruu irraa gaafa san dhorge.⁶³

Duulli Uhud barnoota fii gorsa guddaa qabdi. Ibnu Al-Qayyim kitaaba Isaa Zaad Al-Mi'aad keeysatti barnootaa fii gorsa isii keeysatti argamu haala bareedaan ibsee jira.

Muharram bara Hijirii 4ffaa keeysa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Abuu Salamaa waraana 150 waliin hogganaa godhe erge. Sababaan ergamaniif Xuleeyhaa bin Khuweeylid nama ja'amuutu

hime. Sahaaboonni Jaartii Isaa waa'ee sanirraa gaafatan, Jaartiin Hanzalaa akki jette: "Hanzalaan yaamicha Jihaadaa dhageenyaan osoo Janaabdaa ifirraa hin dhiqatin manaa bahe."

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: "Saniifi, Malaaykaan qaama irraa dhiixxe" je'e.

Lu'lu'u Al-Maknuun: 2/601

⁶³ . Jaalala addaa! Tan Gaafa Uhud Mullatterraa:

Intalti Gosa diinaar takka dubartoota Madiinaa wajjiin warra duula Uhud irraa galaa jiran qeebaluuf baate. Jaarsi Isii, Obboleesaa fii Abbaan Isii Uhuditti wareegamanii jiran. Jaarsii kee, Obboleesaa keetii fii Abbaan kee wareegaman jechuun itti himan. Isiin: "Rasuulli Rabbi Sallallaahu aleeyhi wasallam maal tahe?" jettee gaafatti.

"Yaa Haadha Abaluu, inni nagaya qaba, Alhamduliillaah." ja'aniin.

"Mee na agarsiisaa hangan Isa argutti." Jetii.

Bakka Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam jiru itti akeekan, hoggaa Isa agarte: "Musiibaa hundi si boodaan laaftuudha." Jette.

Lu'lu'u Al-Maknuun: 2/687-688

Madiinaa irratti lola banuuf waraana walitti qabataa ture.

Abuu Salamaan waraana Isaa 150 wajjiin bakka jarri Xulheeyhaa itti walitti qabaman hoggaa dhaqan, Ormi sodaatee addaan faca’e. Abuu Salamaan nagayaan Madiinatti deebi’e. Madiinatti akkuma deebi’een Madaan gaafa Uhud Madaawe itti hammaattee du’e.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Abuu Salamaaf Rabbi kadhate: “Yaa Allaah! Abuu Salamaa Araaramiif, Sadarkaa Isaa ol fuudhi, Maatii Isaa kheesatti bakka buusiif, nuu fii Isaafillee araarami Yaa Rabbii Aalamaa.” Je’e.

Ji’a Muharram, amata Hijrii 4ffaa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Abdullaahi bin Uneys akka Khaalid bin Sufiyaan Al-Huzalii ajjeesuuf Isa erge. Khaalid bin Sufiyaan Al-Huzaliin Madiinaa irratti lola banuuf namoota hedduu walitti qabataa ture.

Abdullaahi bin Uneys Rabbi Isaaf mijjeeysee Khaalid bin Sufiyaan Al-Huzalii ajjeese. Inni duunaan tuutti inni Madiinaa irratti lola banuuf walitti qabataa ture addaan facaate.

Hoggaa Abdullaahi bin Uneys Madiinaatti deebi’u Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam haalaan gammade. Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam: “Milkaawe fuulli” Abdullaahi bin Uneysiin je’e.

Eegas Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Abdullaahi bin Uneysiif Ulee takka kenneefii akkana ja’een:

“Tuni anaa fii si jidduutti guyyaa qiyaamaa mallattoodha.”

Abdullaahi bin Uneysi gaafa du’e Uleen sun Isaa wajjiin awwaalante.

Ji’a Safar, Amata Hijirii 4ffaa keeysa Ergamtuun waraanaa “Sariyyatu Ar-Rajiihi” ja’amuun beekkamtu ergamte. Gaafa san Sahaaboonni 10 ni ajjeefaman. Bani Lihyaan Isaan gantee ajjeefte. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam balaa Sahaaboota irra gahe

saniin gadda guddaattu itti dhagayame.⁶⁴

Ji'a Safar, bara Hijiraa 4ffaa keeysa Balaan biraa tan "Bi'iri Ma'uunaa" ja'amtu Sahaaboota tuyxe, Ergamtuun waraanaa sun warra haalaan Qur'aana qara'uu (Sariyyatu Al-Qurraa'i) jechuun beekkamti. Sahaaboonni Rasuulaa Sallallaahu aleeyhi wasallam 70 kan Qur'aana qara'uun beekkaman bakkatti gaafa san ajjeefaman. Gosa Ra'iil fii Zakwaantu shira ganiinsaa Irratti dalage.

Balaan gaafa "Bi'iri Ma'uunaa" argamte sun irra guddoo Musiibaa Muslimoota qunnamteeti. Saniif jecha Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam Gosoota Sahaabaa ganiinsaan fixxe sanirratti baatii guutuu Qunuuta godhe (Salaata keeysatti Rak'aa dhumaa hoggaa jilbarraa ol deebi'e Rabbi kadhate).

Duula Banii An-Nadiir irraa hanga Khandaq

Bara Hijirii 4ffaa, Baatii Rabi'uul Awwal keeysa Duulli Banii An-Nadiir "Ghazawatu banii An-Nadiir" Argamte. Suni Duula Yahuudaa wajjiin godhamte tan lammaffaati. Sababaan Isii, Yahuudaatu Rasuula sallallaahu Aleeyhi wasallam Ajjeesuuf mala dhahe.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam itti dhaqee ganda Isaanii keeysatti Isaan marse. Rabbiin Sodaa qalbii Isaanitti darbee harka kennan. Madiinaa gad lakkisanii akka bahan Rasuula sallallaahu

⁶⁴ . Ergamtuun waraanaa nama 10 qofa qabdu sun wanni ergamteef, akka oduu Mushrikootaa funaantuufi. Osoo karaa deeman Makkaa fii Madiinaa jiddutti gosti Lihaan marsite. Harka kennuu didanii namni 7 ajjeefaman. Sadeen hafan qabanii 2 Qureeyshiif akka haloo irraa bahataniif gurguran. Lamaan gurguraman: Khubeeyb bin Adiyyi fii Zeeyd bin Ad-Dasinnaa-ti. Abdullaahi bin Xaariq sadeenirraa Mushrikoota jala deemuu didee ajjeefame. Qureeyshiin Khubeeybii fii Zeeyd gosa Lihaan irraa bittee ajjeefte.

aleeyhi wasallam wajjiin waliigaltee godhan. Waan Gaalli Isaanii fi'achuu dandahu fi'atanii Madiinaa bahan.

Suuraan Al-Hashr guututti Duula Banii An-Nadiir keeysatti buute. Waa'ee duula Banii An-Nadiir Suuraan Al-Hashr addaan baaftee himti. Ammoo Duula Banii An-Nadiir siiraa kheeysatti haalaan yoo baratan Malee Suuraan Al-Hashr namaaf adda hin baatu.

Ji'a Sha'baan, bara Hijiraa 4ffaa Duulli Badrii tan biraa "Ghazwatu Badri Al-Aakhiraa" tan ja'amuun beekkamtu argamte. Duula Badrii Xiqqoo "Ghazwatu Badri As-Sughraa" jechuunis ni Moggaafamti. Sababaan akkasitti Duula Badrii Xiqqoo jechuun moggaafamteef waan lolli isii keeysatti hin argaminiif.

Duula Badrii xiqqoo san maqaa biraa duula Badrii tan beellamaa "Ghazwatu Badri Al-Mow'id" jechuunis ni yaamamti. Sababaan akkas ja'anii moggaasaniif, Abuu Sufiyaan Duulli Uhud hoggaa raawwatte Nabiyyiif Sallallaahu Aleeyhi Wasallam amata dhufu Badritti akka lolaaf wal qunnaman beellama seeneef.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Nama 1500 wajjiin gama Badrii Bahe. Abuu Sufiyaan nama kuma lama qabatee Makkaa bahe. Abuu Sufiyaan lola ifiif beellama godhe san jibbaa, sodaataa Makkaa bahe.

Nabiyyiin Sallallaahu aleeyhi wasallam Abuu Sufiyaan qunnamuuf Badrii dhage. Abuu Sufiyaan hoggaa Usfaan bakka ja'amu gahe Sodaan itti jabaatte, Rabbiin qalbii Isaa keeysatti sodaa darbe, if duuba gama Makkaah deebi'e.

Bara Hijiraa 4ffaa, baatii Shawwaal keeysa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Ummu Salamaa fuudhe, Maqaan Isii Hind bint Abii Umeyyaah bin Al-Mughüraah.

Ummu Salamaa Rabbi irraa haa jaalatuu nama Aqlii guddoo qabu

turte. Beerran Rasuulaa Sallallaahu Aleeyhi Wasallam keeysaa boodarra tan duute Isiidha. Bara Hijiraa 61 kheeysa duute.

Amata Hijrii 4ffaa, keeysa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Zeeynab bint Jah'sh fuudhe. Isiin Jaartii Zeeyd bin Haarisaa turte. Zeeydi Isii hiike, egas Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Isii fuudhe.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Isii fuudhuun aadaa warra Jaahiliyyaah bakka dhowwe. Aadaan Jaahiliyyaa gabra bilisoomsanii ilmoo gadhatanii lallabatan, san booda akka Ilmoo ifiitti laalan, Jaartii Inni dhiises hin fudhan, Aadaan sun Islaama keeysatti bakka dhabde.

Zeeynab bint Jah'sh Zeeydi heerumtee amata waliin turan, egas isii hiike. Hoggaa iddaan isii dhume Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam isii fuudhe.

Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam Zeeynab kan fuusise Rabbii ol tahe. Rasuulli Sallallaahu aleeyhi Wasallam hoggaa aayanni irratti buute hayyama nama tokkootiin malee itti seene.

Rabbiin ol tahe Rasuulaan akkana ja'a:

قَلَمًا قَضَىٰ زَيْدٌ مِنْهَا وَطَرًّا زَوْجَانَهَا

“Hoggaa Zeeydiin Isirraa haajaa Isaa raawwate (isii hiike) nuti Isii Si fuusisne.”

Al-Ahzab: 37

Zeeynab bint Jah'sh beerran Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam Nikaah Isii saniin itti dhaaddachaa turte. Akkana jattiin:

“Isin maatii keeysantu Isin kenne, Ana ammoo Rabbiitu Samii Torbanii olii na kenne (Nikaah na godhe).”

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam hoggaa Zeeynab-tti seene nyaata afeerraa godhe. Anas akkana je'a: “Rasuulli sallallaahu

Aleeyhi wasallam gaafa Zeeynab fuudhe nyaata afeerraa godhe, foonii fii Biddeena nama qubse.”

Hijaabni gaafa Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Zeeynab fuudhe bu’e. Hijaabni gaafa san bu’e wanni itti fedhame, Haadha Mu’mintootaa Beerran Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam girdoo duubaan akka dubbisan ajaja.

Zeeynab bint Jah’sh arjummaa fii haala gaariin irra caaltuu dubartootaa turte.

A’ishaan akki jettu: “Dubartii diina keeysatti Zeeynabitti dhihaattu takkaa hin agarre.”

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam beerran Isaatiin gaaf tokko akkana je’e:

“Eega Ani du’e isinirraa tan daftee na dhaqabdu, tan akkaan harka dheeratu.”

Harki dheerinni wanni itti fedhame, tan akkaan sadaqattu Zeeynab turte.

Zeeynab bint Jah’sh Rabbiin irraa haa jaalatu, bara Hijirii 20ffaa, zamana mootummaa Umar bin Al-Khaxxaab keeysa duute. Beerran Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam keeysa tan dura duute Isiidha. Qabrii Baqi’iitti awwaalamte.

Sha’baan, Bara Hijirii 5ffaa Duulli Banii Al-Musxaliq “Ghazwatu Banii Al-Musxaliq” argamte. “Ghazwatu Al-Muriisii” jechuunis ni moggaafamti.

Sababaan isii: Al-Haaris bin Abii Diraar namni ja’amu Madiinaa irratti lola banuuf namoota hedduu walitti qabatuu isaatu Rasuula Sallallaahu Aleeyhi Wasallam bira gahe.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Sahaaboota Isaa nama 800 wajjiin gama isaanii bahe, lola itti bancee loltuu Isaanii ajjeese, dhalaa fii ilmaan Isaanii booji’e.

Warra Booji'ame keeysaa Juweeyriyaa bint Al-Haaris intala Damiina Bani Musxaliq turte. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Islaamatti Isii yaame, ni Islaamooyte. Eegasii Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Isii fuudhe.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Juweeyriyaa bint Al-Haaris fuunaan Sahaaboonni booji'amoota biraa hunda gad lakkisan. Gosa Isii waan tahaniif soddoota Rasuulaa Sallallaahu Aleeyhi Wasallam tahan jechuuf gadi dhiisan.

A'ishaan Rabbi irraa haa jaalatuu Juweeyriyaaf jecha booji'agoon hundi gad lakkifamuu saniin akkana jette:
“Intala gosa Isiitiif akka Juweeyriyaati kheeyrii fii barakaa taate argee hin beekhu.”

Haati Mu'minootaa Juweeyriyaan nama akkaan Zikrii guddisu turte. Bara Hijirii 50 Duute.

Duula Bani Al-Musxaliq keeysatti Munaafiqoonni Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam wajjiin heddoominaan bahan. Mataan Munaafiqootaa Abdullaahi bin Ubayyi waraana Muslimootaa wajjiin bahe. Kaayyoon Munaafiqoonni bahaniif Muslimoota jiddutti balaa fii jibbaa uumuudhaafi.

Duula Bani Al-Musxaliq keeysatti badii gurguddaa lamaatu sababaa Munaafiqootaa argame:

- 1- Muhaajirootaa fii Ansaara jiddutti mufiin argamte turte.
 - 2- Oduu dharaa Haadha Mu'mintootaa A'ishaa irratti odeeyfamte.
- “Hadiisu Al-Ifki” jechuun beekkama Seenaa keeysatti.

Abdullaahi bin Ubayyi bin Saluul fii Munaafiqoonni A'ishaa namuusa Isii tuquuf jecha oduu dharaa facaasan, Oduun dharaa sun Fitinaa Guddoo taatee dabarte.

Rabbiin Samii torbanii olii A’ishaa Haadha Mu’mintootaa Qulqulleeysee Aayaata hanga guyyaa qiyaamaatti Qara’amtu Buuse. Imaam An-nawawiin akki je’e: “Rabbiin A’ishaa Qur’aana shakkii hin qabne keeysatti qulqulleeysee jira. Namni Qulqullina Isii keeysatti shakke Kaafira, Namni sun Amantii Islaamaa keeysa bahe jechuun Muslimoonni irratti walii galanii jiran.”

Oduun dharaan haadha Mu’mintootaa A’ishaa irratti odeeyfamte sun gorsaa fii barnoota guddaa qabdi. Haafiz ibnu Hajar Faayidaa fii gorsa Isii keeysa jiru hanga 70 tarreeysee jira.

Duula Khandaq irraa hanga Sulhii Hudeeybiyyaa

Ji’a Shawwaal bara Hijrii 5ffaa keeysa duulli Khandaq “Ghazwatu Al-Khandaq” argamte. Maqaan biraa kan ittiin beekkamtu duula Ahzaab “Ghazwatu Al-Ahzaab”. Sababaan duula Ahzaab Yahuudaa fii Gosoonni Araba walii galanii Madiinaa irratti lola banuuf ka’an.

Waraana kuma 10 gosoota Arabaa adda addaa irraa walitti qabatanii Madiinaa irratti lola banuuf dhufan. Waraana gosoota Arabaa san kan kakaasaa ture Yahudoota. Hogganaa Duula Ahzaab Abuu Sufiyaan bin Sakh’r bin Harbiiti.

Salmaan Al-Faarsiin Rabbi irraa haa jaalatuu akka naannoo Madiinaatti Boolla qotan yaada kenne. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam yaada Salmaan fudhatee naannoo Madiinaa Boolla qotuu eegalan.

Salmaan Al-Faarsiin Rasuula Sallallaahu Aleeyhi wasaallam wajjiin yeroo duraatiif Duula Khandaq irratti hirmaate.

Lakkoofsi Waraana Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam kuma 3 ture. Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam boolla akka qotan Sahaaboota kudhan hogganaa tokko tokko irratti godhe, Namni kudhan lafa hanga dhundhuma Afurtamaa akka qotan isaaniif

kenne.

Osoo waraanni Ahzaab kan lakkoofsi isaa kuma kudhanii Madiinaa hin gahin Boolli qotamtee raawwatte. Hoggaa Waraanni Ahzaabaa Madiinaa gahe boolla Isaanii fii Madiinaa jidduu addaan dhorgitu argan.

Duula Khandaq irratti Rasuulaaf sallallaahu Aleeyhi wasallam Mu’jizaan gurguddoon ni argamte.

Sanirraa:

- Nyaata waa xiqqoo Hedduumeeysa.
- Dhagaa Guddaa boolla Osoo qotan Sahaaboonni itti wal dabranii caphsuu dadhaban, Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam dhawinsa sadii dhawee adda facaase.
- Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Ruum fii Faaris Muslimoonni akka injiftuuf taa’an itti himuun Sahaaboota gammachiise.

Yahuudaan Banii Qureeyzaa gaafa duula Khandaq Wa’ada Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam wajjiin qaban ni diigan. Sababaa Saniif balaan Muslimootarratti akka malee jajjabaatte, Qalbiin Muslimootaa kokkee geeyse.

Madiinaan waraana kuma kudhaniin marfamtee jirti, gama biraatiin Yahuudaan Banii Qureeyzaa Madiinaa keeysaa walii galtee Rasuulaa Sallallaahu Aleeyhi Wasallam diiganii lolaaf deeman.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Rabbiin balaa fii rakkoo Isaan marsite san hunda akka irraa kaasu kadhate. Rabbiin du’aa’ii Isaa qeebaalee Waraana Ahzaab kan Madiinaa marse Bubbee itti gad lakkise, Bubbeen itti jajjabaatte, Malaaykoonnis gad bu’anii Kaafiroota Sodaa Qalbii Isaaniitti darban.

Waraanni Ahzaab kum kudhaniin Islaamummaa yeroo dhumaatiif buqqisuuf karoorfatee dhufe hongawee deebi’e. Madiinaan Nabii Sallallaahu aleeyhi wasallam eega Nagaya dhabde, Rabbiin Ahzaaba

bubbeen facaasee nagaya deebiseef.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Eega Duula Khandaq irraa raawwate gama Mana Isaatti gale. Jibriil dhufee Yahuudaa banii Qureeyzaa tan walii galtee nagayaa diyydeen akka lolu isa ajaje.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam mana Isaatii Uffata lolaa uffatee gadi bahe. Sahaaboota Isaatis akkana jechuun ajaje: “Namni Rabbii fii guyyaa Qiyaamaatti amanu Salaata Asrii ganda banii Qureeyzaatti malee akka hin salaanne.”

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam ganda banii Qureeyzaa dhagee Isaan marse. Sababaa marfamaniif jiruun itti jabaatte, Rabbiin sodaa qalbii isaanitti darbee harka kennan.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam loltuu Isaanii 400 akka hidhaman ajaje. Murtii Isaanii Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Sa’ad bin Mu’az akka murteetsu itti kenne.

Sa’ad bin Mu’az duula Khandaq irratti xiyyi Mushrikootarraa darbamte Isa waraantee turte. Sa’ad bin Muaz harree irra kaayanii Isa fidan.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: “Murtii warra banii Qureeyzaa sitti kennee harka kee jirti” je’een.

Sa’ad bin Mu’az Rabbi irraa haa jaalatuu akkana jechuun murtii kenne:

“Isaan keeysatti murtiin ani godhu: Loltuun Isaanii ajjeefamuu, Dhalaan Isaanii booji’amuu, Qabeenyi isaanii addaan hiramuu.”

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Murtii Sa’ad eega dhageeyfate booda : “Dhugumatti Murtii Rabbii Samii torbanii ol jiruuti Isaan irratti murteetsite.” Ja’een.

Akkasitti Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Murtii Sa’ad bin Muaz hojirra akka oltu ajaje.

Sa’ad bin Mu’az duula Khandaq irra osoo jiru Yahuudaan banii Qureeyzaa walii galtee Rasuula Sallallaahu Aleeyhi Wasallam wajjiin qaban diiganii lola labsan jechuun dhagayamte. Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Sa’ad bin Mu’az Yahuudootatti ergee itti dhage. Yahuudaan Banii Qureeyzaa: “Walii galtee teeysan diiyye” ja’aniin.

Sa’ad bin Mu’az duula Ahzaabaa irratti xiyyi Isa tuyxee akka malee dhiigni irraa jigaa ture. Hoggaa san Sa’ad bin Muaz: “Yaa Rabbi hanga banii Qureeyzaa irraa na gammachiiftutti nan ajjeesin” je’ee kadhate.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam murtii Sa’ad bin Mu’aaz Yahuudaa banii Qureeyzaa irratti murteeyse hojirra olchuun Rabbiin eega Isa gammachiise, Sa’ad bin Mu’az Madaan Isaa akka malee dhiiguu itti fufte, sababaa san du’e.

Sa’ad bin Mu’az Rabbi irraa haa jaalatu hoggaa du’e, Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam akkana je’e:
“Arshiin Rahman Du’a Sa’ad bin Mu’aziif ni sochoote”

Awwaalchaaf Sa’ad bin Mu’aziif kafananii gama Qabrii baa’atanii hoggaa Isaan deeman, Malaaykaan Sahaaboota wajjiin Isa baa’atte.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam akkana je’e:
“Gaafa Sa’ad bin Mu’az du’e, Malaaykoota kuma tobaatamaatu gama dachii gadi bu’e, San dura gad bu’anii hin beekan.”
Bazaartu sanada Jabaadhaan odeeyse.

Gaafa Sa’ad bin Mu’aaz du’e Sahaaboonni hedduu gaddan. Kan akka Abuu Bakri As-Siddiiq fii Umar bin Al-Khaxxaab gaafa san ni booyan.

Haati Mu’mintootaa A’ishaan akkana jetti:
“Gaafa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam du’ee fii waahiloonni

Isaa lamaan (Abuu Bakrii fii Umar) du'an waan hin tahin hanga Sa'ad bin Mu'aaz Sahaaboonni nama du'eef kan gaddan hin agarre."

Rabbiin duula Khandaq Qur'aana keeysatti dubbatee Abadan tan irraanfatannee fii Zalaalam tan yaadatamtu isii godhe. Qur'aana kabajamaa Suuraah Ahzaab kheesatti Aayaata 9ffaa irraa calqabee aayaatoota hedduun waa'ee Khandaq dubbatan.

San booda Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam gosoota Arabaa irraa warra duula Khandaq irratti hirmaatan Ergamtuu/Seeylii waraanaa itti erguun, duula walirraa hin cinne itti godhuun adabaa ture.

Bara hijiraa 6ffaa, baatii Rabi'ul Awwal Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Ukaashaa bin Mihsin Ergamtuu waraanaa irratti hogganaa godhee gosa Banii Asaditti erge. Gosti Banii Asad dheeksanii addaan faca'an.

Baatii Rabi'i Al-Aakhar, Amata Hijraa 6ffaa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Muhammad bin Maslamaa Ergamtuu waraanaa irratti hogganaa godhee Gosa Banii Sa'alabaa warra Ghaxfaanitti erge. Bakka Zuul-Qassaa ja'amutti Lolli Ergamtuu waraanaa sanii fii warra Ghaxfaan jiddutti argame.⁶⁵

Sanuma booda Baatii Rabi'i Al-Akhir, Bara Hijrii 6ffaa kheeya

⁶⁵ . Ergamtuun waraanaa Muhammad bin Maslamaatiin hogganamtu nama 40 wajjiin gama warra Ghaxfaan bahan. Halkan osoo isaan quba hin qabne warri Mushrikootaa lakkoofsaan nama 100 tahan Isaan marse. Xiyya itti roobsanii Muslimoota hunda ajjeesan.

Muhammad bin Maslamaan dhawamee kufe. Mushrikoonni hundi dhuman ja'anii biraa dabran. Muslimoonni karaa san dabran Muhammad bin Maslamaa arganii baa'atanii Madiinatti galchan.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Abuu Ubeeydaa bin Al-Jarraah Ergamtuu waraana irratti hogganaa godhee gama bakka Zuul-Qassaa ja'amtutti erge. Abuu Ubeeydaan lola irratti banee Isaanirraa boojuu argateen gama Madiinaa deebi'e.

Amatuma Hijirii 6ffaa keeysa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Zeeyd bin Haarisaa Hogganaa godhee waraana xiqqaa wajjiin gama Gosa banii Suleeym erge. Lola irratti banee boojuudhaan gama Madiinaa gale.

Bara Hijirii 6ffaa, Ji'a Jamaadaa Al-Awwal keeysa Rasuulli sallallaahu aleyhi wasallam Zeeydi bin Haarisaa waraana xiqqaa waliin erge. Sababaan waraanni sun ergamteef naggaadee Qureeyshii karaatti qabuufi.

Daldaltuu Qureeyshii dhaqqabanii Qabeenya Isaanii hunda, nama waliin jiruu wajjiin booji'anii Madiinatti galan. Nama Booji'ame keeysaa Abuu Al-Aas bin Ar-Rabi'ii Jaarsa Zeeynab Intala Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam. Abuu Al-Aas gaafa san Mushrika ture.

Zeeynab intalti Nabiyyii sallallahu aleeyhi wasallam Jaarsa isii Abuu Al-Aas bin Rabi'ii akka nagaya argatu magantaa seenteeff. Inni Mushrika ture. Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Magantaa Isii qeebalee Abuu Al-Aasi fii Qabeenya Booji'ame hunda gad lakkiseeff.

Abuu Al-Aas bin Ar-Rabi'ii Makkaatti deebi'ee Qabeenyaa fii waan Isarra jiru hunda warra Makkaatti deebise. San booda Islaamawe gama Madiinaa Hijiraa bahe.

Sulhii Hudeeybiyyaa

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam bara Hijirii 6ffaa, Baatii Zuu Al-Qa'adaa keeysa Umraa godhuu akka fedhu Sahaaboota beeyyise. Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Sahaaboota Isaa wajjiin

Makkaa nagayaan kan scene Manaabaan arge.

Sahaaboonni Dubbii san dhageenyaan hedduu gammadan. Gama Makkaah Bahuuf Sahaaboonni Qophii eegalan. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam warra Baadiyyaatis akka Isaa waliin bahan yaamicha godheef.

Warri Baadiyyaa bahuu irraa booda aanan. Irra hedduun Isaanii Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam bira dhufanii rakkoo adda addaa himatuu eegalan. Rabbiin Quraana Keeyesatti Isaan saaxilee Suuraa Fat’hi Aayaata 11 fii tan Isii boodaa buuse.

Rabbiin ol tahe akkana je’e:

سَيَقُولُ لَكَ الْمُخَلَّفُونَ مِنَ الْأَعْرَابِ شَغَلَتْنَا أَمْوَالُنَا وَأَهْلُونَا فَاسْتَغْفِرْ لَنَا
يَقُولُونَ بِأَلْسِنَتِهِمْ مَا لَيْسَ فِي قُلُوبِهِمْ ۚ قُلْ فَمَنْ يَمْلِكُ لَكُمْ مِنَ اللَّهِ شَيْئًا إِنْ
أَرَادَ بِكُمْ ضَرًّا أَوْ أَرَادَ بِكُمْ نَفْعًا ۚ بَلْ كَانَ اللَّهُ بِمَا تَعْمَلُونَ خَبِيرًا (11) بَلْ
ظَنَنْتُمْ أَنْ لَنْ يَنْقَلِبَ الرَّسُولُ وَالْمُؤْمِنُونَ إِلَىٰ أَهْلِيهِمْ أَبَدًا ۖ وَزَيَّنَّ ذَلِكَ فِي قُلُوبِكُمْ
وَظَنَنْتُمْ ظَنًّا سَوْءًا وَكُنْتُمْ قَوْمًا بُورًا (12)

“Warri Baadiyyaa kan (sirraa) hafan horii fii maatii keenyaatu nu shaakalee

nuuf araarami sin jechuuf taa’aan. Waan qalbii Isaanii kheeyisa hin jirre afaaniin dubbatan. Ja’iin: “eenyuutu waan Rabbiin murteeyse Isinirraa deebisa? Yoo rakkoo Isinitti fedhe ykn Isin fayyaduu fedhe. Lakki! Allaah waan Isin daleeydan (Kheeyisa isii) beekha. Lakki! Isin Rasuulaa fii warri amane gama maatii Isaanii Abadan kan hin deebine seetan. Suni qalbii teeysanitti bareechifame, Seetee hamtuu seetan, Isin warra badiin (halaakame) taatan.” Al-Fat’h: 11-12

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Madiinaa irraa gama Makkaah nama 1400 wajjiin bahe. Beerran Isaa kheeksaa Haadha Mu’mintootaa Ummu Salamaa Hind bint Abuu Umayyaa Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam wajjiin bahe.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Meeshaa waraanaa qabatee hin baane. Meeshaa nama karaa deemuu qofaan bahe.

Suni: Seeyfii Galkaa ykn Qarbaa keeysatti suqamaa tahe qofa qabatanii bahan. Gaala wareegaaf qalamu 70 fuudhe bahe Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam Hoggaa Zul-Huleeyfaa gahe Wayaa Ihraamaa kan Hajjii fii Umraaf uffatan kaayate. Umraaf hidhatee gama Makkaa imala itti fufe. Zuul-Huleeyfaan bakka warri Madiinaa Hajjii fii Umraa irraa hidhatu.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Umraa godhuuf akka karaa jiru Qureeyshiin dhageeyse. Dhageenyaan “Nurratti hin seenu” ja’anii lolaaf qophaawan.

Qureeyshiin Murna waraanaa Khaalid bin Al-Waliid hogganu Muslimoota Umraaf bahan akka Makka hin seenne dhorguuf itti ergan. Khaalid bin Al-Waliid gaafa san Mushrika ture.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam imala Isaa itti fufee bakka Usfaan ja’antu gahe. Achitti Khaalid bin Waliid waraana Isaa wajjiin fuul dura Isaaniitti argan. Yeroo Isaan waraana Khaalid argan san Salaanni Asrii geeysee jirti.

Wahyiin Salaata yeroo sodaa akkaataa itti salaatan ibsitu Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam irratti buute. Salaata Sodaa (Salaata Al-Khowf) yeroo duraatiif kan salaataamte duula Hudeeybiyaa keeysatti.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam lolaaf waan hin bahiniif Sahaaboota Isaatiin akkana je’e:

“Namni Karaa Isaan nutti cufan kana malee karaa biraa nuun deemu jiraa?” Karaa biraa kan Makka nama geesurraa gaafatan.

Sahaaboota keeysaa tokko: “Yaa Ergamaa Rabbi! Ana.” Je’een, Akkasitti karaa biraa kan Waraana Qureeyshiitin wal hin agarsiisne isaaniin seene.

Muslimoonni Rasuula sallallaahu aleeeyhi wasallam wajjiin bakka Saniyyat Al-Miraar ja’antu gahan. Bakka sanitti Gaalli Rasuulaa Sallallaahu Aleeyhi Wasallam jilbiifatte. Sochoosuuf yaalii hunda godhanis ka’uu didde.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Isii bubbuttee lafaa kaatee hanga Hudeeybiyyaa deemte. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam bakka Hedeeybiyyaa ja’antu hoggaa qubate, Budeeyl bin Warqaa’i namoota muraasa wajjiin Rasuula Sallallaahu Aleeyhi wasallam bira dhufe.

Budeeyl bin Warqaa’i Rasuulaan Sallallaahu Aleeyhi Wasallam: “Qureeyshiin siin loluuf murattee jirti, Beeytii (Ka’abaa) irraa si deebisuuf murteeysitee jirti.” Je’een.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: “Nuti lolaaf hin dhufne Umraa godhuuf dhufne.” Je’een.

Budeeyl bin Warqaa’i waan dhagaye Qureeyshitti geeyse.

Qureeyshiin walitti dhaabdee ergamtoota adda addaa Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam biratti ergan. Wanni akkas godhaniif, Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam dhuguma Lolaaf dhufe moo Umraadhaaf dhufee mirkaneeyfachuu fedhan.

Qureeyshiin warra gama Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam ergite keeysaa:

1- Mikraz bin Hafsi⁶⁶

⁶⁶ . Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Mikras bin Hafsi hoggaa itti dhufe, Umraaf akka dhufe, lolaaf akka hin deemne itti hime. Qureeyshitti waan dhagaye ni hime.

2- Al-Hils bin Uqabaa⁶⁷

3- Urwaa bin Mas'uud As-Saqafi⁶⁸

Ergamtoonni Qureeyshiin ergite hundi oduun deebi'aniin: Muslimoonni akka lolaaf hin dhufin, akka Umraa godhuuf dhufan. Ragaan san agarsiisu ammoo wareega qabatanii jiran, Umraaf hidhatanii jiran.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam daran Isaaniif mirkaneeysuuf

⁶⁷ . Itti Aansuun Qureeyshiin Hils bin Alqamaa gama Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam ergan. Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam fagootti hoggaa Hils argu: "Kuni warra wareega guddisurraahi, lafaa kaasaaf (gaala) wareegaa" je'e. Wareega deemaniin lafaa kaasaanii "Labbeeyka Allaahuma Labeeyka" jechaa Isatti gargalan. Hils bin Alqamaa hoggaa san argu: "Orma kana Beeytii irraa deebisuun sirrii miti" je'ee Osoo Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam bira hin dhufin karaa deebi'e.

⁶⁸ . Urwaa bin Mas'uud As-Saqafiin Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam bira dhufe. Rasuula sallallaahu Aleeyhi wasallam dura taa'ee itti haasawuu jalqabe: "Qureeyshiin siin loluuf meeshaa waraana uffattee baatee jirti. Hoggaa akkatti achi laalu boru jarri kee kun (sahaaboonni) si dhiisanii fiiguuf deeman." Je'een. Abuu Bakri As-Siddiq: "Deem Laat (taaboota) arrabi, nuutu Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam dhiisaa?!"

Urwaan Areeda Rasuulaa sallallaahu Aleeyhi Wasallam qabataa itti haasawaa ture. Mughiiiraa bin Shu'baa Seeyfii qabatee mataa Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam gubbaa dhaabbata. Harka Urwaa seeyfii galkaa kheeyisa jiruun dhahee: "Harka kee achi deebisi Ergaamaa Rabbiitirraa" jedheen.

Urwaan haala Sahaabaan Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam itti guddisan, jaalala Isaaf qaban laalaa ture. Qureeyshitti deebi'ee waan Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam isaan jedhe itti hime.

Jaalala Sahaaboonni Nabiyyiif sallallaahu aleeyhi wasallam qaban akkana jechuun ibse:

"Yaa ummata! Ani Qeysar mootii Ruum bira dhaqe, Kisraa mootii Faaris bira dhaqe, Wallaahi mootii waahiloonna Isaa akka Sahaabaan Muhammad Muhammad guddiftutti guddifamu argee hin beekhu. Akhii yoo tufe harka tokkoo Isaanii kheeyisa malee hin buutu. Akhii San Fuudhee fuulaa fii qaamatti dibata. Yoo Ajaje ajaja Isaa guutuuf wal dorgoman..."

Usmaan bin Affaan gama Damiina warra Makkaa Abuu Sufiyaan biratti erge. Akka oduu Muslimootaa itti geeyasuuf, Umraa malee lolaaf akka hin dhufin akka himuuf.

Usmaan bin Affaan hoggaa Makka seene Abuu Sufiyaan kabajaan isa simate, Hanga murtii teenya itti yaannee murteeyfannuu nu bira turi jechuun Usmaan tursiise. Usmaan haala saniin Makkaa kheeysa tursiifame. Haala san kheeysatti Makkaa Inni turraan, oduun Usmaan bin Affaan Ajjeefame jettu Rasuula Sallallaahu Aleeyhi Wasallam bira geeyse.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa oduun Isa geeyse Sahaaboota Wa'ada irraa fuudhe (waadaa Isaan galche). Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam Muka jala taa'aa ture, Muka san jalatti dhufanii Waadaa isaaf seenan. "Beey'atu Ridwaan" jechuun beekkanti Wa'ada Jaalatamtuu akka jechuuti.

Sababaan Beey'aatu Ridwaan (Wa'ada jaalatamtuu) jechuun moggaafamteef, Rabbiitu Quraana keeysatti wa'ada san Isaanirraa jaalachuu dubbate.

Rabbiin ol tahe akkana je'e:

لَقَدْ رَضِيَ اللَّهُ عَنِ الْمُؤْمِنِينَ إِذْ يُبَايِعُونَكَ تَحْتَ الشَّجَرَةِ

"Dhugumatti Mu'mintoota Irraa Rabbiin Jaalatee jira, yaroo Mukha jalatti Wa'ada siif seenan san." Al-Fat'h: 18

Lakkoofsi Sahaaboota <<Beey'atu Ridwaan>> wa'ada jaalatamaa sanarratti argamanii nama 1400. Lakkoofsa Isaanii ilaalchisee nama kuma tokkoo fii dhibba afur jechuun oduu dhufteetu sabattuudha. Muhaajirootaa fii Ansaara irraa Sahaaboonna kabajamoon wa'ada Jaalatamaa sanarratti argaman 1400.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Sahaaboota garii Du'a irratti wa'ada Isaanirraa fuudhe, garii Isaanii lolarraa dheesuu dhabuu irratti wa'ada irraa fuudhe. Wa'adni Jaalatamtuun <<Beey'atu Ridwaan>> ja'amtu sun irra guddoo wa'ada Islaama keeysatti

seenameeti.

Beey'atu Ridwaan sadarkaa guddoo qabaachuu Isii beekhuuf, Rabbiin Qur'aana keeysatti Wa'ada san Sahaabootarraa akka jaalate dubbachuun qofti ni gaha.

Akkasumas Hadiisa keeysatti sadarkaan warra wa'ada sanirratti argamee dhufee jira.

Sanirraa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: "Dhugumatti warri Muka jalatti wa'ada seenan Jannata ni seenan." Je'e.

Tirmiizii gabaase.

Hadiisa biraa keeysatti Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam:

"Yoo Rabbiin fedhe Warra Mukha jalatti wa'ada seenanirraa namni tokkolleen Ibidda hin seenu." Je'e.

Muslimtu baase.

Namni tokko Rasuulaan sallallaahu aleeyhi wasallam: "Haaxib bin Abii Baltaa'a Ibidda seena" je'een.

Garuu Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam: "Kijibde Inni ibidda hin seenu, Inni lola Badrii fii Hudeeybiyyaa irratti hirmaatee jira." Je'een.

Kuni hundi sadarkaa warra wa'ada san seenee agarsiisa.

Jaabir bin Abdullaahi Rabbi irraa haa jaalatuu akkana ja'a:

"Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam gaafa Hudeeybiyyaa 'Isin irra caalaa warra lafarra jiruuti' nuun je'e"

Bukhaarii fii Muslimtu baase.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam eega Sahaaboota Isaa irraa wa'ada fuudhe booda Usmaan bin Affaan irraa bakka bu'ee harka Isaa mirgaa kan bitaatiin dhawee akkana je'e: "Kun Wa'ada Usmaani"

Akkasitti Usmaan bin Affaan Rabbi irraa haa jaalatuu warra

sadarkaa Wa’ada jaalatamtuu argatee irraa tahe.

Anas bin Maalik: “Harka Rasuulaatu sallallaahu aleeyhi wasallam Usmaaniif irra caala, nuti harka keenyaan dhahachuu sanirra.” Je’e.

Qureeyshiin Sahaaboonni Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam Wa’ada akka seenan dhageenyaan hedduu sodaatan, Wali galtee godhuuf murteeysanii Suheeyl bin Amri Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam biratti ergan.

Waliigalteen qaphxii asiin gadii irratti godhamte:

- Muslimoonni amata kana Makkaa hin seenan, Amata itti aanu Makkaa seenanii Umraa godhan, Isii keeysas guyyaa 3 qofa turan.
- Gosti Arabaa tan Muhammad -Sallallaahu aleeyhi wasallam-wajjiin Wa’ada isaa jala seenuu feete haa seentu, Gosti beellama Qureeyshii jala seenuu feetus haa seentu.
- Namni Makkaa irraa yoo Islaamawe Muhammad sallallaahu aleeyhi wasallam bira dhaqe, Qureeyshitti deebifama. Ammoo Namni Islaamummaa irraa deebi’ee Qureeyshitti dhufe Muhamamd sallallaahu aleeyhi wasallam-tti hin deebifamu.
 - Qaphxiin tun Muslimoota akka malee itti jabaatte.
- Qureeyshii fii Muslimoota jidduutti lolli amata kudhaniif hin godhamu. Namni amata kudhanan San keeysa bakka fedhe deeme gala, lolli gama lamaanuu hin gaggeeyfamu.

Eega qaphxiilee kanarratti waliif galan Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Sahaaboota akka Umraa Isaanii hikkatan ajaje. Wareega Isaaniitis qalanii akka mataa haaddatan itti hime.

Sahaaboonni Umraaf Makkaah seenuu irraa waan dhorgamaniif akka malee gaddan, Namni tokkolleen ajaja Saniif lafaa hin kaane. Tokkolleen Umraa hin hikkanne.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Haadha Mu’mintootaa Ummu

Salamaa bira ol seene, Waan Sahaaboota irraa qunname itti hime, Ajjaja Isaatiif akka lafaa hin ka'in itti hime.

Rabbi Isii irraa haa jaalatuu Haati Mu'mintootaa Ummu Salamaan waan jetteen:

“Yaa Rasuula Rabbii Isaanirratti gad bahi, nama sirraa haadu yaammadhu, sirraa haa haadu.” Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam gad bahee mataa isaa haaddate.

Namni mataa Isaa kabajamtuu haadeef Khiraash bin Umayyaati Rabbi irraa haa jaalatu. Sahaaboonni hoggaa Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam rifeensa haaddatuu argan dubbiin raawwattee hubatanii Umraa Isaanii hikkatan, Rabbi isaan irraa haa jaalatu.

Egas Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Wareega Isaa ni qale. Sahaaboonnis Rabbi irraa haa jaalatuu wareega Isaanii ni qalan. Tun Umraa Hudeeybiyyaa beekkamtuudha, tan Isii keeysatti Rasuulli Sallallaahu aleeyhi Wasallam Qureeyshiin waliigaltee godhe.

Egas Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Sahaaboota Isaa 1400 wajjiin gama Madiinaa deebi'e. Suuraan Al-Fat'h Isaa karaa jiru irratti buute.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam sababaa bu'insa Isiitiif hedduu gammade.

Nabiiyyiin Sallallaahu aleeyhi Wasallam: “Dhugumatti Aayaanni Duniyaa guuturra gama kiyya jaalatamtuu taate narratti buute.” Je'e. Muslimtu gabaase.

Rabbiin ol tahe akkana jechuun Suuraa Al-Fat'h irratti buuse:

إِنَّا فَتَحْنَا لَكَ فَتْحًا مُبِينًا

“Nuti Injifannoo ifa bahaa tahe si injifachiifne.” Al-Fa'th: 1

Imaamu Ax-Xahwiin akki ja'u: “Muslimoonni hundi Injifannoon Suuraa Al-Fat'h keeysatti dubbatame Sulhii Hudeeybiyyaa akka

tahe waliif galanii jiran.”

Rabbiin wali galtee saniin Injifannoo guddaa si injifachiifne jechuun Rasuula Sallallaahu Aleeyhi Wasallam gammachiise.

Walii galteen Hudeeybiyaa “Sulhu Al-Hudeeybiyaa” maaliif Injifannoo ja’amuu dandeeys:

1- Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Ergamuu Isaatii hanga Sulhii Hudeeybiyaatti Amata Hijirii 6ffaa kheeysatti, waggaa 19 da’waa irra ture. Lakkoofsi waraana Isaa 1400 qofa ture.

Sulhiin Hudeeybiyyaa amata Hijirii 6ffaa kheeyisa taate, sanirraa hanga Fat’hii Makkaa Amata Hijirii 8ffaa, amata lama qofatu jira. Amata lamaan san keeysatti Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam waraana kuma 10 horate. Waraana kuma kudhanii wajjiin Fat’hiin Makkaa (Injifannoon Makkaa) argamte.

Da’waan Amata 19 godhamte Nabiyyummaa irraa hanga Sulhii Hudeeybiyaa-tti waraana 1400 qofa horatte.

Amata lama qofa kheeysatti Sulhii Hudeeybiyaa booda loltuu kuma kudhan waliin Makkaa injifannoon seene.

Maaltu jijjirame?

Wanni Sulhii Hudeeybiyaa booda jijjirame, Qureeyshiin Islaama irratti oolola dharaa oofa turte ni dhaabde. Warri karaa Rabbii nama yaamu bakka hunda nagayaan deemee nama yaamutti seene, kan balaa Qureeyshii ifirraa hin sodaanne.

Walii galtee Hudeeybiyaa dura Qureeyshiin oolola dharaa fii Da’waa Islaamaa irratti dhibbaa gargaraa waan godhaa turteef namni Islaama seenuu sodaataa ture.

Wali galtee Hudeeybiyaa booda nageenyi gama lamaanuu waan labsameef, Warri Karaa Rabbii nama yaamu sodaa takka malee nagayaan Bareedina Islaamaa, Laafina Isaa, Rahmata Islaamummaan dhufteen namaaf ibsuuf carraa argatan. Akkasitti

namni Hedduuminaan Islaama seenu jalqabe.

Walii galteen Hudeeybiyaa waan godhateef, Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Qureeyshii ifirraa eeguu fii Isaaniin loluun ni dhaabbatte. Sababaa saniif Adawwii Isaa guddoo Yahuudaa Kheeybar warra lola Ahzaab irratti nama waliiti qabuun shora guddaa taphateef achi bahe.

Akkasitti Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Yahuudaa Kheeybar injifate. Osoo walii galteen Hudeeybiyaa Jiraachuu baatte, silaa Qureeyshiin Yahuudaa Kheeybar qabeenyaa fii Meeshaa waraanaatiin ni gargaarti ture.

Xalayaa gama Mootootaa ergamte.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Walii galtee Hudeeybiyaa (sulhii Hudeeybiyaa) booda haalli Da'waa toleefii, nageenyi sabannaan, Da'waa Jaziiraa Arabaati alattis godhuuf carraa argate.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam gama Mootoota Arabaa fii Araba hin tahinii Xalayaa Islaamatti Isaan yaamtu itti erge.

Anas bin Maalik akki je'e:

“Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Gama Kisraa, Qeysar, Al-Najjaashii fii Mootoota abbootii irree hundatti Xalayaa gama Rabbii Isaan yaamtu itti erge.”

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Amri bin Umeeyyaa Ad-Damrii Xalayaadhaan gama Najjaashii erge. Najjaashiin Islaamawee Nabiyyummaa Isaa Sallallaahu Aleeyhi Wasallam qeebale.

Ammas Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Dihyaa bin Khaliifa Al-Kalbii Rabbi Irraa haa jaalatuu gama Qeysar mootii Ruum (Awrooppaa zamana saniitti) xalayaa Islaamatti yaamtu itti erge. Sodaateex Xalayaa sanirraa hollate, garuu hin Islaamooyne.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Abdullaahi bin Huzaafaa Rabbi irraa haa jaalatu, xalayaadhaan Kisraa mootii Faarisitti erge. Kisraan dallanee xalayaa Rasuulaa Sallallaahu Aleeyhi Wasallam ciccire.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Rabbiin akka mootummaa Isaa cicciruu itti kadhate, ilmi Isaa itti ka'ee Isa ajjeese.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Haaxib bin Abii Balta'aa Rabbi irraa haa jaalatu, xalayaadhaan gama Muqowqis Mootii Misraatti erge. Xalayaan Islaamatti isa yaamti. Islaamummaa hin qeeballe.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Salix bin Amri Al-Aamirii Rabbi irraa haa jaalatu, xalayaadhaan gama Howzaa bin Aliyyii Mootii Yamamaatti (lafa Sa'uditti Kheeyssatti argamtti amma) erge. Islaamummaa hin qeeballe.

Xalayaan Shanan Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Islaamummatti mootootii Yaamuuf erge Isii tana, san malee Hijirii 8ffaa keeysa Xalayaallee biraa ergee jira.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Ji'a Muharram, bara Hijirii 7ffaa keeysa Xalayaalee shanan san erge. Xalayaaleen sun Mootooti itti ergamte hunda qalbii Isaanii keeysatti waan dhiiftee dabarte qabdi.

Gazwatu Zuu-Qarad

Duula Kheeybar duratti guyyaa sadii duula “Ghazwatu Zuu-Qarad” ja'amtuu argame. Duulli sun “Ghazwatu Al-Ghaabaa” jechuunis ni yaamamti. Jeynichi duula sanii Salamaa bin Al-Akwaa'i Rabbi irraa haa jaalatu.

Sababaan Isiin argamteef, Abdurhamaan bin Uyeeynaa bin Hisn namni ja'amu Mooggaa Madiinaa dhufee Gaala Rasuulaa

Sallallaahu Aleeyhi Wasallam 20 saame, Muslima irraa nama tokkos
ajjeesee Gaalaan deemmate.

Salamaah bin Al-Akwa'i Rabbi irraa haa jaalatuu, Miilaan jala fiigaa
Isaan dhaqabe. Xiyyaa fii Gooboo Isaa waan harkaa qabuuf itti
darbatee Gaalootii Rasuulaa Sallallaahu Aleeyhi Wasallam harkaa
dachaase.

Oduun sun Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam bira geeyse.
Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Sagalee ol fuudhee
sahaaboota yaame. Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam warra
Gaala saame qabuuf sahaaboota wajjiin jala bahe.

Rasuulli sallallaahu aleyhi wasallam Sahaaboota Isaa 500 tahan
wajjiin Madiinaa bahe. Karaatti Salamaah bin Al-Akwa'a Rabbi
irraa haa jaalatuu Gaaloota Rasuulaa Sallallaahu Aleeyhi Wasallam
hunda jara harkaa kan deebise qunnaman.

Abuu Qataadaa Al-Haaris bin Rabi'i Rabbi irraa haa jaalatuu,
Fardaan Gulufaa Abdurahmaan bin Uyeeynaa bin Hisn dhaqqabee
ajjeese.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam waan tahe hunda hoggaa arge
akkana ja'e: "Arra Irra caalaan nama fardaan gulfee Abuu
Qataadaadha, Irra caalaan nama lafa deemaa lolee Salamaah bin Al-
Akwa'i"

Muslimtu gabaase.

Duula Zuu-Qarad ykn Duula Al-Ghaabaa ja'amtu sanarratti
Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Salaata Khowfii (Salaata yeroo
sodaa) Sahaabootaan salaate.

Imaamu Ahmad Musnad Isaa keeysatti gabaase

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Zuu-Qarad bakka ja'amtu
Sahaaboota waliin qubate. Sahaaboota waliin taphataa, Koflaa achi

turan. Bilaal Rabbi irraa haa jaalatuu, Gaala qalee Tiruu fii Dalluu waadee Isaan nyaachise.

San booda Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam gama Madiinaa deebi'e. Sahaaboonni Rasuula Sallallaahu Aleeyhi Wasallam marsanii tumsaa fii Injifannoon galataniin.

Duula Kheeybar

Ji'a Muharram bara Hijrii 7ffaa keeysa Duulli Kheeybar (Ghazwatu Kheeybar) godhamte. Kheeybar maqaa bakkaati. Yahuudaa malee namni biraa tokkolleen Kheeybar hin qubatu. Kheeybar bakka Islaamummaa balleesuuf malli adda addaa itti karoorfamu.

Yahuudaan Kheeybar warra Madiinaa irratti lola banuuf Waraana Ahzaab walitti qabe. Isaan Muslimoota hundeen buqqaasuuf gosoota Arabaa kakaasaa turan. Bakki Balaan hundi irraa qibsiiifamtu Kheeybar ture.

Rabbiin Nabiyyiif sallallaahu aleeyhi wasallam injifannoo Kheeybar irratti akka isaaf kennu beellama seeneef.

Rabbiin ol tahe Suuraa Al-Fat'hi keeysatti akkana jedhe:

وَعَدَكُمْ اللَّهُ مَغَانِمَ كَثِيرَةً تَأْخُذُونَهَا

“Rabbiin boojuu hedduu isin fudhachuuf teeysan beellama Isiniif seene.”

Al-Fat'h: 20

Boojiun Kheeybar Sahaaboota Sulhii Hudeeybiyyaa irratti argaman qofaaf taate. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam warra Hudeeybiyyaa irratti Isaa wajjiin argame malee namni biraa akka Isa wajjiin gama Kheeybar hin baane ajaje. Isaan nama 1400.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam waraana Isaatiin gama Kheeybar duuluuf Madiinaa irraa bahe. Hoggaa Kheeybar gahe Yahuudaan Kheeybar Isa arganii akka malee sodaataan guttaman,

Jogola Isaaniitis ifitti cufatan: “Muhammad fii waraanni Isaatu dhufe” ja’anii walitti lallaban.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam sodaa Isaanii hoggaa arge, sagalee ol fuudhee: “Allaahu Akbar! Kheeybar onte. Nuti hoggaa ganda tokkorratti ganama qubanne, way waa hammaatee ganamni warra dinniinamee didee.”

Jogolli Kheeybar Waraanaa Muslimaatiin ni marfame. Gaafa san jeynummaan Sahaabootaa ifa baate. Sahaaboonni Tarkaanfii Yahuudaa fii Jogola Isaaniitis dhukkee gootu irratti fudhatan.

Duula Kheeybar irratti Jeeynummaan Isaanii warra akkaan Mullate keeysaa: Zubeeyr bin Al-Awaam, Aliyi bin Abii Xaalib, Abuu Dujaanaa, Salamaa bin Al-Akwa’i, fii Sahaaboonni birootis Rabbi irraa haa jaalatuu, jeynummaa ajaa’ibaa agarsiisan.

Aliyyi bin Abii Xaalib jeynicha Yahuudaa beekkamaa Marhab ajjeese. Zubeeyr bin Al-Awaam Obboleessa Marhab, Yaasir kan jedhamu ajjeese.

Yahuudaan Kheeybar lolli yoo itti fufe akka dhuman hubatanii harka kennan. Yahuudaan Kheeybar walii galtee godhuu barbaadan, Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam irraa qeebale.

Qaphxiin walii galtee Kheeybar akka armaan gadii kana:

- Jogola Kheeybar keeysa namni jiru eega walii galteen godhamte booda dhiinyi Isaa tiyfamaadha.
- Ilmaanii fii dhalaan Isaaniitis hin booji’aman.
- Yahuudaan Kheeybar gad lakkiftee baati.
- Meeshaa waraanaa malee Qabeenya Isaanii waan fedhan fudhatanii bahan.

Yahuudaan Kheeybar akka waliigalanitti bahuuf qophiirra osoo

jiran Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam akka Kheeybar keeysatti Isaan dhiisuu fii Isaan ammoo Oyruu Kheeybar dalaganii amatatti cinaa oomisha Isii akka galchaniif gaafatan.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam waan isaan gaafatan sanarratti Isaaniin waliif galee Isaan dhiise. Kheeybar lafa eyruu guddoodha. Rasuulaa fii Sahaaboonni nama eyruu Isaaniif dalagu hin qaban, saniif Yahuudaan daleeydee walakkaa ifiif fudhattee, walakkaa Isaaniif galchuu irratti waliif galan.

Muslimoonni Injifannoo Kheeybar booda ni durooman. Abdullaahi bin Umar: “Hanga Kheeybar Injifannutti quufnee hin beeynu.” Je’e.

Bukhaarii baase.

A’ishaan Rabbi irraa haa jaalatuu akki jette: “Hoggaa Kheeybar Injifannoon banamte, Amma Timira ni quufana jenne.”

Bukhaarii odeeyse.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam osoo Kheeybar jiru Muhaajiroonni Lafa Habashaa turan itti dhufan. Ja’afar bin Abii Xaalib Rabbi irraa haa jaalatuu, hogganaan Muhaajiroota Habashaa ni dhufe. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam dhufinsa Isaaniitin hedduu gammade.

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam: “Injifannoo Kheeybar moo dhufinsa Ja’afar bin Abii Xaalibiin gammadaa waa hin beekhu!” je’e.

Haakimtu odeeyse.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam osoo Kheeybar jiru Gosti Ash’arii itti dhufan. Isaan Nama 35 ni tahan. Abuu Muusaa Al-Ash’arii Rabbii irraa haa jaalatuu, Isaanirraa tokko ture.

Gosti Ash’arii dhufuun dura guyyaa tokko, Rasuulli sallallaahu

aleeyhi wasallam: “Boru orma akkaan qalbiin Isaanii Islaamummaaf laaftuutu Isinitti dhufa.” Sahaabootaan jedhe.

Guyyaa itti aanu Asha’iriyyoonni (Gosti Abuu Muusaa) dhufan.

Osoo Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Kheeybar jiruu gosti Dowsii itti dhufte. Guyyaa san warra dhuferraa Ax-Xufeeyl bin Amr Ad-Dowsii fii Abuu Hureeyraa kheeyya jiran.

Safiyyaa bint Huyay bin Akhxab duula Kheeybar irratti walii galateen osoo hin godhamin booji’amte. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Islaamatti Isii yaame. Islaamummaa ni qeebalte.

Hoggaa Islaamummaa qeebalte Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Isii bilisoomsee Isii fuudhe. Isii Bilisoomsuu san Mahrii Isiif godhe.

Akkasitti Safiyyaan Haadha Mu’mintootaa irraa taate Rabbi irraa haa jaalatu.

Rasuulli sallallaahu alechi wasallam hoggaa Kheeybar irraa raawwate, Zeeynab bint Al-Haaris Yahuudittiin Re’ee waaddee summii itti gootee fiddeef.

Rasuulli Salallaahu aleeyhi wasallam hoggaa Sahaaboonni irraa nyaatan: “Harka keeysan irraa fuudhaa, Isiin tuni Summii qabdi.” Je’een.

Sababaa Summii Sanirraa Bishir bin Al-Baraa’i bin Ma’ruur Rabbi irraa haa Jaalatuu, du’e.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Zeeynab Yahuuditti saniin: “Rabbiin sii tana kan Anarratti moosisu hin taane.” jedheen.

Yahuudittiin Summiidhaan Bishir bin Al-Baraa’i waan ajjeefteef, Isii ajjeese.

Akkasitti Yahuudaan Kheeybar eyruu Kheeybar dalagaa, omisha Isii irraa cinaa fudhachaa Kheeybar turan. Hanga Zamana

Khaliifummaa Umar bin Al-Khaxxaab haala saniin turan, zamana Mootummaa Umar kheeysatti nama Muslimaa tokko ajjeesan.

Umar bin Al-Khaxxaab Rabbi irraa haa jaalatu, nama Muslima ajjeese san akka dabarsanii kennan Isaan gaafate, garuu Isaan ni didan. Akkasitti Umar Rabbi irraa haa jaalatu, Jaziiraa Arabaa keeysaa isaan yaasee gama Shaam godaanan.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam injifataa haala taheen Kheeybar irraa gama Madiinaa deebi'e. Hoggaa gaara Uhud bira gahe: "Kuni Gaara nu jaalatu, kan nutis Isa jaalannu." Je'e. Bukhaarii fi Muslim

Ghazwatu Zaatu-Riqaa'i

Duula Kheeybar boodaan duula "Ghazwatu Zaatu Riqaa'i" ja'amtuu godhame. Wanni akkasitti moggaafamteef sababaa Sahaaboonni miila Isaanii irratti cirqii mammarataniifi, kopheen hin qaban ture.

Ghazwatu Zaatu Riqaa'i Afaan Oromootin duula gaafa carqii akka jechuuti. Isii keeysatti carqiin bakka kophee akka Isaaniif buutu miilatti mammaratan.

Sababaan duulli Zaatu-Riqaa'ii argamteef: Gosa Ghaxfaanirraa tuutti waraanaa Madiinaa irratti lola banuuf akka walitti qabamaa jirtu oduun Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam bira geeyse. Saniif jecha Sahaaboota 400 waliin Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Madiinaa bahe.

Gosti Ghaxfaan Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Madiinaa gama Isaanii bahuu dhageenyaan dheeksanii bakka hundaa dhabaman.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam bakka isaan walitti qabaman dhagee nama tokkollee achii dhabe.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam duula Zuutu Riqaa’ii keeysatti salaata Al-Khowfi (salaata yeroo sodaa) salaaate. Eegas Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam gama Madiinaa deebi’e.

Umratu Al-Qadaa’i

Zul Qa’adaa, amata Hijrii 7ffaa keeysa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Umraaf Madiinaa irraa bahe. Sulhii Hudeeybiyaa irratti Qaphxiin takka tan irratti waliif galan amata dhufu Umraa godhuudha ture.

Umraan sun “Umratu Al-Qadaa’i” jechuun moggaafamte. Wanni akkas ja’aniiniif, Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Qureeyshii wajjiin Hudeeybiyaatti amata as demu akka Umraa godhu waliif galan.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Sahaaboota Sulhii Hudeeybiyyaa irratti argaman wajjiin Madiinarraa bahe. Isaan nama 1400. Warra Sulhii Hudeeybiyyaa irratti argamerraa kan du’e qofaatu hafe.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Gaala 60 wareegaaf fudhatee bahe. Ganiinsa Qureeyshii waan sodaateef Meeshaa waraanaatis fi’atee bahe. Zul-Huleeyfaa bakka warri Madiinaa Umraa fii Hajjii irraa hidhatanitti gore.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Sahaaboota wajjiin Zul-Huleeyfaa irraa Umraa hidhatanii “Talbiyaa” (Labeeyka Allaahuma Labeeyka) jechaa gama Makkaah qajeelan.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Makkaa amata torbaaf eega irraa baqate booda yeroo duraatiif scene. Masjida Al-Haraam hulaa “Baabu Banii Sheeybaa” ja’amtuun scene. Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Umraa san godhuun hedduu gammade.

Rasuulli sallallaahu Aleeyhi wasallam Ruknii (Al-Yamaanii) misraaxa Isaatiin tuqee, Huccuu Isaa bobaa jalaan baafatee naannoo 7 Ka’baan naannawe. Hoggaa naannawa isaa xumure “Maqaamu Ibraahim” duubatti raka’aa lama salaate.

Eegasii Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Sahaaboota waliin Safaa fii Marwaa jidduu fiige. San booda Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam wareega Isaa qale.

San booda Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Rifeensa Isaa kabajamaa haaddate. Ma’mar binu Abdullaah Al-Adawii-tu Rifeensa irraa haade. Sahaaboonnis akkuma san dalagan.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam akkuma Sulhii Hudeeybiyyaa irratti waliif galame Makkaa keeysa guyyaa sadii ture. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam gaafa san Ka’abaa keeysa hin seenne, taabootaa fii dhagaalee adda addaa kan Mushrikooni gabbarantu kheeysa ture.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Sahaaboota Isaa waliin Makkaa kheeysa eega guyya sadii taa’an booda bahan. Hoggaa bakka “Sarifa” ja’amtu gahan ni qubatan.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Haadha Mu’mintootaa Meeymunaa bint Al-Haaris bakka Sarifa ja’amtu sanitti fuudhe. Isiin nama xumura Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam fuudhe. Meeymunaan Rabbi irraa haa jaalatuu, Amata Hijrii 51 kheeysatti duute.

Jalqaba Amata Hijraa 8ffaa kheeysa Zeeynab intalti Nabiyyii salallaahu aleeyhi wasallam duute. Isiin irra guddoo dubartoota Rasuulaati Sallallaahu aleeyhi wasallam. Qabrii “Baqii’i”tti awwaalamte.

Khaalid bin Al-Waliid, Amr bin Al-Aas fii Usmaan bin Xalhaa

Baatii Safar amata Hijiraa 8ffaa kheeyisa Islaamawanii Madiinaa dhufan.

Nabiyyiin sallallaahu aleeeyhi wasallam Islaamawu Isaaniitin haalaan gammade. Isaan agarraan Sahaabootaan akkana je'e:
"Makkaan irra caalaa ilmaan Isii isinitti darbite."

Duula Mu'taa irraa hanga Fat'hii Makkaa

Baatii Jamaada Al-Uulaa, Amata Hijiraa 8ffaa kheeyisa duulli "Ghazwatu Mu'taa" guddoon argamte. Duulli sun Muslimootaa fii warra "Ghasaasin" jidduuti godhamte. Rasuulli sallallaahu aleeeyhi wasallam osoo itti hin hirmaatin Duula "Ghazwa" jechuun moggaafatamte.

Rabbiin waan duula sanirratti tahe hunda Nabiyyii Isaa salallaahu aleeeyhi wasallam Osoo Madiinaa taa'u agarsiise.
Sababaan duulli Mu'taa argamteef; Rasuulli sallallaahu aleeeyhi wasallam Xalayaan Al-Haaris binu Umeeyrii gama Shaam erginaan karaatti ajjeefame.

Rasuulli sallallaahu aleeeyhi wasallam xalayaadhaan gama mootii "Busraa" biyya Shaam-tti Al-Haaris binu Umeeyrii erge. Garuu Namichi Shuraahbiil bin Amri ja'amu kan warra Ghassaan (Araba Kiristaanaa irraahi) Ergamaa xalayaa Rasuulaa Sallallaahu aleeeyhi Wasallam geeysuuf deemu karaatti ajjeese.

Aadatti Ergamtoota xalayaan Ergaman ajjeesuun dalagaa hamtuu irraahi lallama, nama ergame tuqun zamana sanitti waan beekkamuu miti.

Rasuulli sallallaahu aleeeyhi wasallam Sahaaboota akka lolaaf qophaawan ajaje. Waraana kuma 3 tahuutu Rasuulaaf Sallallaahu Aleeeyhi Wasallam walitti qabame. Waraanni Sun irra guddaa waraana Islaamaaf walitti qabameeti.

Rasuulli salallaahu aleeyhi wasallam waraana Sanirratti Zeeyd bin Haarisaa Rabbi irraa haa jaalatuu hogganaa godhe, Yoo inni ajjeefame Ja'far bin Abii Xaalib Rabbi irraa haa jaalaatu, yoo Ja'far Ajjeefame Abdullaahi bin Rawaahaa Rabbi irraa haa jaalatu, hogganaa godhe.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam alaabaa Adii Zeeyd bin Haarisaatti kennee gaggeeyse.

Duula Mu'taa irratti Khaalid bin Al-Waliid Rabbi irraa haa jaalatu eega Islaamawe yeroo duraatiif hirmaate.

Waraanni Muslimootaa kan lakkoofsaan kuma 3 gahu bakka Ma'aan ja'antu hoggaa gahe, waraanni "Ghassaan" gargaarsa Ruumiitiin kuma 200 tahuu oduun Isaan geeyse.

Muslimoonni waraana akkasii guddaa san qunnamna yaada ja'u qabaachuu hin turre. Akkasumaa wajjiin lakkoofsi guddaan dhagayan Isaan hin sodaachifne

Zeeyd bin Haarisaa Rabbi irraa haa jaalatu, waraana Isaa addaan qoode,
Gama mirgaa irratti Quxbaa bin Qataadaa hogganaa godhe.
Gama Bitaa irratti Abaayata bin Maalik Al-Ansaarii godhe.

Waraanni Muslimaa gama Mu'taa sochii jalqabe. Achitti waraanni lamaan wal qunname. Yaadi! waraana lakkooyi Isaa 3000 qofaatu Waraana lakkooyi Isaa kuma 200 gahu qunname.

Akkasitti lolli hadhaawaan jalqabe...
Lola Sanirratti Jeynummaan Sahaaboota adawwii isaanillee dinqisiise ture.

Zeeyd bin Haarisaa Alaabaa qabatee Jeynummaadhaan waraana

Kaafiraatin loluutti seene. Muslimoonni Isa wajjiin jeynummaadhaan loluu itti fufan hanga Ajjeefamutti Rabbi irraa haa jaalatu.

Hoggaa Zeeyd Ajjeefame Ja'far bin Abii Xaalib Alaabaa fuudhate. Jeynummaadhaan lolee lolchiisuu itti fufe hanga Ajjeefamutti Rabbi irraa haa jaalatu.

Hoggaa Ja'far ajjeefame Abdullaahi bin Rawaahaa alaabaa fudhatee duratti dabre, hanga ajjeefamutti lolee, lolchise.

Rabbiin lola Mu'taa deemaa jiru san hunda Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam osoo Madiinaa jiru Isa agarsiise. Hoggaa hoggantoonni Sadeen ajjeefaman Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Ijji Isaa Imimmaan dhangalaasaa: “(Wareegamtoonni lola Mu'taa) Nu bira jiraachuun kan Isaan gammachisuu hin taane” Je'e.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam wanni akkas je'eef, Isaan qananii Shahidummaa booda argatan sanirraa deebi'uu akka hin feene ibsuufi.

Hoggaa Abdullaahi bin Rawaahaa ajjeefame Alaabaan lafatti kufte. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam jara sadeen malee hogganaa afrafaa hin ramadne. Saabit bin Aqram Alaabaa lafaa fuudhe.

Muslimoonni Isa biratti walitti qabaman, Khaalid bin Al-Waliid dabalatee hundi hoggaa walitti dhufan Alaabaa Khaaliditti kenne. Khaalid Alaabaa fudhate.

Khaalid hoggaa alaabaa fudhatu Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam:

“Seeyfiin Seeyfoota Allaah irraa tahe tokko Alaabaa fuudhe.” Je'e.

Khaalid Rabbi irraa haa jaalatu, waraana Islaamaa tartiiba galchee,

waraana adawwii akka galaanaa guddatu dura dhaabbatee loluu jalqabe.

Khaalid Rabbi irraa haa jaalatuu Waraana Muslimootaa hogganaa adawwii kuma 200 dura dhaabbachuun loluu itti fufe. San booda waraana Muslimaa dirree lolaa kheeysaa kasaaraa takka malee baasee Madiinatti deebi'an.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam waraana lola Mu'taa irraa deebi'een akkana je'an: "Isin warra dheeysee miti, 'In shaa Allaah' Isin warra deebi'e."

Ammoo oduun Waraana Mu'taa irraa deebi'een namni: "Yaa warra dheeyse, Yaa warra dheeyse." Ja'aniin jettu da'iifa. Ibnu Is'haaq siiraa Isaa kheeysatti sanada da'iifaan baase.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Ja'far bin Abuu Xaalib lola Mu'taa irratti eega wareegame booda maatii Isaa ni lallaala. Rasuulli salallaahu aleeyhi wasallam: "Maatii Ja'far nyaata dhaabaaf/tolchaaf dhugumatti wanni Isaan shaakalu itti dhufee jira." Je'e.

Jamaada Al-Aakhir, bara Hijrii 8ffaa kheeyssa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Amri bin Al-Aasiin: "Ani Waraana irratti (hoggonaa) godheetin si erguu fedha, Rabbiin Boojuu hedduu siif kenna." Je'een.

Amr bin Al-Aas: "Yaa Ergamaa Allaah! Ani qabeenya barbaada hin Islaamoyne, Ani kanin Islaama qeebaleef Jihaadaa fii Sii waliin turuu kajeellaafi." je'een.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: "Yaa Amr! Qabeenyii gaariin, nama gaariif (tahuun) qananiidha/toltuudhal" je'een. Eegasii Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Amr bin Al-Aas nama 300 wajjiin Ergamtuu Waraanaa irratti hogganaa godhee Isa erge.

“Sariyyatu Zaati As-Salaasil” ja’aniin Ergamtuu waraanaa saniin.

Amr bin Al-Aas waraana Isaa wajjiin Madiinarraa bahe. Sababaan Ergamtuun Waraanaa suni ergamteef, Gosa Qudaa’aa-tu Madiinaa irratti lola banuuf Qophaawaa jira oduu jettuutu Rasuula sallallaahu Aleeyhi wasallam dhaqqabe. Amr bin Al-Aas isaanitti dhage. Isaan dagachiisee Osoo isaan qophirra jiran dafxaatti Isaan dhawe. Khasaaraa guddoo isaanirraan gahe.

Amr bin Al-Aas Injifatee waraana Isaa waliin Madiinatti deebi’e. Ergamtuu Waraanaa Zaati As-Salaasil kheeysatti Muslimoota irraa namni tokkolleen hin madeeyfamne, hin ajjeefamnes. Nagayaan gama Madiinaa deebi’an, Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam nagayaan galuu Isaanitiif haalaan gammade.

Baatii Sha’baan, Amata Hijirii 8ffaa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Ergamtuu Waraanaa irratti, Abuu Qaataadaa Al-Haaris bin Rabi’ii Hogganaa waraanaa godhee erge. Sababaan duula sanii: Gosa Ghaxfaantu Madiinaa irratti lola banuuf jammaata hedduu walitti qabataa ture.

Abuu Qataadaa fii Warri Isa wajjiin jiru Rabbi Isaanirraa haa jaalatu, tuuta Ghaxfaan tan Madiinaa dhahuuf qophirra jirtu lola itti banan. Tuuta Ghaxfaan irraa gariin ni ajjeefame, gariin ni booji’ame, hangi hafe ni dheeyse.

Duula Fat’hii Makkaa irraa hanga Huneeyni

Baatii Ramadaanaa, Amata Hijirii 8ffaa kheeyisa Fat’hiin Makkaa, Injifannoon Islaamaa guddoon argamte. Rabbiin Injifannoo saniin Amantii Isaatii fii Rasuula Isaa sallallaahu aleeyhi wasallam ol fuudhe.

Sababaan duulli “Ghazwatu Fat’hi Makkaa” (Injifannoo Makkaa) argamteef: Banii Bakrii fii Qureeyshiin wal tahanii gosa Khuzaa’aa

tan Sulhii Hudeeybiyyaa irratti Rasuula sallallaahi wasallam wajjiin tahuuf wa'ada seente gananii nama 20 irraa ajjeesan.⁶⁹

Amr bin Saalim Al-Khuzaa'ii Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam bira Madiinaa dhufe. Rasuula Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Osuma Masjida kheeyisa taa'aa jiru itti ol seenee gubbaa dhaabbate. Ajjeechaa dagutti Qureeyshii fii Banii Bakri Isaan irratti raawwatte itti hime.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: “Yaa Amr bin Saalim Tumsamte (siifin tumsa)” je'een.

Eegasi Makkaa irraa gosti Khuzaa'aa Maanguddoo gama Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam ergan, waan argame hunda adda babaasanii itti himatan.

Qureeyshiin dagachiisanii gosa Khuzaa'aa irraa ajjeesuun Sulhii Hudeeybiyyaa diiguu akka tahe waan hubatteef, ni sheenooyte. Saniif jecha Abuu Sufiyaan akka walii galtee haaroomsuuf gama Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam ergan. Abuu Sufiyaan Madiinaa dhagee osoo hin milkaayin Makkaatti deebi'e.

⁶⁹ . Gosti Banii Bakri fii Gosti Khuzaa'aa gaafa Jaahiliyyaa wal lolanii walirraa ajjeesa turan. Hoggaa Sulhiin Hudeeybiyyaa argamte gosti Khuzaa'aa Wa'adaa fii Beellama Rasuulaa sallallaahu Aleeyhi wasallam jala seenan. Gosti Banii bakri ammoo Qureeyshii wajjiin taate. Qaphxii walii galtee Sulhii Hudeeybiyyaa irratti Gosti feete Qureeyshii jala yoo seente, wa'ada Qureeyshiin qabdu qabdi, akkasuma gosti Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam wajjiin tahuu filattes waanuma Isaan qaban wajji qabdi.

Duuba Gosti Banii Bakrii Halkan tokko haaloo gaafa Jaahiliyyaa Khuzaa'aa irraa qaban baafachuuf Khuzaa'aa quba hin qabne Marsanii nama 20 irraa ajjeesan. Gariin Osoo Salaatu, kaan osoo rafu dafxaatti daganii fixan.

Gosti Khuzaa'aa balaa isaan tuyxeef lyyannoo gama Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam galfatan. Sababaa saniif duulli Fath Makkaa argamtu dandeeysa.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Injifannoo Guddoof qophii jalqabe. Rasuulli sallallaahu Aleeyhi wasallam: “Yaa Rabbi Basaastuu nurraa qabi, Oduu (teenya) Qureeyshii irraa qabi.” Jechuun Rabbi kadhate.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Sahaaboota Isaa duulaaf qophii akka godhan ajaje, gosoota Baadiyyaa tan Islaamooyte hunda akka qophaawanii duulaaf bahan itti erge.⁷⁰

Rasuulaaf salallaahu aleeyhi wasallam nama kuma 10 tahuutu walitti qabameef, Sun Irra guddaa Waraanaa kan eega Nabiiyyummaatii walitti qabame. Madiinaa irraa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Ramadaana 10, bara Hijirii 8ffaa bahe.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam osoo gama Makkaah deemaa jiru ilma Adeera Isaa Abuu Sufiyaan bin Al-Haaris fii Ilmi adaadaa Isaa Abdullaahi bin Abii Umayyaa bin Al-Mughhiiraa qunname, lamaanu Islaamummaa qeebalanii gama Madiinaa Hijraaf deemaa turan.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Soomana osoo afaanii qabuu deemsa Isaa gama Makkaa itti fufe, namni Isa wajji jirus Soomana qaban. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam jabeenya dheebuutirraa bishaan mataa fii fuula Isaa irratti dhangalaase.

Rasuulli salallaahu aleeyhi wasallam bakka Al-Kadiid ja’amtu tan Usfaani fii Qudeeyd jidduu jirtu hoggaa gahe, Sahaabootaan akkana je’e: “Dhugumatti Adawwii teeysanitti dhihaattanii jirtan soomana hiikuutu (furuutu) isiiniif irra jabeenya (taha).”

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam soomana ni hiike, Ilmaan

⁷⁰ . Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam ifiif Qophaawuu fii Sahaabootaan qophaawaa jechuu malee, Eeysatti akka duulu hin beeysisne.

namaatis Isaa wajjiin hiikan. Eegasii Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam akka namni Isa arguuf weelkaa bishaanii fudhatee bishaan irraa dhuge.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Al-Juhfaa bakka ja'amtu hoggaa gahe, Adeera Isaa Abbaas bin Abdul Muxxalib Hijiraa gama Madiinaa kan deemaa jiru wal qunnaman. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Abbaas bin Abdu Al-Muxxalib Islaamawuun hedduu gammade.

Abbaas bin Abdu Al-Muxxalib Rabbi irraa haa jaalatuu, waraanni Muslimootaa gama Makkaa deemaa akka jiru hin beeyne. Inni nama booddee/xumura gama Madiinaatti hijiraa godhuuf deemaa ture. Duula “Ghazwatu Fat’h Makkaa” boodaan Hijiraan ni dhaabbatte.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: “Fathii Makkaa boodaan Hijiraan hin jirtu.” Je’e. Hijiraan Hadiisni hin jirtu je’een, Hijiraa Makkaa irraa gama Madiinaa godhamaa turte itti baana.

Ammoo Hadiisni Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Abbaasiin: “Yaa Adeeroo! gammadi, ati nama xumura Hijiraaf baheeti, Akkuma ani booddee Nabiyyootaa tahetti.” Jedhu Imaamu Ahmadtu sanada haalaan da’iifaatiin odeeyse.

Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam irraa hadiisni kuni hin sabanne.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam deemsa Isaa gama Makkaa itti fufe, Yeroo Ishaa’ii hoggaa bakka Az-Zahraan ja’amtu gahe, Sahaaboota Isaa Ibidda qabsiisutti ajaje, Isaanis Ibidda qabsiisan.

Rabbiin ol tahe Qureeyshii ija qabe, Oduun Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam guutumatti Isaanirraa cufamte. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam ajjeechaa Isaan gosa Khuzaa’aa irraatti hojjataniif maal akka dalagu hin beekan. Oduu Isaatis quba hin qaban.

Abuu Sufiyaan, Hakiim bin Hizaam fii Budeeyl bin Warqaa'i wajjiin oduu barbaada Makkaa irraa bahan.

Hoggaa Marra Az-Zaahraan gahan, Ibidda akka malee hedduu tan qabsiifamte fagoodhaa arganii rifatan. Ibiddi Isaan argan Ibidda waraana Muslimootaa kan lakkoofsi Isaa kuma 10ti.

Yeroo san Abbaas bin Abdu Al-Muxxalib Rabbi irraa haa jaalatuu, nama tokkollee taatu yoon argadhee jechuun barbaadutti seene. Nama Qureeyshiitti dhaqee dhimma Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam itti himuun Isaan dinniinu barbaada. Waraanni itti dhufaa jiru kan humna Isaaniiti olii waan taheef akka harka kennanii nagaya bahan dhaamsa dabarsuuf nama barbaadaa jira.

Tanuma Jiddu Abbaas Abuu Sufiyaan Damiinticha Makkaa arge, Isa waliin Hakiim bin Hizaam fii Budeeyl bin Warqaa'i jira. Abbaas Abuu Sufiyaan harka akka kennuu fii Qureeyshiin akka hin lolle amansiise.

Abuu Sufiyaan hoggaa guddina Waraana Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam kuma 10 tahuu beekhe, Akka dandeeyii Nabiyyiin Sallallaahu Aleeyhi Wasallam loluu hin qabne hubate, Akkasitti harka kennuuf walii gale.

Abbaas, Abuu Sufiyaan fuudhee gama Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam fideen. Makkaa nagayaan dabarsee akka kennu itti hime. Abuu Sufiyaan hoggaa Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam irratti ol seene, Nabiyyiin Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Islaamummaatti Isa yaame, ni Islaamawe.

Eegas Nabiyyiin Sallallaahu aleeyhi wasallam Abuu Sufiyaaniin akkana je'een: "Namni mana Abuu Sufiyaan seene nagaya bahe, namni Masjida seene nagaya bahe, Namni hulaa Isaa ifirratti cufate nagaya bahe."

Abuu Sufiyaan gama Makkaah deebi’ee warra Makkaatiin wal gahe, Oduu Nabiiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam itti hime, akka Isaan loluuf dandeeyii hin qabne hubachiise, akkasuma namni mana Isaatii bahe tokkolleen akka nagaya hin baane Isaan akeekkachiise.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam waraana Isaa gama Makkaa akka sosso’an ajaje, ammas Sahaabootaan: “Nama Isiniin lole malee hin lolinaan, Dubartootaa fii daa’imannis hin ajjeesinaa.” Je’een.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Makkaah gama gubbaa Isiitiin bakka Kadaa’i ja’amtuun gadi seene, waraana Isaa “Katiibat Al-Khadraa’i” (Birgeedii magariisa) wajjiin Makkaa seene. Guyyaan suni Jum’aa baatii Ramadaana 19, amata Hijiraa 8ffaa dha. Guyyaan sun guyyaa hin irraanfatamne.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Hoggaa Makkaa seenu Gaala Isaa Al-Qaswaa’i yaabbateeti deemaa ture. Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Rabbii Isaa kan Injifannoo guddoo san isaa kenneef, gad if qabaa haala taheen Makkaah seene.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Gaala Isaatirraa sagalee ol fuudhee suuraa Al-Fat’hii qara’a ture. Warri Makkaa ammoo mana Isaanii kheeysaa waan argame dinqisiisfataa dawwataa turan.

Bakka Kheeyf ja’amtutti daasni akka Isaaf dhaabbamutu Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam ajaje, daasni bakka Inni ajajetti dhaabbatteef. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam achi kheeysa qubate.

Ummu Haani’i hayyama gaafattee Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam irratti ol seente. Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam: “Baga dhufte Ummu Haani’i” jechuun Isii qeebale.

Ummu Haani’i akki jette Rasuulaan sallallaahu aleyhi wasallam: “Yaa Rasuula Rabbii! abalu fii abaluuf anaatu magantaa seeneefii nagaya godhe” nama lama kana fira Isii maqaa dhooytee itti himte.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: “Yaa Ummu Haani’i nama ati nagaya akka argatu magantaa seenteef nagaya goone.” Je’een.

Eeganaa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam gama Masjida Al-Haraam qajeele. Muhaajiraa fii Ansaaroonni duraa fii duubaan Isa marsanii “LAA ILAAHA ILLALLAAH” “ALLAAHU AKBAR” jechaa deeman.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Hajar Al-Aswad ulee misraaxaa tan harkaa qabuun tuqate, eegasii Ka’abaan taraa torba naannawe, Mogga Ka’abaa taaboota 360 ture.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa taaboota sanirraa takka bira gahe ulee misraaxaa harkaa qabuun diraa aayaata tana qara’a:

وَقُلْ جَاءَ الْحَقُّ وَزَهَقَ الْبَاطِلُ إِنَّ الْبَاطِلَ كَانَ زَهُوقًا

“Ja’i haqni dhufe, dharri dhabame, dharri dhabamaadha tahe.”

Israa’i: 81

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam aayaata san qara’aa taaboota hoggaa harka itti laatee fii itti akeeke taabootni kukkkufuutti seente.

Hoggaa taabootni tokko lafatti jige Sahaaboonni lafatti dhukkee godhan. Hanga taabootni 360 naannoo Ka’abaa marsite hundi dhumututti caccaphsan.

Eegasii Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam tiisaa Ka’aabaa “Haajibu Al-Ka’aab” kan tahe Usmaan bin Xalhaa Rabbi irraa haa jaalatu yaame. Qulfiin Ka’abaa Isa bira jirti ture.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam akka Ka’abaa banu Isa ajaje, hoggaa banamte Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Umar bin Al-Khaxxaab suuraalee Ka’abaa kheeyisa jirtu mara akka haqu ajajeen, Umar ni haqe.

Eegasii Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Ka’abaa ol seene, Isa

wajjiin Bilaal bin Rabaah, Usaamaa bin Zeeydi ol nage. Hulaa Ka'abaa cufee Bilaal fii Usaamaa wajjiin achi kheeyisa yeroo dheertuuf ture.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa Ka'abaa seene bakki Inni dhaabbate: Utubaa tokko bita Isaatii dhiise, Utubaa lama jihaa mirgaatiin, Utuboota 3 if duubatti dhiisee. Ka'abaan gaafa san Utubaalee 6 qabdi. Isii kheeyisatti Salaata Raka'aa lama salaate.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Ka'aba Kheeyisaa hoggaa gad bahe, Warri Makkaa walitti qabamanii Isa eegaa jiran. Rasuulli sallallaahu Aleeyhi Wasallam Rabbii Isaa ni qulqulleeysee, ni faarse, Isaaniif gorsa guddaa godhe.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam gorsa boodaan Akkana Isaaniin je'e: "Yaa jammaata Qureeyshii mee maal waanin Isinitti dalagu seetan?"

Isaanis: "Kheeyriidha. Ati Obboleysa gaariidha, ilma gaariidha" ja'aniin.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: "Wannin Isiniin ja'u akkuma Yuusuf Obboleeyyaniin je'e 'komiin Isinirra hin jirtu arraantana', deemaa Isin hikkamoodha (Xulaqaa'i)" je'een.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam san booda Masjida Kheeyisa gad taa'e, Harka Isaa kheeyisa furtuu Ka'abaatu ture, Aliyyi bin Abii Xaalib itti dhufee: "Yaa Rasuula Rabbii! Ka'abaa eeguu fii Obaa (warra Hajjii obaasuu) walitti nuuf qabi (banii Haashimiif)" je'een.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: "Usmaan bin Xalhaa eeysa jira?" jechuun gaafate.

Isaaf yaamame, Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: "Yaa Banii Xalhaa furtuu Ka'aabaa fudhaa (isin bira) turtuu haala taateen, ilmaa ilmootti dabartuu haala taateen, Zaalima malee namni tokkolleen isinirraa hin fuudhu." Je'een.

Hoggaa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Makkaa kheeysatti sabate, Warri Makkaa dhufee Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam Wa'ada seeneef. Abuu Bakri As-Siddiiq Abbaa Isaa Abuu Quhaafaa fidee Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam bira dhufe, Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam duratti Islaamawe.

Eegasii Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam dubartoota Qureeyshii irraa Waadaa fuudhe. Gaafa san Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallim Fatwaa hedduu godhe, Sanirraa:

Haraamummaa gurgurtaa:

- 1- Farshoo
- 2- Waan Ifiin du'e
- 3- Karkarroo
- 4- Taaboota

Fat'hiin Makkaah (Injifannoon Makkaah) Onnee Gosoota Arabaa kheeysatti faana guddoo dhiifte. Gosooleen Arabaa Muslimootaa fii Qureeyshii jiddutti lola godhamurraa injifannoon eenyuuf taatii eegaa turan.

Hoggaa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Qureeyshii irratti Injifannoo argate, Makkaah injifannoon itti deebi'e, Ilmaan namaa Amantii Rabbii tuuta tuutaan seenuu jalqaban.

Duula Huneeyni irraa hanga Hijrii 9ffaa

Rasuulli Sallallaahu aleeyhi wasallam eega Makkaah injifannoon seene guyyaa 19 Isii kheeysa taa'e. Guyyaa saftii Ji'a Shawwaal, bara Hijrii 8ffaa kheeysa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam gama Huneeyn bahe. Huneeyn laga Xaa'ifitti dhihooti.

Sababaan Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam gama Huneeyn Baheef, Osoo Makka Jiru Gosti Hawaazin warri Xaa'if tuuta guddoo Rasuulaan sallallaahu aleeyhi wasallam loluuf walitti qabaa

akka jiran dhagaye. Saniif gama Isaanii bahe itti dhaqe.

Warra Hawaaziniif loltuu kuma 20tu walitti qabameef, Dubartootaa fii ilmaan Isaanii akkasumas qabeenya Isaanii Gaalaa fii Re'ee hunda qabatani lolaaf bahan.

Hogganaan Isaanii Maalik bin Owf ja'ama.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Makkaa irratti amiira akka tahuuf Attaab bin Useyd bakka buuse. Attaab bin Useyd Islaamummaa kheesatti Amiira Makkaah kan jalqabaati.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Osoo gama Huneeyn deemu karaa irratti Muka guddoo moggaasa: "Zaatu Anwaax" ja'amuun beekkantu biraan dabre. Arabni gaafa jaahiliyyaa Muka saniin barakaa barbaaduuf isii tuqatan, isii gabbaran.

Hoggaa Muka san bira gahan warri Makkaa kan amma Islaama seene, (Xulaqaa ykn warra Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: Isin gad lakkifamoodha/bilasa jedheen) kan Iimaanni isaanii laafaa: "Yaa Ergamaa Rabbii! Zaatu-Anwaax nuuf godhi akkuma Isaan (Arabni gaafa Jaahiliyyaa) Zaatu-Anwaax qabaachuu turan." Ja'aniin.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam dubbii sanirraa dallanee: "Allaahu Akbar, Isa lubbuun too harka isaa jirtuun kakadhaa akkuma Ormi Muusaa Nabi Muusaan ja'an naan jettan, (Wanni isaan ja'an) Gabbaramaa nuuf godhi akkuma Isaan (Mushrikoonni) gabbaramaa qabutti." Je'een.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Laga Huneeyn hoggaa gahe, Halkan gama boodaa waraana Isaa lolaaf qopheeyse, Hogganootaaf Alaabaa hidhe, waraana Isaa tarree galchee tartiiba qabsiise.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam warra Fardaa irratti Khaalid bin Waliid hogganaa godhe. Sahaaboota yoo Obsanii fii yoo

sabatan akka injifatan itti himee gammachiise.

Warri amma Islaama seene (Xulaqaa'i) irraa kan tahan heddumina waraana Muslimaa laalanii dinqisiisfatanii: "Wallaahi arra lakkoofsa waraanaa xiqqeenyarraa waa hin mohamnu." Je'een. Heddumina Isaanii irratti warra irkatan tahan.

Muslimoonni gama laga Huneeyn gad bu'uu jalqaban, bakka haalaan gadoo fii mucuceeysaa ture. Ammas Muslimoonni tuutti waraana Hawaazin jala lagaatti akka battala qabattee Isaan eegaa jirtu quba hin qaban.

Hoggaa gama Lagaatti gad bu'an, tuutti waraana Hawaazin tan battala qabattee Isaan eegaa turte Muslimoota dhahinsa ifirraa quba hin qabne dhahan. Khaalid bin Al-Waliid dhahamee Farda Isaa irraa lafatti kufe.

Faradoon Gosa banii Suleeym caphxee, if duube dheesite, Warri Makkaah Isaan jala dheeyfa seene (Isaan warra amma Islaamawe Xulaqaa'adha), Akkasitti Muslimoonni gama hundaan dheesutti seenan.

Bara'a bin Aazib akki je'e: "Muslimoonni Orma akkaan xiyya darbatu qunnaman, Xiyyi Isaan darban lafa hin bu'u, Xiyya itti Roobsan, jarri biifledha."

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam gama Mirgaatti gore, Isa wajjiin nama waa xiqqootu Muhaajiraa fii Ansaara irraa sabate, Akkasumas "Ahlul beeytii" firoota Isaarraa wajjiin sabate. Warra sabatteraa: Abuu Bakr, Umar, Aliyyi-faadha.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Muslimoota dheesyan yaamutti seene: "Gabroottan Rabbii gama kiyya koottaa, Koottaa gama kiyya, Ani Ergamaa Rabbiiti, Ani Muhammadi" ja'aan.

Namni tokkolleen Isaanirraa gama Isaa hin mil’anne, dheesuu malee. Eegasii Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Gaangee Isaatiin gama Mushrikootaa guluufutti seene.

“Ani Nabiyyii hin Sobu, Ani Ilma Abdu Al-Muxxalib” jechaati gama Mushrikootaa gulufa.

Abbaas Cancala Gaangee Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam qabaati ture, Ilmi Adeera Isaa Abuu Sufiyaan bin Al-Haaris kooraa Isii qaba akka gama Adawwii hin ariifanneef.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam eegas Gaangee Isaa irraa bu’ee: “Yaa Allaah Injifannoo tee nuuf kenni...” Jechuun Rabbii Isaa kadhate

San booda Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Sahaaboota Isa wajjiin sabatan waliin loluutti seenan. Namuu gama Rasuulaatti sallallaahu aleeyhi wasallam dheeyan. Jeynummaa Isaatii fii Sabaata Isaatiif jecha bakka dubbiin jabaattetti Sahaaboonni Isaan tiyfaman.

Aliyyi bin Abii Xaalib akki je’e: “Hoggaa lolli jabaatte, Ormi seeyfiin wal qunname, Ergamaa Rabbii Sallallaahu aleeyhi wasallam biratti dheeksina, Isaan tiyfamna.”

Eegasii Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Abbaas bin Abdu Al-Muxxalibiin: “Yaa Abbaas warra Mukaa (warra Mukha jalatti beey’aa godhe) itti lallabi.” Je’een. Abbaas nama haalaan sagalee dheertu qabu ture.

Abbaas Sahaaboota Mukha jalatti Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam Wa’ada seenan, warra Beey’aatu Ar-Ridwaan godhanitti lallabe. Hoggaa sagalee Isaa dhagayan hundi Isaanii gama sagalee deebi’an.

“Labbeeyka Awwaanne” jechaa gama Rasuulaa Sallallaahu Aleeyhi

Wasallam deebi’u jalqaban, Gariin Isaanii gaala khaasuu hoggaa dadhaban dhiisanii gama sagalee Abbaas irraa dhagayan sanitti fiiguu jalqaban.

Abbaas akki je’u: “Wallaahi hoggaa sagalee dhagayan figaati deebi’an, Akkuma Gaali ilmoo Isiitti deebitutti.” Wa’ada seenan san guutuuf Ori’aa dhufan.

Akkasitti dhufanii lolutti seenan, namni gamaa gamanaa seeyfiin wal dhahuun jabaatte, Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Gaangee Isaatirraa taa’ee waan deemaa jiru hoggaa arge: “Amma owwe lolli” je’e.

Eegasii Nabiyyiin Sallallaahu aleeyhi wasallam cirracha hammaaree gama fuula kaafirootaatti facaase: “Hammaatte fuulli (kaafirootaa) ykn Rabbi haa fokkisu fuullan (kaafiraa)” je’e.

Ammas Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: “Rabbii Ka’abaatti kakkadhee caphan, caphan (warri mushrikaa) Rabbii Ka’abaatti kakadhee.” Je’e.

Eegas Rabbiin Ergamaa Isaa Sallallaahu aleeyhi wasallam fii warra amane Malaaykoota buusee gargaare.

Rabbiin ol tahe akkana je’e:

لَقَدْ نَصَرَكُمُ اللَّهُ فِي مَوَاطِنَ كَثِيرَةٍ وَيَوْمَ حُنَيْنٍ إِذْ أَعْجَبَتْكُمْ كُرُوتُكُمْ فَلَمْ تُغْنِ عَنْكُمْ شَيْئًا وَضَاقَتْ عَلَيْكُمْ الْأَرْضُ بِمَا رَحُبَتْ ثُمَّ وَلَّيْتُم مَدْيَنَ

“Dhugumatti Allaah bakka hedduutti Isiniif tumsee jira, Guyyaa Huneeynitis (Isiniif tumsee jira) Yeroo Heddumminni Kheeyisan Isin dinqisiise, Waa takkallee Isin hin fayyadne (hudduminni keeyisan), Dachiin ballina Isii wajjiin Isinitti dhiphatte eegasii if duuba gargaltan (ni dheeysitaa)” At-Towbaa: 25

Lola Huneeynii irratti Malaaykaan hin lolle. Wanni buuteef Kaafiroota sodaachisuu fii qalbii Isaaniitti sodaa darbuufi.

Malaaykoonni lola Badrii qofaratti loluudhaan hirmaatan. Suni waan Badrii duula biraatirraa kophaa baatuuni.

Ibnu Abbaas irraa oduu tanaatu sabate.

Malaaykoonni gadi buunaan Kaafiroonni jihaa hundaan dheeyisuutti seenan. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Khaalid bin Waliid eeysa akka jiru gaafate, Khaalid kan Madaawee Farda Isaatti irakatee ciisu barbaadanii argan.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam itti dhaqee, Madaa Khaalid irratti Afuufee, Harka isaa kabajamtuu qabate. Khaalid Madaa Isaatirraa hoggasuma fayye. Suni Mu'ujizaa Nabiyyiiti Sallallaahu Aleeyhi Wasallam.

Muslimoonni Mushrikoota dirree lolaatii baqatan jala fiigaa Booji'uu fii ajjeesuutti seenan. Kaafirooni Dubartootaa fii Ilmaan Isaanii dhiisanii dirree lolaa kheysaa dheeyfa kutan.

Akkasitti Horiin Kaafirootaa hundi harka Muslimootaa seene, Boojuun guddoon argamte. Boojuu gaafa san Huneeyniitti argamterraa:

- Gaala kuma 24
- Re'ee kuma 40
- Meeta (qarshii) Uqiyyaah (ounce) kuma 4

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Boojuu san osoo hin goodin Sahaaboonni akka Kaafiroota hordofan ajaje. Boojuu Huneeynii argamte hunda Ji'iraana bakka ja'amtutti akka walitti qabamtu ajaje. Waraanni Mushrikaa kan Huneeynii irraa dheeyse gama Xaa'if yaa'anii achitti Jogola seenan.

Duulli Xaa'if duula Huneeynii irraa itti fufte. Sababaan Isii, baqattuun tuuta waraana Hawaazin tan Huneeynitti mooyamte Xaa'if dhaqanii Jogola Isiitti dhukkatan.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Xaa'if dhaqee Isii marse, Sochii Isaanii Jogola kheysatti gabaabse, Marfamuun sun Mushrikootatti ni jabaatte, Garuu karaan Muslimoonni Xaa'if Injifataniin hin argamne, Jogolli isii akkaan Jabaa fii tiyaadha.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Xaa'if banuun akka Isaaf hin hayyamamin manaabaan arge, Sahaabootattis argaa manaabaa Isaa itti hime.

Eegas lallabaan Rasuulaaf sallallaahu aleeyhi wasallam beeysis godhu: “Fi’adhaa, Xaa’if gad lakkisaa” jechuun lallabe. Muslimoonni Rasuulaan sallallaahu Aleeyhi wasallam: “Rabbi Isaanirratti kadhaddhu (akka Isaan halaakuuf).” Ja’aniin. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: “Yaa Rabbi warra Saqiif (gosa Xaa’if qubattu) Qajeelchii Isaan fidi.” jechuun Rabbi kadhateef.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Xaa'if gad lakkisee gama Ji'iraanaa deebi'e. Karaa irratti Suraaqaa binu Maalik qunname. Suraqaan Islaamawuu isaa Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam duratti shahaadaan mirkaneeyse.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Ji'iraanaa hoggaa gahe, Boojuu qooduu jalqabe. Dimiinoota Araba kan akka: Abuu Suufiyaan Gaala 100, Uyeeyna bin Hisn Gaala 100 kenneef.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Dimiinoota Arabaatiif kennaa gurguddoo akkasii wanni kenneef Qalbii Isaanii eeguu fii Islaamummaan daran Isaan kheysatti akka gad jabaattuufi. Isaan Dhihootti waan amananiif laafina Iimaanaa qaban.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam nama hundaaf boojuu sanirraa ni kenne, Ansaaroota male Rabbi Isaan irraa haa jaalatuu. Boojuu irraa waa takkallee Isaaniif hin kennine. Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam boojuu saniin Araboota dhihootti

Islaama seenan Ansaarootarra filate.

Ansaaroonni itti dhagayamtee Gariin Isaanii gariitti dhimma Boojuu himatan. Damiinni Ansaaraa Sa’ad bin Ubaadaah gama Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam dhufee: “Yaa Ergamaa Rabbii! Ansaaroonni sitti mufatan” je’een.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Sa’ad bin Ubaadaatiin: “Ansaaroota walitti naaf qabi” je’een. Sa’ad Ansaaroota walitti qabee Rasuula Sallallaahu aleeyhi wasallam itti yaame. Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Isaanitti dhufe.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: “Yaa jammaata Ansaaraa dubbiitu Isinirraa na dhaqqabe, Sa Isin Duniyaa xiqqoo fii dhumtuuf jecha qalbii teysan kheesatti mufattanii? Kanin ani duniyaa saniin qalbii warra dhihootti amanee Islaamummaa irratti gad jabeysuuf ittiin maxxanfadhe, Isin Islaamummaa teysanittiin Isin irkise. Ilmi namaa Re’ee fii Gaalaan hoggaa galatu, Isin Rasuula Rabbiitin galatuu hin jaalatanii?!” je’een.

Ansaaroonni dubbii San Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam irraa dhageenyaan booyicha jabaa booyan.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam kennaa gurguddoo maaliif Damiinoota Arabaatiif akka kenne Isaaniif addeeyse. Akkasuma maaliif akka Sahaaboota jajjabaa kennaa sanirraa hongeeysse ni ibse. Daaminoota Arabaa dhihootti Islaama fudhatan akka Islaamummaa irraatti gad jabaataniifi.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: “Ani Orma gariif laafina Iimaana isaanii fii bolola isaanii laaleetin kennaaf, Orma garii ammoo Kheeyrii fii duruma Rabbiin qalbii Isaanii kheeysa khaayettin isaan irkisa.” je’e.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Boojuu duula Huneeyinii bakka Ji’irraana ja’amutti hiree hoggaa rawwaate, halkan san

Umraaf hidhate. Umraan suni Umraa Ji'irraanaa jechuun beekkamti.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Injifanoo fii tumsa Rabbiin isaaf kenneen gama Madiinaa deebi'e.
Zul Qa'adaa, bara Hijirii 8ffaa kheeyisa Madiinatti gale.

Zul Qa'adaa, bara Hijirii 8ffaa kheeyisa Ibraahim ilmi Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam dhalate. Ganda Madiinaa ol aanaa (gama olii) bakka Nabiyyiin Sallallaahu Aleeyhi wasallam haadha Isaa Maariyaa qubsiseetti dhalate.

Maariyaan Qipxiiyyaa Gabrittii Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam tan Muqowqis Mootichi Qaphxii (Ortodoksii Misraa) ergeefi. Nabiyyiin Sallallaahu aleeyhi wasallam Isiitti ni ida'ama waan mirgaan handhurfateef (gabra Isaa waan taateef). Isiin haadha Mu'mintootaa irraahi miti.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam gaafa Ibraahim dhalateef: "Eeda Ilmaatu naaf dhalate, Maqaa Abbaa khiyyaa Ibraahim itti Moggaase." Je'e.
Muslimtu baase.

Dubartoonni Ansaaraa Ibraahim Hoosisuuf itti wal dorgoman. Haati Ibraahim Maariyaa Al-Qaphxiyyaan aanan waa xiqqo qabdi turte. Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Ummu Seeyf akka hoosistu itti kenne.

Anas bin Maalik akki ja'u: "Nama tokkolleen kan joolleef Nabiyyii Sallallaahu aleeyhi wasallam caala garaa laafu argee hin beekhu, Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Ilma Isaa Ibraahim irratti ol seenee ol fuudha, Isa dhungatas."

Amata Hijrii 9ffaa

Amatni Hijiraa 9ffaan ni dhufe. Warri Siiraa amata saniin amata Kheeysummaa (Aamu Al-Wufuud) ja’aniin. Nabiyyiin sallallaahu aleyyi wasallam amata 9ffaa Hijrii guutuu Isaa Madiinaa taa’ee Kheeysummaa itti dhufu qeebalaati ture.

Kheeysummulleen –Jiilli Damiinoota Gosa adda addaa-Islaamummaa Isaanii labsuuf Madiinaa dhufan 60 oli, Barri Hijrii 9ffaan Jiila kheeysummaatiin guuttamaa ture.

Amata 9ffaa hijiraa kheeyya Jiilli Kheeysummoota Madiinaa dhufan kheeyyaa:

- 1- Gosa Baahilaa
 - 2- Gosa Banii Tamiim
 - 3- Gosa Banii Asad
 - 4- Gosa Bajilaa fii Ah’mas
- fii gosoota biraa hedduutu dhufe.

Ji’a Rajab, bara Hijrii 9ffaa kheeyya Najjaashii As’hamaa mootichi Habashaa du’e. Rasuulli sallallaahu aleyyi wasallam Salaat Al-Ghaa’ib (salaata nama fagootti du’ee) irratti salaate.

Jaabir bin Abdullaahi akki ja’u: Rasuulli sallallaahu aleyyi wasallam “Arra nama Saaliha (Gaariitu) du’e, ka’aa dhaabbadhaa obboleeyya kheeyyan As’hamaa irratti salaataa.” nuun je’e.

Bukhaarii fii Muslimtu odeeyse.

Abuu Hureeyraan akki ja’u: “Rasuulli salallaahu aleyyi wasallam Du’a Najjaashii, Mooticha Habashaa gyyuma inni du’e nuuf hime, Ammas Rasuulli Sallallaahu Aleyyi Wasallam: “Obboleeyyan kheeyyaniif araarama khadhaaf nuun je’e.”

Jaabir bin Abdullaahi akki je’e: “Nabiyyiin sallallaahu aleyyi wasallam Najjaashii irratti salaate, Nutis Isa duubaan saffii (tarree)

goone, Ani Saffii (tarree) lammaffaa ykn Sadaffaa kheeyisan ture.”

Duula Tabuuk irraa hanga Hajjat Al-Wadaa’ii

Baati Rajab, amata 9ffaa Hijrii Duulli xumuraa tan Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam duule godhamte. Isiin Duula “Ghazwatu Tabuuki”. Tabuuk lafa Madiinaa irraa kiloomeetira 700 fagaattee argamtu.

Duulli suni mootummaa guddoo zamana sanii wajjiin godhamte. Isiin Mootummaa Ruumiiti. Nabiyyiin Sallallaahu aleeyhi wasallam Ruumiitti duuluuf akka qophaawan Sahaaboota ajaje.

Duulli Tabuuk yeroo hamtuu kheeyisa dhufte, owwii akka malee jabaadha, karaan dheeraadha. Saniif jecha Moggaasa Duula Cinqii “Ghazawatu Al-Usraa” ja’amuun yaamamti.

Ammas duula Tabuukiif bahuun filannoo hin turre. Muslima hundarratti Duula Tabuukiif bahuun dirqama. Nama rakkoo akka dhukkubaa, dullumaa fii waan san fakkaatu qabu malee.

Eegas Rasuulli sallallahu aleeyhi wasallam Waraana Cinqii (Jeeyshu Al-usraa) qopheesuuf namuu akka waan qabu kennatu kakkaase. Sahaaboonni Rabbi irra haa jaalatuu, kennaa kheeksatti wal dorgomuutti seenan.

Abuu Bakri As-Siddiiq Qabeenya Isaa hunda Waraana (Jeeysh Al-Usraa) irratti sadaqate, Umar bin Al-Khaxxaab Rabbi irraa haa jaalatuu, cinaa qabeenya isaa waraana cinqii irratti baase.

Usmaan bin Affaan Rabbi irraa haa jaalatuu, Kennaa guddoo dhagayamtee hin beekkamne Waraana Cinqii irratti sadaqate.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa kennaa guddoo Usmaan bin Affaan arge haalaan gammade.

Nabiiyyiin Sallallaahu Aleeyhi wasallam: “Usmaan arra booda wanni inni dalagu waa Isa hin miitu.” je’e.

Abdurhamaan bin Owfi Rabbi irraa haa jaalatu, Dirham kuma 800 Jeeyshu Al-Usraa irratti sadaqate. Sahaaboonni Jeeyshu Al-Usraa Qopheysuuf kennaa wal jala oofan.

Munaafiqoonni hoggaa kennaa Sahaabootaa argan hanjamaa godhuutti seenan. Dureeysi yoo kenne: “agarsiifatuuf kenne,” ja’an. Hoggaa Hiyyeesi waan qabu suguda midhaanillee taatu kenne: “Rabbiin suguda nama kanaatirraa dureeysa” ja’an. Hojiin Munaafiqootaa akkas ture, waan dandahame hundaan Muslimoota fashalsuudhaaf tattaaffii godhan.

Rabbiin dalagaa Munaafiqootaa Saaxilee aayaata tana buuse:

الَّذِينَ يَلْمِزُونَ الْمُطَّوِّعِينَ مِنَ الْمُؤْمِنِينَ فِي الصَّدَقَاتِ وَالَّذِينَ لَا يَجِدُونَ إِلَّا جُهْدَهُمْ فَيَسْخَرُونَ مِنْهُمْ سَخِرَ اللَّهُ مِنْهُمْ وَلَهُمْ عَذَابٌ أَلِيمٌ

“Isaannan Sadaqaa kheeysatti Mu’mintoota irraa warra kennatan xiqqeeysan, ammas hanga dandeettii Isaanii malee warra (waan sadaqatu) hin argannes Isaanirraa hanjamaa godhan, Allaahaan Isaanitti hanjama godha, Isaaniif Adaba laaleeysaatu jiraaf.”

At-Towbaa: 79

Sahaabootarraa namni gariin kan rakkoo malee duula Tabuuk irraa hafeetu jira. Garuu Isaan warra dhugaan amanerraahi turan, warra Islaamummaa kheeysatti hin shakkamne.

Warra duula Tabuuk irraa hafan kheeysaa:

- 1-Ka’ab bin Maalik
- 2-Hilaal bin Umayyaa
- 3-Muraaraa bin Ar-Rabi’ii
- 3-Abuu Lubaabaa bin Abdu Al-Muzir

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam waraana Isaa lakkoofsaan kuma 30 gahuun Madiinaa irraa bahe. Suni irra guddaa waraana Muslimootaati eega Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam ergame.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Aliyyi bin Abii Xaalib Madiinaa maatii Isaa kheeyisa akka turuuf hambiseen. Aliyyi bin Abii Xaalib: “Jollee fii dubartoota kheeyisatti na hambiftaa?” jechuun gaafateen.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: “Ati Anarraa akka Haaruun Muusaa irraa (bakka bu’aa tahe) tahuu hin jaalattu? garuu Ana booda Nabiyyiin hin jiru malee.” Je’een.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam waraana Isaa guddaadhaan Madiinaa kheeyisaa bahee bakka “Saniyatu Al-Wad’aa” ja’amtu qubate. Bakka sanitti Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Alaabaa fii hoggana waraanaa adda qoodde hire. Waraana san kheeyisa Munaafiqoota hedduutu ture.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam karaa Tabuuk osoo deemu Ganda Samuud Hij’r kheeyisaan dabre. Hoggaa achi gahe yaabbii Isaa jarjarsuun dafee kheeyisa dabre.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam lafa warra Samuud sanitti bakka dhihaattu qubate. Isii kheeyisa hin seenne. Sahaaboonni eela ganda Hijri Sanirraa bishaan waraabbatanii Qooshaas ittiin jiiysan.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: “Orma Rabbiin Azaaba itti buuse irratti ol hin seeninaa, Ani fakkaataan waan akka isaan tuqee isin tuquu irraahin sodaadha.” Sahaabootaan je’e.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam eela Isii irraa akka hin waraabbanne itti hime. Sahaaboonni: “Qooshaa Jiysinee, Bishaanis waraabbanne” ja’aniin. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Qooshaa san darbuu fii bishaan waraabbatan gad naquutti isaan

ajaje.

Eegasii Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Sahaabootaaf gorsa godhe, Gorsa san kheeysatti bakka warri dur kheeysatti azaabame akka hin seenne Isaan dinniine.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam karaa Tabuuk imaluu itti fufe, Salaata walitti qabuun Jam'ii godhaati salaataa ture, Zuhrii fii Asrii walitti, Maghriibaa fii Isha'a'ii walitti.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam gama Tabuuk osoo deemu karaatti Sahaaboonni hanqina bishaanii irraa dheebotan, Haajaan bishaanii akka malee itti jabaatte. Rakkina Isaanii Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam itti himatan.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Rabbiin akka roobuuf kadhate. Dumeeysi walitti dhudhuftee roobni Isaanirratti roobe, Sanirraa dhuganii Qarabata isaanitis waraabbatanii guttatan.

Nabiyyiin Sallallaahu Aleeyhi wasallam osoo gama Tabuuk deemu halkan kheeyisa waraana Isaa wajjiin bakka takka qubate. Salaata Fajrii dura waa xiqqo Nabiyyiin Sallallaahu Aleeyhi Wasallam haajaa Isaa raawwachuuf Mughiiraa bin Shu'baa wajjiin deeme.

Nabiyyiin salaata Fajrii irratti Sahaaboota irraa turre. Sahaaboonni Abdurahmaan bin Owfi if dura dabarsanii Imaama godhatanii salaataatti seenan.

Hoggaa Abdurhammaan raka'aa lammaaffaa irra gahe Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam dhaqabtee wajjiin salaate. Salaatarraa hoggaa raawwatan raka'aa takkitti isa dabarte itti guttate.

Abdurhammaan bin Owfi salaata hoggaa fixe, Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam kan salaata raka'aa Isa dabarte itti guttatu arge, Sahaabootatti dubbiin sun akka malee jabaatte.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa salaatarraa raawwate: “Tolchitan” ykn “Haqa qunnamtan” je’een.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam dalagaa Isaanii san ni sabachiiseef.

Ammoo Hadiisni: “Nabiyyiin tokkolleen hanga Nama Saaliha ummata Isaa irraa tahe jalatti salaatu hin du’u” je’u da’iifa.

Imaam Ahmad fii Ibnu Sa’ad Xabaqaat kheysatti gabaasnii jiran. Hadiisni suni Da’iifa.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam gama Tabuuk deemuu itti fufe, Hoggaa Tabuukitti dhihaate Sahaabootaan: “Tsin boru yoo Rabbi fedhe Madda Tabuuk ni dheeyxan, Namni dhaqe hangan ani dhufuu Bishaan isii irraa hin tuqin.” Je’een.

Muslimoonni hoggaa Tabuuk dhaqan Bishaan Maddaa kan achi jiru argan. Munaafiqoonni lama bishaan sanirraa jarjaranii waraabbatan, Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam akka bishaan san hin tuyne ajajeeti jira.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam namni lama Isa dursee bishaan sanirraa waraabbachuu hoggaa hubate, Isaan lamaan ni abaare. Eegasii Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam fuulaa fii harka isaa bishaan Tabuuk san kheysatti dhiqate.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Mu’az bin Jabaliin: “Yaa Mu’az! yoo Umrin si dheeratte waan as jiru kana Bishaan lagaa guutuu taheeti arguuf teeysa.” Je’een.

San booda Nabiyyiif sallaallaahu aleeyhi wasallam Tabuuk kheysatti Daasni dhaabbatteef. Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam guyyaa 20 Tabuuk ture. Balaa fii lolli takkalleen adawwii irraa isa hin tuayne.

San booda Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Tabuuk qubatee achumaa ergamtuu waraanaa adda addaa gosoota Arabaa mooggaa Shaam qubattutti erge. Achumaa xalayaa gama Qeeyсар mootii Ruumitti erge

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam warra Eylaa (Lafa Shaam kheesatti argamtu) wajjiin waliigaltee godhe. Akkasuma Yahuudoota Jarbaa'i fii Az'ruj qubatanii wajjiin waliigaltee godhe. Khaalid bin Al-Waliid waraana 420 wajjiin "Ukeeydir mooticha Dowmata Al-Jandal"-tti erge.

Ukeeydir mootichi Dowmata Al-jandal Nabiyyiif sallallaahu aleeyhi wasallam Jizyaa Kafaluu irratti waliigale. Ukeeydir Nabiyyiif sallallaahu aleeyhi wasallam Gaangee fii Koota Sundus irraa dhawame kennaa ergeef.

Sahaaboonni Bareedina Koota sanitirraa ni dinqisiifatan. Nabiyyiin sallallaahu aleyhi wasallam: "Sa laafina Isii tanaatiif dinqisiifattanii?" je'een. Itti aansuun "Foomaa (maarrabii) Sa'ad bin Muaz Jannata kheesatti qabuutu tanarra laaftuudha." je'een.

Nabiyyiin Sallallaahu aleeyhi wasallam Dihyaat Al-Kalbii Xalayaan gama Mooticha Ruum Qeeyсарitti erge. Xalayaa san kheesatti waa sadihitti Isa yaama: "Takkaa Islaamaa tahu, ykn Jizyaa kennuu, ykn Lola."

Qeeyсар Xalayaan hoggaa isa geeyse Qeeysoota Isaa walitti qabee irratti qara'e. Qeeysoonni: "Amantii Isaa hin seennu, Jizyaas hin kafallu, Isaanis hin lollu." Ja'aniin.

Qeeyсар gama Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam xalayaa katabee waan sadeen Qeeysoonni Isaa irratti waliif galan san deebiseef. Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam sanumaan irraa dhaabbate. Ruum Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam wajjiin loluu sodaatte jechuun Araboota bira geeyse.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasllam guyyaa 20 Tabuuk eega taa’e booda gama Madiinaa deebi’e. Duula san kheeysatti Balaa fii Adawwiinis walitti hin dhufne.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa bakka “Waadii Al-Quraa” ja’amtu gahe Sahaabootaan: “Ani gama Madiinaa Ariifachuun fedha, Namni isinirraa ariifatuun fedhe haa na wajjiin jarjaru.” je’een

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa bakka “Zuu Awaan” ja’amtu gahe Wahyiin Munaafiqoonni “Masjida Ad-Diraar” jaarachuu Isa beeysistu irratti buute. Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Masjidu diraar akka Diigamuu ajaje.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam: “Madiinaa kheeysa orma tokkoo jira, kan karaa Isin seentanii fii laga Isin murtan hunda isin wajjiin qaxxaamuran garuu Rakkootu Isaan hambise.” Sahaabootaan je’e.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa Madiinaatti dhihaatee halaalaa arge: “Isiin tun Xaybaa ykn Xaabaa” je’een. Gaara Uhud hoggaa arge: “Kuni Gaara nuti jaalannuu fii Innis Nu Jaalatu.” je’e.

Warri Madiinaa dhufiinsa Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam dhageenyaan bakka Saniyyat Al-Wadaa ja’amutti Afaan bahanii gammachuun qeebalan.

Saa’ib bin Yaziid akki ja’u: “Ani jollee wajjiin Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam qabaluuf Saniyyat Al-Wadaa’ii dhaquu kiyya nin yaadadha, Gaafa Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Duula Tabuuk irraa deebi’e san.”

Bukhaarii gabaase.

Duula Tabuuk irraa warri hafe bakka Afuritti qoodaman:

- 1- Warra ajajamanii hafan kan galata qaban, warra akka Aliyyii bin Abii Xaalib, Muhammad bin Maslamaa, Ibnu Umni Maktuum.
- 2- Warra dhiifamni godhameef: Isaan warra dhukkubsataa fii Maanguddoo.
- 3- Warra cubbaawan: Isaan akka warra sadeen booda aaneti.
- 4- Komatamoo fii Cubbaawoo: Isaan Munaafiqoota.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhii wasallam warra Duula Tabuuk irraa rakkoo maleen hafan hunda Isaaniitirraa muramuu fii Isaaniin oodutti ajaje. Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam fii Muslimoonni warra duula Tabuuk hafan irraa garagalanii Isaaniin oodan.

Warri baadiyyaa kan duula Tabuuk irraa hafan Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam bira dhufanii rakkoo adda addaa tan Isaan nu hambifte ja'an kijiba himatan. Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam rakkoo isaan himatan irraa qeebale, Kheeya Isaanii Rabbiif dhiise.

Sahaaboota dhugaa dubbatan sadeen dhimma Isaanii Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam booda aanse.

Isaanis:

- 1-Ka'ab bin Maalik
 - 2- Hilaal bin Ummayyaa
 - 3- Muraaraa bin Ar-Rabi'ii
- Rabbi isaan hundarraa haa jaalatu.

Sahaaboonni sadeen sun Rabbi Isaanirraa haa jaalatu, Rakkoon Duula Tabuuk irraa Isaan hambifte akka hin jirree Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam itti himanii amanan.

Rabbiin ol tahe jara sadeen sanirraa dubbatee akkana je'e:

وَأَخْرُونَ مُرْجُونَ لَأَمْرَ اللَّهِ إِمَّا يُعَذِّبُهُمْ وَإِمَّا يَتُوبُ عَلَيْهِمْ وَاللَّهُ عَلِيمٌ حَكِيمٌ

“Ammas Orma biraa kan Murtii Allaah eeguuf booda aanfameetu jira, Takkaa Isaan adaba (qixaa) ykn Isaanirraa Towbaa qeebala. Rabbiin Beekhaadha, Ogeysa.”

Eegasii Rabbiin jara sadeen dhugaa dubbachuu Isaaniitiif jecha araarama. Suuraa At-Towbaa aayaata 117-118 kheesatti ibse.

Rabbiin ol tahe akkana je'e:

لَقَدْ تَابَ اللَّهُ عَلَى النَّبِيِّ وَالْمُهَاجِرِينَ وَالْأَنْصَارِ الَّذِينَ اتَّبَعُوهُ فِي سَاعَةِ
الْعُسْرَةِ مِنْ بَعْدِ مَا كَادَ يَزِيغُ قُلُوبُ فَرِيقٍ مِنْهُمْ ثُمَّ تَابَ عَلَيْهِمْ إِنَّهُ بِهِمْ رَءُوفٌ
رَحِيمٌ (117)
وَعَلَى الثَّلَاثَةِ الَّذِينَ خُلِفُوا

“Dhugumatti Rabbiin Nabiyyii, Muhaajirootaa fii Aansaroota yeroo rakkoo kheesatti Isa (Nabiyyii) jala deemaniif araarama jira, eega qalbiin tuuta Isaanirraa taate gariin jallachutti dhihaatte, eegas Towbaa Isaanii irraa qeebale. Inni Isaaniif Gaariidha, Nahaadha.

Jara sadeen irraahis (towbaa qeebalee jira)

At-Towbaa: 117-118

Hogga Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam duula Isaa tan irraa boodaa Tabuuk irraa galee Madiinaatti sabate, gosoonni Arabaa gama Madiinaa wal duraa duubaan dhufanii Islaamummaa qeebaluu Isaanii ibsan.

Amata Hijirii 9ffaa gama dhumaa kheesatti Ummu Kulsuum intalti Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam duute.

Mataan Munaafiqootaa guddicha Abdullaah bin Ubayyi bin Saluul amata 9ffaa Hijiraa gama boodaati du'e.

Baatii Zul Qa'adaa, bara Hijirii 9ffaa kheesaa Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Abuu Bakr As-Siddiiq Akka Muslimootaaf Imaama tahee Hajjii goosisuuf Amiira Hajjii godhuun gama Makkaah ergeen.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Abuu Bakr Hajjii irratti dhimmoota garii akka lallabee ummata beeysisu isa ajaje.

Sanirraa:

1-Hajjii baranaa (bara Hijirii 9ffaa) Booda Mushrikni Hajjii irratti hin hirmaatu.

2- Ka'abaadhaan qullaa naannawuun hin taatu.

3- Mu'mina malee nama tokkolleen Jannata hin seenu

Baatii Rabi'i Al-Awwal Amata 10ffaa Hijirii Kheeyisa Ibraahim ilmi Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam du'e. Umriin Isaa amataa fii baatii 4 ture. Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam kan Ijii Isa imimmaan yaafuu Isarratti ol seene.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam: "Ibraahim ilma kiyya, Osoo harma hodhu (yeroo harma hodhinsaa kheeysatti) du'e, Hoosistuu lamaatu Jannata kheeysatti isaaf jira." Je'e.

Ibraahim Qabrii Madiinaa Baqi'iitti awwalame. Guyyaa Ibraahim ilmi Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam du'e Aduun ni kusuufte. Namni: "Ibraahim waan du'eef Aduun kusuufte." Jechuun dubbatan.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: "Aduu fii Ji'ini Mallattoo Rabbii irraahi, Namni tokkolleen du'ee fii Jiraateef hin kusuufan, Hoggaa Isii kusuufte agartan Rabbi kadhaa, salaaataa." Je'een.

Hajjii dhaammannaa/Hajjat Al-Wadaa'i

Amata Hijirii 10ffaa, baatii Zul Qa'adaa kheeyisa Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Hajjii akka godhuuf deemu Muslimootaaf lallabame.

Ilmaan namaa hedduun gama Madiinaa dhangala'uutti seenan, Hundi Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam wajjiin Hajjii

godhachuu fedhan.

Jaabir bin Abdullaahi: “Namni dhufuu dandahu tokkolleen hin hafne, dandahaan hundi ni dhufe.” Je’e.

Hajjiin sun moggaasa “Hajjatu Al-Wadaa’i” ja’amuun beekkamte. Sababaan akkas ja’anii moggasaniif Nabiyyiitu sallallaahu aleeyhi wasallam isii kheeysatti ilmaan namaatti dhaammate, eegasii Hajjii biraa hin goone.

Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam wajjiin Hajjii kabajamtuu sanirratti hirmaachuuf nama kuma 100 tahuutu bahe. Nabiyyiin Sallallaahu Aleeyhi Wasallam beerran Isaa sagalanuu fudhateeti wajjiin bahe.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam bakka hidhannaa Hajjii Zul Huleeyfaatti qajeele, Qaama Isaa Ihraamaaf ni dhiqate, A’ishaan Xiiba ni dibdeef, eegasii Huccuu Ihraamaa uffate.

Bakka hidhannaa Hajjii Zul Huleeyfaa Osoo jiran Asmaa’i bint Umeeys Jaartiin Abuu Bakri As-Siddiq Ilma Isii Muhammad deeyse. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam akka dhiqattuu fii wayaan wuddellattu Isii ajaje.

Eegasii Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam sagalee ol fuudhee: “Labbeeyka Allaahuma Labbeeyk” jechuutti seene, Sahaaboonni Isa wajjiin ja’an. Jibriil Nabiyyiitti dhufee sallallaahu aleeyhi wasallam Sahaaboonni akka sagalee ol fuudhanii Talbiyaa (Labbeeyka Allaahuma Labbeeyk) jedhan ajaji je’een.

Nabiyyiin sallallaahu Aleeyhi wasallam Hajjii “Qiraanaa”⁷¹ godhe.

⁷¹ . Qiraanni gosa hidhannaa hajjii sadeen irraa takka. Sadeen suni:

1. At-tamtu’u: Namni tokko Baatiilee Hajjii kheeysatti Umraa hidhata, hoggaa Umraa sanirraa Raawwate ni hikkata. Hajjiif Guyyaa Tarwiyyaa haarawatti bakka jiruu hidhatuudha.

Nabiyyiin sallaahu aleeyhi wasallam hoggaa bakka Sarifa ja’amtu gahe A’ishaa Rabbi irraa haa jaalatuu Heeydii itti dhufe. Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Xawaafa malee waan biraa hunda dalaguutti isii ajaje.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam amata Hijirii 10ffaa guyyaa Alhadaa baatii Zul-Hijjaa irraa guyyaan 4 kan dabre Makkaa scene. Masjida Al-Haraam guyyaa Alhadaa yeroo Duhaa kheesatti scene.

Masjida Al-Haraam hulaa “Baabu Abdu Manaaf” tan yeroo ammaa “Baabu As-Salaam” jechuun beekkamtuun ol scene, Eegasii Umraa Isaa dalagee irraa raawwate.

Hoggaa Umraa irraa raawwate Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Makkaah irraa gama seensaatin lafa argamtu kheeya qubate. Guyyaan 8ffaa Zul-Hijjaah hoggaa dhufe -Suni guyyaa tarwiyaati- Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Minaa dhaqe.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Salaata Zuhrii, Asrii, Maghriba, Ishaa’ii guyyaa 8ffaa Zul Hijjaa Manaatti salaate. Salaata Fajrii guyyaa 9ffaa Zul Hijjaatis Minaatti salaate.

Guyyaa 9ffaa Zul Hijjaa hoggaa aduun baatu Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam gama Arafaa socha’e. Hanga Aduun Jallattuu (waqxiin Orraa gahuu) deemuun Lafa Uranaa dhufe.

Lafa Uranaatti Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Khuxbaa Isaa

-
2. Al-Qiraan: ammoo bakka hidhannaa (miiqaata) irraa Hajjii fii Umraaf walirratti hidhatuudha. “Labbeeyka Umratan wa hajjan” jechuun hidhata.
 3. Al-Ifraad: Hajjii qofa hidhatuudha, kan Umraan kheeya hin jirre. “Labbeeyka Hajjan” jechuun hidhata.
 - Baatileen Hajjii kheesatti hidhatuun gahu: Shawwaal, Zul-Qa’ada, fii Zul Hijjaa kudhanan duraati.

Sharhu Bidaayat Al-Mutafaqqih: 389-390

beekkamtuu, Khuxbaa Arafaa Gaala Isaa irra taa'ee godhe.

Khuxbaa san kheeysatti Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam dimshaasha utuubaa Islaamaa ni ibse, Khuxabaa saniin Hundee Jaahiliyyaa fii shirkii ni diige. Gorsa guddaa kenne.

Khuxbaa Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam tan Arafaatti godhe san asitti ibsuuf ni dheeratti. Ballinaan hubachuu namni Barbaade Kitaaba “Lu’lu’u Al-Maknuun” ykn Kitaaboota siiraa dhadheeraa kan biroo haa dubbisu.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa khuxbaa Arafaa irraa raawwate, Salaata Zuhrii fii Asrii walitti qabuun gabaabsee (raka’aa lama lamaan Jam’ii) godhee salaate. Jidduu salaata lamaanitti salaata biraa takkallee hin salaanne.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam san booda Gaala Isaa Qaswaa’a yaabbatee gama bakka Dhaabbii Arafaa “Al-Mowqif” dhufe. San booda hanga aduun seentuu Arafaa dhaabbachuun Rabbi kadhachuu fii Rabbiif gad if qabuun dabarse.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam: “Irira caalaan du’aa’ii (khadhaa) tan guyyaa Arafaati” je’e.

Osuma Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Arafaa dhaabbatuu Jechi Rabbii Ol tahee kuni irratti bu’e:

الْيَوْمَ أَكْمَلْتُ لَكُمْ دِينَكُمْ وَأَتْمَمْتُ عَلَيْكُمْ نِعْمَتِي وَرَضِيتُ لَكُمُ الْإِسْلَامَ دِينًا

“Arraantana Amantii teeysan Isiniif guuteetin jira, Qananii tiyyallee Isinirratti tola oleetin jira, Islaama Amantiidhaaf Isiniif Jaaladheetin jira.”

Al-Maa’idaah: 3

Hoggaa aduun seenuu Mirkaneeyfate Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Arafaa irraa gama Muzdaliifaa deeme.

Nabiiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Salaata Maghriibaa fii Isha'a'i gabaabsuun jam'i godhee Muzdalifaatti salaate. Eegas hanga Fajriin bahuu ni ciise. San booda Subhii ka'ee Salaata Fajrii salaate, Guyyaan sun "Yoom An-Nahr" guyyaa qalmaati, Zul hijjaa guyyaa 10ffaati. Guyyaan suni Guyyaa Hajjii guddicha. Guyyaa Iida Al-Ad'haati.

Eegasii Nabiiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Gaala Isaa Al-Qaswaa'a yaabbatee gama Qiblaa garagaluun Rabbi kadhatsuutti seene: "Allaahu Akbar, Laa Ilaaha Illallaah" jechuun hanga ifni barii lafa wal gahuutti achuma ture.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam ganamtii guyyaa Qalmaa San kheeyisa Abdullaahi bin Abbaas akka cirracha darbatan Isaaf walitti qabu ajaje.

Ibnu Abbaas akkasitti dhagaa xixxiqqaa 7 walitti qabeef.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Mash'ar Al-Haraam bakka Muzdalifaa kheeyisa jirturraa osoo aduun hin bahin deemsa jalqabe. Wanni akkas godheef Mushrikoota Faalleeyisuufi, Isaan hanga aduun baatuu Muzdalifaa kheeyisa hin socha'an.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam boolloo (bakka dhagaa itti darban) hoggaa dhufe, Gama gad aanuun laga kheeyisa dhaabbate, Ka'abaa bitaa Isaatiin, Minaa jihaa mirga Isaatiin godhee boollootti garagalee Gaala Isaa gubbaa osoo jiru dhagaa darbate.

Yeroon suni sa'aa duhaati, Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam dhagaa xixxiqqaa 7 bakkuma dhaabbatee boollootti darbe. Dhagaa hoggaa darbu dhagaa hundaa wajjiin "Allaahu Akbar" jechaati darba. Bakka sanitti ummataan akkana je'e: "Akkaataa Hidhannaa Hajjii teeysanii narraa fudhaa" (laalaa akkaata Hajjii) jechuun ummata barsiise.

Eegasii Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam bakka Qalmaa (tan itti wareega qalan) Minaa dhaqee harka Isaa kabajamtuudhaan Gaala 63 qale. Gaalootiin Harka Isaatin qalamuuf gama Isaa wal dorgomaa turte.

Hoggaa Qaliinsa Wareegaa irraa Raawwate Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Mataa Isaa haaddatuuf nama irraa haadu jala gad taa'e. Namni irraa haade Ma'mar bin Abdullaah Al-Adawii Rabbi irraa haa jaalatu.

Anas bin Maalik akki je'u: "Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam Sahaaboonni Isaan marsanii kan rifeensa haddatun arge, harka Isaanitirra malee rifeensi Rasuula takkalleen akka lafa buutu hin fedhan."

Muslimtu gabaase.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa haaddatee raawwate huccuu Ihraam ifirraa baasee qamiisa uffate. Xiiba (waan urgaawu) ni dibate, A'ishaa Rabbi irraa haa jaalatu, Isiitu xiibaan urgeeyse.

Eegasii Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam yaabbatee gama Ka'abaatti namaa wajjiin dacha'an. Yeroo Zuhriitiin dura Ka'aabaan naannawee "Xawaafu Al-Ifaadaa" akka namni Isa arguuf Gaala gubbaa taa'ee godhe.

San booda Bishaan Zamzam dhuge. Guyyuma san gama Minaa deebi'e. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam bakka dhagaa itti darban (boolloo) Guyyaalee Sadii wal jala (Ayyaamu At-Tashriiq) kheeysatti eega aduun jallatte (wayta duhaa) dhaqee darbata.

Hajjii Isaa kabajamtuu Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam Xawaafa Al-Wadaa'i (Xawaafa dhaammannaa) godhuun raawwate. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: "Namni tokkolleen hanga booddeen Isaa beeytii (ka'abaan naannawuu) taatutti hin deemin." Je'e.

Bukhaarrii fi Muslim

Nabiyyin sallallaahu aleeyhi wasallam Gama Madiinaa hoggaa deebi’u Bishaan Zamzam irraa waa xiqqo ifii wajjiin fudhateeti deebi’e.

Gabaabinaan haala kanaan Hajjiin Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam Hajjatu Al-Wadaa’iin raawwate.

Qophii Waraana Usaamaa bin Zeeydi

Guyyaa Isniinaa Baatiin Safar dhumuuf guyyaan afur kan hafe amata Hijirii 11ffaa, Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Sahaaboota duula Ruumiitiif akka qophaawan ajaje. Waraana sanirrattis Usaamaa bin Zeeyd hogganaa godhe.

Umriin Usaamaa gaafa san amata 18 qofa ture, Waraana san kheeysa Sahaaboota gurguddoo akka Umar bin Al-Khaxxaab, Sa’ad bin Abii waqqaas, Abuu Ubeeydaa bin Al-Jarraah fii warra biraatu jira.

Namni amiirummaa Usaamaa Umrii Isaa xiqqeenya laaluun irraa duddubatan, Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam dubbii san dhageenyaan Khuxbaa godhee Waa’ee Usaamaa dubbate.

Musiibaa guddoo

Hoggaa Da’waan wal geeyse, Islaamni Jaziiraa Arabaa dhunfate, hoggaa Ilmaan namaa Amantii Rabbii tuuta tuutaan seenan, Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam ajalli Isaa akka dhihaate hubate.

Mallattoolee dhiheenya ajala (du’a) Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam:

- 1- Suuraan An-Nasrii bu’uu.
- 2- Jibriil wajjiin amata dhuma hoggaa lama

- Ramadaana kheeyisa Qur’aana buusuu.
- 3- Ibaadaa kheeyisatti Nabiyyiin sallallaahu Aleyhi wasallam jajjabaachuu.
- 4- I’tikaafa Ramadaanaa dachaa godhu.

Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam Ji’a Safar gama dhumaa dhukkubni Rabbiin kheeyisatti Isa fudhate sun Isa jalqabe. Dhukkubni guyyaa 13 irra ture. Dhukkubarraa wanni dura isa jalqabe dhukkubbii mataati.

Hoggaa dhukkubbiin mataa Isa jalqabe Nabiyyin sallallaahu aleeyhi wasallam mana A’ishaa ture. Akkuma yeroo biraa godhutti Manneen Isaatirra naannawuutti seene.

Mana Meeymunaa bint Al-Haaris hoggaa gahe sallallaahua aleeyhi wasallam Dhukkubni itti jabaate. Rasuulli sallallaahu aleyhi wasallam mana A’ishatti dhukkabsachiifamuuf Beerran Isaa hayyama gaafate. Ni hayyamniif.

Osoo mana A’ishaa jiru, Rasuula Rabbii irratti sallallaahu aleeyhi wasallam dhukkubbiin jabaatte, Leeydaan akka malee itti ol kaate.

Abuu Sa’iid Al-Khudriin Rabbi irraa haa jaalatu: “Yaa Rasuula Allaah! Leeydaan akka malee sitti jabaattee akkam?!” je’een. Rasuulli sallallaahu aleyhi wasallam: “Nuti (Ambiyoonna) akkasi, balaan dachaa nuuf taati akkasuma galannis dachaa nuuf taha.”

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam hanga Isa dhukkube san hunda Ummataan salaataati ture. Hoggaa dhukkubni itti jabaate Masjidatti gad bahuu dadhabe. Abuu Bakri As-Siddiiq akka namaan salaatu ajaje.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam dhukkubni irraa laafuu ifirratti arginaan gama Masjidaa Fadl bin Abbaas irratti irkatee gad bahe. Guyyaa san Minbara ol koree Sahaaboota gorse. Gorsii sun

Gorsa Nabiiyyii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam kan maayyiiti.

Gorsa san kheeysatti Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam sadarkaa Abuu Bakrii, Sadarkaa Ansaarootaa dubbatee Isaan naaf jabeeyyaa jechuun dhaammate. Akkasumas Sadarkaa Usaamaa bin Zeeydi dubbatee inni nama akkaan amirummaan Isaan maltu tahuu Ibse.

Kitaaba Beeyhaqii “Dalaa’il An-Nubuwwaa” kheeysatti Nabiiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam guyyaa san gorsa eega godhe, namni miidhama natti himattan narraa kafaladhaa je’ee jechuutu gabaafame. Hadiisni suni akka malee Da’iifa.

Gorsa san kheeysatti Nabiiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Ummata Isaa Qabrii Masjida godhachuu irraa dinniine, ammas irra hamaan namaa warra qabrii Ambiyaa Masjida godhatu jechuun ibseef.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: “Yaa Allaah Qabrii tiyya Taaboota hin godhin, Rabbiin warra Qabrii Ambiyaa Isaanii bakka wal gahii (Ibaadaa) godhatan Abaaree jira.” je’e. Ahmadtu gabaase.

Ibnu Al-Qayyim akki je’u: “Dhorgaan Sun Nabiiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam irraa ummata Isaatiifi, Qabrii Isaa bakka walitti qabama Ibaadaa kan Ilmaan namaa salaatuuf itti wal gahan akka hin godhanne irraa dinniina.”

Hanga dhukkubni itti jabaate gad bahuu isa dhorgutti Nabiiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam namaa wajjiin Masjidatti salaatu irraa boodatti hin deebine.

Dhukkubni itti Jabaannan Abuu Bakr As-Siddiiq Rabbi irraa haa jaalatu akka imaama tahee nama salaachisu ajaje.

Du’uu Isaatiin dura guyyaa sadii Rasuulli sallallaahu aleeyhi

wasallam Sahaaboota Isaa akka Yaada Rabbii Isaanitti tolan dhaameef: “Tokkoon kheysan Osoo waan Rabbitti yaadu hin tolchin akka hin du’in.” je’een.

Imaamu An-Nawawiin akki je’u: Hadiisni kuni garaa muratuu irraa nama dinniina, Rabbitti yaada toluu jechuun: Rabbiin naaf rifata, Irra naaf dabra ja’anii yaaduudha.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam du’uun dura guyyaa lama dhukkubni irraa laafuu ifirratti arge, jabina dhukkubaa irraa nama lama jidduutti harkifamaa kan miilli Isaa lafarra tattaraartu gadi bahe.

Abuu Bakri As-Siddiq yeroo san namaan salaataa ture, If dubbatti Rasuulli Sallallahu Aleeyhi Wasallam dhufuu hubannaan if duuba deebi’uu fedhe. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam bakka jirtutti sabadhu jechuun itti akeeke. Nabiyyiin Sallallaahu Aleeyhi Wasallam gama bitaa Abuu Bakriitin gad taa’e.

Ammoo Hadiisa Umar namaan salaatee, Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam: “Rabbii fii Muslimoonni Abuu Bakri malee ni didan” je’e jechuun gabaafame, Hadiisa da’iifa, Imaam Ahmad fii warra biraatu gabaase.

Guyyaan Alhadaa kan Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam borumtaa Isaa du’u ni dhufe. Guyyaa san dhukkubni akka malee itti jabaate sallallaahu aleeyhi wasallam. Dhukkubni itti jabaachuun waraana Usaamaa biras ni geyse, Usaamaan Ifirraa gama Madiinaa deebi’e.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam halkan Isniinaa dhukkubni akka malee itti jabaateeti bule. Hoggaa Fajriin guyyaa Isniinaa Ifte dhukkuba jabaa kheysa bulerraa ni beeyfate.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam girdoo goojjoo Isaa ol qabe,

Ilmaan namaa kan salfii Abuu Bakri duubaan galanii salaatan arge. Wali qabama Isaanii san achi laalee seeqe.

Anas bin Maalik akki je’u: “Fuulli Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam Waraqaa Quraanaa fakkaata ture (Jecha khan bareedina akkaan ifaa tahe ibsuuf fayyadaman). Rasuula Allaah Sallallaahu Aleeyhi Wasallam arguudhaan gammachurraa salaata teenyarraa shaakalamutti dhihaanne.”

Eegasii Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam: “Nabiyyummaa irraa wanni hafe hin jiru yoo argaa manaaba gaarii tan Mu’minni argu taate malee” jechuun hime.

Sahaaboonni Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam ganama san dhukkubarraa beeyfatuu hoggaa argan waan fayye sahanii gama Manneen Isaanii fii Haajaa Isaanii dacha’an.

Abu Bakri As-Siddiiq Maatii Isaa kan As-Sun’hi (gooroo Madiinaa) Qubatan bira dhaquuf, Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam irraa hayyama gaafate. Nabiyyiin sallallaahu Aleeyhi wasallam ni hayyameef.

Yeroo Duhaa guyyaa Isiniinaa Baatii Rabi’u Al-Awwal 12, amata Hijirii 11ffaa Dhukkubni Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam itti jabaatee isa gaggabsuutti seene, haadhaa fii abbaa kiyya fidaa Isaaf haa tahan.

Faaximaan Rabbi irraa haa jaalatuu: “Yaa rakkoo Abbaa kiyyaa.” Jette. Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam: “Abbaa keetirratti arra booda rakkoon hin jirtu, Abbaa kee wanni Isa hin lakkifne itti dhufee jira.” Je’een.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam cinqii du’aa kheeyisa jira. A’ishaan Rabbi irraa haa jaalatuu, Makhadaa taateefii isitti irkate, fuul duree Isaa ammoo weelkaa bishaan qabduu takkaatu jira.

Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam harka Isaa bishaan san kheysa naqee fuula Isaatiin haqaa: “Laa Ilaah illallaah, Du’aaf sakaraataa jira (cinqiitu jira, hadhaatu jira)” je’e.

Eegasii Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam harka Isaa ol dhaabee: “Fii Rafiiq Al-A’alaa” Ganda ol aanaa ykn warra ol aanaa Nabiyyoota wajjiin tahuun filadha je’e.

Harki Isaa tan ol qabamte gad dabde, akkasitti lubbuun Isaa qulqulluun fuudhamte, haadhaa fii abboon kiyya fidaa isaaf haa tahan.

Oduu biraa kheysatti A’ishaan akki jette: “Ani irkoo Isaatin ture, xaasaa bishaan qabdu takka yaammate, san booda gudeeda kiyyarratti gad dabe, Ani du’uu Isaa hin hubanne.”

Hadiisa biraa kheysatti A’ishaan: “Osuma mataan Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam ceekhuu kiyyatti irkatee jiruu, tasa mataan isaa gama mataa kiyyaatti dabe, Waan gaggabeen sahe.” Jette.

Hadiisa biraa kheysatti A’ishaan: “Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Osoo mataan Isaa qooma kiyyaa fii morma kiyya jidduu jiru fuudhame, Hoggaa lubbuun Isaa baate foolee akkas bareeddu argee hin beekhu.” Jette.

Duuti Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam haadhaa fii Abbaan kiyya fidaa Isaaf haa tahanii, yeroo duhaa, guyyaa Isiniinaa Rabi’u Al-Awwal 12, bara Hijirii 11ffaati. Umriin Isaa sallallaahu aleeyhi wasallam amata 63.

Oduun du’a Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam Madiinaa kheysa facaate, Oduun sun Sahaabootarratti akka bakhakkaan namatti buutetti Isaan dhoyte.

Sahaaboonni Rasuula sallallaahu aleeyhi wasallam mana A'ishaatti irratti ol seenanii: “Akkamitti du’a Inni nurratti ragaadha, nutis ilmaan namaa irratti ragaadha.” Waliin ja’an.

Umar bin Al-Khaxxaab dhufee Nabiyyi sallallaahu aleeyhi wasallam hoggaa isa arge: “Way gaggabsu Isaa! Maalumaatu gaggabsuu Rasuula Allaah sallallaahu aleeyhi wasallam akkati jabeeyse!” jechuun du’a Rasuulaa sallallaahu Aleeyhi wasallam amanuu dide.

Eegasii Umar mana A’ishaa kheysaa Seeyfii luqqaafatee gad bahee: “Wallaahi nama tokkollee Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam du’e khan je’u yoon dhagahe seeyfii tanaan dhahu malee hin dhiisu.” Jechuun nama dinniina.

Ammas Umar itti fufuun akki je’e: “Rasuulli Rabbii sallallaahu aleeyhi wasallam hin duune, garuu akka Muusaan Rabbii isaa bira deemetti Innis deeme, Wallaahi Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam ni deebi’a, akkuma Muusaan deebi’etti. Warra kijibaan inni du’e ja’an dhufee harkaa fii miila Isaanii irraa muruuf taa’a.” Umar Rabbi irraa haa jaalatu akkana tahe, Musiibaan du’a Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam guddina isiitirraa if qabuu fii fudhachuu hin dandeenye.

Abuu Bakr As-Siddiiq hoggaa Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam du’e fagoo jira, hayyama Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam irraa fudhatee mana isaa kan gooroo Madiinaa jirutti khute.

Sahaabaarraa namni tokko gama Isaa fiigaa itti dhaqee du’a Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam itti hime. Akkasumas ilmaan namaa haala hamaa Rabbiin qoftiin beekhu kheeyisa akka jiran Abuu Bakriif Ibse.

Abuu Bakri As-Siddiiq farda Isaa yaabbatee ariifataa Masjida Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam ol seene, Hoggaa seenu kunoo ilmaan namaa booyichatti jiran. Umar seeyfii luqqufatee

namatti haasawaa jira.

Abuu Bakri As-Siddiiq waan san takkallee hin mil’anne, Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam irratti ol seene. Nabiyyiin Sallallaahu Aleeyhi Wasallam sree irratti hogooggamee jira, fuula Isaa bareedaa fii qulqulluu san irraa bane.

Abuu Bakri: “INNAA LILLAAH WA INNAA ILEEYHI RAAJITUUN.” Je’e. San booda irratti gadi jgee booyaa Isa dhungate: “Tolte (bareedde) gaafa jirtuu fii gaafa duutes Yaa Rasuula Allaah! Wallaahi Rabbiin du’a lama sirratti walitti hin qabu, ammoo du’a sirratti katabe san dhandhamtee jirta, eeganaa duuti abadan siin tuyxu.” Jechaa fuula Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam hagooge.

San booda Abuu Bakri Rabbi irraa haa jaalatuu Namarratti gadi bahe, Umar bin Al-Khaxxaabiin Suuta je’i jennaan Umar callisuu dide. Abuu Bakri Umar dhiisee Ilmaan namaatti gargalee haasawa jalqabe.

Abuu Bakri Rabbi irraa haa jaalatuu Nama kheeysatti Khuxbaa (gorsa) godhuu jalqabe, hoggaa jecha Isa dhagayan Umar dhiisanii gama Abuu Bakri dacha’an.

Abuu Bakri Rabbi irraa haa jaalatuu: “Yaa Ilmaan namaa! Inni Muhammad gabbaraa ture Muhammad du’e, Inni Allaah gabbaraa ture ammoo Rabbiin Jiraataadha hin du’u.” je’een. Itti itti fuufee Rabbiin ol tahe akkana je’e:

وَمَا مُحَمَّدٌ إِلَّا رَسُولٌ قَدْ خَلَتْ مِنْ قَبْلِهِ الرُّسُلُ أَفَإِنْ مَاتَ أَوْ قُتِلَ انْقَلَبْتُمْ عَلَىٰ
أَعْقَابِكُمْ وَمَنْ يَنْقَلِبْ عَلَىٰ عَقْبَيْهِ فَلَنْ يَضُرَّ اللَّهَ شَيْئًا وَسَيَجْزِي اللَّهُ
الشَّاكِرِينَ

“Muhammad Ergamaa isa duratti Ergamoonni biraa dabran malee waa hin taane, Sa yoo inni du’e ykn ajjeefame if duuba garagaltanii?

Inni if duuba gargalu Allaah waa takka hin miidhu, Allaah Warra galatoomfatuuf galata galcha.”

Al-Imraan: 144

Ibnu Abbaas akki je’u: “Wallaahi akka waan ilmaan namaa aayaata san Rabbiin buusuu quba hin qabneeti hanga Abuu Bakri Qar’uutti.”

Madiinaa kheeysatti du’a Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam irra namuu booyichatti seene. Ummata Muhammad irratti Musiibaan hanga du’a Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam guddattu buutee hin beeytu.

Hoggaa Abuu Bakri As-Siddiiq Khaliifaa tahuun bakka bu’e, Suni guyyaa salaasaati, Maatiin Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi wasallam dhiquu fedhanii akkaataa itti dhiqan irratti wal dhaban.

Waliin ja’an: “Wallaahi maal akka goonu waa hin beeynu, Rasuula Rabbii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam akkuma nama biraatti qullaa goonee dhiyna moo osoo huccuun Isaa irra jirtu dhiyna?”

Osoo akkasitti jiran Mugaatiin hunda isaanii qabde, Mugaatii kheeyso osoo jiran: “Rasuula Rabbii sallallaahu aleeyhi wasallam osoo huccuun Isaa irra jirtu dhiqaa.” Sagalee jettu dhagayan.

Hoggaa mugaatiirraa dammaqan gariin gariidhaaf waan dhagaye himuutti seenan, Akkasitti Rasuula Rabbii sallallaahu aleeyhi wasallam huccuun isaa osuma irra jirtu dhiqan.

Warri dhiqinsa Rasuulaa sallallaahu aleeyhi wasallam gaggeeysan:

1. Aliyyi bin Abii Xaalib
2. Abbaas bin Abdu Al-Muxxalib
3. Al-Fadl bin Abbaas
4. Qusam bin Abbaas

5. Usaamaa bin Zeeyd

6. Shuqraan Gabricha Nabiyyiin Sallallaahu Aleeyhi wasallam bilisoomse.

Abbaas, Al-Fadl fii Qusam Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam garagagalchan, Usaamaa fii Shuqraan bishaan buusan, Aliyyi bin Abii Xaalib Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam dhiqa.

Hoggaa dhiqiinsa Rasuula Rabbii sallallaahu aleeyhi wasallam irraa raawwatan, Huccuu Sadii kheesatti Isa kafanan. Eegasii Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam mana A'ishaa siiree gubbarra kaayame.

Eegas namni seenee akka Rasuula Rabbii sallallaahu aleeyhi wasallam irratti salaatu hayyamameef, namni tokkolleen imaama isaaniif tahee irratti hin salaanne.

Namni hundi Kopha kophaa irratti salaatan.

Hoggaa irratti salaatanii raawwatan eesatti akka Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi wasallam awwaalan sahaaboonni wal gaafachutti seenan.

Gama Abuu Bakrii erganii gaafatan. Abuu Bakri: “Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam dhagayeetin jira kan ja’u: Rabbiin Nabiyyii tokkollee bakka inni itti awwalamu jaalatutti malee hin ajjeesu.” Je’e.

Qabriin Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam bakkuma inni itti du’e mana A’ishaa kheesatti qotamte. Qabrii Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam warri seene Aliyyi, Al-Fadl fii Abbaas.

Shuqraan Gabrichi Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam bilisoomse qabrii Nabiyyii kheesatti huccuu diimtu takka afe, eegasii Rasuula Rabbii sallallaahu aleeyhi wasallam Qabrii Isaa kheesatti gad buusan Haadhaa fii abbaan kiyya fidaa isaaf haa tahan.

Namni booddee Qabarii Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam kheeysatti hafe, kan maayyirratti Nabiyyii biratti hafe Qusam bin Al-Abbaas Rabbi irraa haa jaalatu. Akkasitti Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam halkan Arba’aa Awwaalame.

Sahaaboonni Du’a Nabiyyiitiif sallallaahu aleeyhi wasallam gadda jabaa gaddan.

Anas bin Maalik: “Guyyaa tokkollee dukkanaawaa fii fokkootaa kan akka guyyaa Nabiyyiin sallallahu Aleeyhi wasallam kheeysatti du’ee argee hin beekhu.” Je’e.

Siiraan Xumurame.

Alhamdulillaah Faaruun ta Rabbiiti.

Halkan khamisaa, October 13 bara 2016 hiikkaa isaatirraa raawwadhe.

Beerran Nabiyyii ﷺ Haadha Mu'mintootaa

Beerran Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi wasallam Haadha Mu'mintootaati.

Nabiyyiin sallallaahu Aleeyhi wasallam dubartii 11 fuudhe, lama osoo Inni lubbuun jiruu du'an.

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi wasallam beerran 9 irraa du'e.

Khadiijaa bint Khuweeylid tan duraa hoggaa taatu, Meeymunaa binti Al-Haaris tan irraa boodaati. Dubra Aa'ishaa qofa fuudhe.

1. Khadiijaa bint Khuweeylid

Rasuulli Sallallaahu Aleeyhi Wasallam dura Isii fuudhe, Umriin Isaa 25, Umriin isii 40 ture. Ilmaan hunda Isii irraa argate, Ilma Isaa Ibraahim waan hin tahin. Osoo Inni jiru duute.

2. Sowdaa binti Zam'aa

Isiin Jaartii Sakraan bin Amrii turte, Inni irraa duunaan Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi wasallam Isii fuudhe. Zamana Khaliifummaa Umar kheysa duute.

3. Aa'ishaa binti Abuu Bakr As-Siddiiq

Eega Khadiijaan duute Isiitti Nikaah hidhate. Amata Hijiraa 1ffaa Madiinaatti itti seene. Bara Hijirii 57 duute.

4. Hafsa binti Umar bin Al-Khaxxaab.

Jaarsi Isii kan duraa Khuneys bin Huzaafaa ture, Inni irraa duunaan Nabiyyiin sallallaahu Aleeyhi Wasallam Amata Hijrii 3ffaa Isii fuudhe. Amata Hijrii 41 duute.

5. Zeeynab binti Khuzeeymaa

Jaartii Ubeeydaa bin Al-Haaris turte. Gaafa Duula Badrii Shahiidee tahee Wareegame. Nabiyyiin Sallallaahu Aleeyhi wasallam amata Hijrii 3ffaa Isii fuudhe. Osoo Nabiyyiin Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Lubbuun jiru duute.

6. Ummu Salamaa Hindi binti Abii Umeeyyaa
Jaarsii Isii Abuu Salamaa Abdullaahi bin Abdulasad irraa duunaan,
Nabiyyiin bara Hijrii 4ffaa Isii fuudhe. Amata Hijrii 61 duute. Isiin
beerran Nabiyyii sallallaahu Aleeyhi Wasallam kheesaa nama
boodarra du'e.

7. Zeeynab binti Jah'sh.
Jaartii Zeeyd bin Haarisaa turte. Zeeyd ni hiikeen, Nabiyyiin
Sallallaahu Aleeyhi Wasallam amata Hijrii 5ffaa Isii fuudhe. Bara
Hijrii 20 duute.

8. Juweeyriyaa binti Al-Haaris
Jaartii Musaa'fih bin Safwaan turte, Kaafirummaa irratti du'e.
Nabiyyiin sallallaahu Aleeyhi wasallam amata Hijrii 5ffaa Isii
fuudhe. Bara Hijrii 50 duute.

9. Safiyyaa binti Huyayyi bin Akhxab.
Jaartii Kinaanaa bin Ar-Rabi'i turte. Kufrummaa kheesatti du'e.
Nabiyyiin Sallallaahu Aleeyhi Wasallam amata Hijrii 7ffaa Isii
fuudhe. Bara Hijrii 50 duute.

10. Ummu Habiibaa Ramlaa binti Abuu Sufiyaan
Jaartii Abdullaahi bin Jah'sh turte, Inni irraa du'e. Nabiyyiin
sallallaahu aleeyhi wasallam amata Hijrii 7ffaa Isii fuudhe. Amata
Hijraa 44 duute.

11. Meeymunaa binti Al-Haaris
Jaartii Abuu Ruham turte, irraa du'e. Nabiyyiin sallallaahu aleeyhi
wasallam amata hijrii 7ffaa Isii fuudhe. Amata Hijrii 51 duute. Isii
jaartii irraa boodaati.

Beerran Nabiyyii sallallaahu aleeyhi wasallam hundi Qabrii Baqi'iitti
Awwalaman, lama malee:

1. Khadiijaa binti Khuweeylid Makkaa Qabrii Al-Hajuunitti Awwalamte.
2. Meeymunaa binti Al-Haaris Bakka Sariif ja'amutti Awwalamte.

Beerran Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam Duniyaa fii Akhiiraattis Beerran Isaati. Akhiiraattis beerran Isaa waan tahaniif eega Inni du'e heerumuun Isaan irratti haraama.

Rabbiitu Nabiyyii Isaatiif sallallaahu Aleeyhi Wasallam Isaan akka beerran Isaa tahan fileef. Rabbiin Isaan hunda irraa Jaalatee jira. Hundi haadha warra amaneeti.

Rahmanni Aalama akkam ture

Fuulli Rasuula Rabbii ﷺ akka aduu fii ji'aatti ifa.

Anas bin Maalik akkana je'a:

"Rasuulli ﷺ adii bareedaa akkaan ifu, hurkaan Isaa lu'lu'a (faaya) fakkaata,"

Muslimtu gabaase.

Ka'ab bin Maalik akkana ja'a:

"Hoggaa Gammade fuulli Rasuulaa ﷺ ni ifa, akka waan muraa/kutaa ji'aati fakkaata."

Bukhaarii fii Muslimii gabaase

Abuu Juheeyfaa Rabbi irraa haa jaalatu akki je'e:

"Harka Nabiyyii ﷺ fuudhee fuula kiyyarra khaaye, harki isaa fixeensarra qabbanooyti, miskii (shittoo) daran urgooyti."

Bukhaarii gabaase.

Ummu Suleeym Rabbi irraa haa jaalatu haati Anas bin Maalik Rasuulaan ﷺ akkana jette: "Kuni hurkaa keeti urgoo/shittoo teenya keeysatti godhanna, Inni (Hurkaan kee) irra urgaawaa shittooti."

Muslimii gabaase

Rabbiin Rasuula isaa ﷺ wayaa bareedinaa isa uffise, Jaalalaa fii sodaa (Kabajaa/ulfina) irratti darbe, fuulli Isaa ﷺ akka ji'a goobaneetti ifa.

Rasuulli sallallaahu aleeyhi wasallam irra arjaa ilmaan namaati, irra tolaa haalaa fii amalaati, irra urgaawaa namaati

Shurufkaan Isaa, Irra guutuu namaati aqliidhaan, irra gaarii namaati bultiidhaan.

Rasuulli ﷺ akkaan Rabbi sodaataa ilma namaati, lubbuu isaatiif hin dallanu, ifiif hijaa hin bahatu, wanni inni dallanuuf daangaan Rabbii diigamuu qofa.

Rasuulli ﷺ haalli isaa Qur'aana, Rabbiif gad if qabaa namaati, haajaa maatii Isaa ni raawwata, warra laafaa irratti hin boonu Isaaniif gad if qaba, waa gaafatamee takkaa didee hin beekhu.

Rasuulli ﷺ irra obsaa namaati, irra qaanfataa namaati dubartii girdoo kheeyisa jirtu caala, takkaa nyaata balfee ykn arrabsee hin beekhu, yoo fedhe ni nyaata, jibbu ni dhiisa.

Rasuulli ﷺ akka mootootaa ciqilfatee hin nyaatu ture, waan isaaf argame nyaata, waan mi'aawaa fii deeyma jaalata, Dubbaa (dabaaqul, Baaqil) ni jaalata.

Rasuulli ﷺ Hadiyyaa (kennaa) ni nyaata, sadaqaa hin nyaatu Sadaqaan Isaa fii maatii Isaa qulqulluu irratti haraama, kennaa isaaf kennamteef harka deebi'a.

Rasuulli ﷺ kophee isaa ni hodhatta, huccuu isaa ni qobbata, re'ee ni ilma, dhukkubsataa ni gaafata, bakka namni Isa yaame ni awwata (ni dhaqaaf), Miskina tahuu, qabaataa tahuu nama tokkollee hin tuffatu.

Rasuulli ﷺ quba isaa sadihiin nyaata, hoggaa irraa bahe quba isaa ni arraaba, hoggaa waa dhugu marraa sadi hafuura jidduun fudhata.

Rasuulli ﷺ jecha hikkaa ballaa qabu kenname, dubbiin isaa xiqqoo hikkaan isii guddoodha, Dubbbiin Isaa ifa nama dhagayeeff ni galti, hoggaa takka takka dubbii isaa yeroo sadii itti daddeebi'ee hima akka hubatamatuuf.

Rasuulli ﷺ haajaan dubbatuuf jiraatu malee hin dubbatu, Zikriin malee taa'ee hin ka'u. Rasuulli ﷺ Farda, Gaala, Harree, Gaangee, Yaabbateeti jira. Gaalaa fii Harree isaa irratti if duubaan wudeelachiisa (nama biraa if duubaan kaayatee jira).

Rasuulli ﷺ meeshaa duniyaa waa xiqqoo malee qabaachaa hin turre, Rabbiin kaznaa dachii hunda isaaf kenneefii Rasuulli ﷺ ni dide, Akhiiraa adunyaarra filate.

Rasuulli ﷺ Zikrii heddummeeysa, xinxala irra tura (gad lallaaluu guddisa), kofli isaa guddinaan seequudha, hoggaa takka takkas koflee jiraa hanga qarrinfoon Isaa mullattuutti.

Rasuulli ﷺ shittoo/ waan urgaawu jaalata, ni qoosa dhugaa malee hin dubbatu, nama rakkoo himatu rakkoo isaa irraa qeebala, koomiin Isaa nama tokkollee maqaa hin kaaftu dimishaashumatti gorsee sirreeysa.

Fakkeenyaaf akkana je'e ﷺ: "Maali ormi seera kitaaba Rabbii keeysa hin jirreen seera tumatan?"

Bukhaarrii fii Muslimtu gabaase

Rasuulli ﷺ laaffisutti ajaja, sanitti kakaasa, jajjabeeysuu (daangaa dabruu) irraa dhorga, namaaf irra dabruu fii araara buusuu irratti kakaasa, akkasumas haalaa fii amala gaaritti

kakaasa. Hoggaa qulqulleeyfatu, Rifeensa filatu, kophee khaayatu, haala isaa hunda keeysatti mirgaan eegaluu jaalata.

Rasuulli ﷺ irra guutaa namaati beellama, Irra maxxanfataa namaati fira fii aanaaf, garaa laafaa fii nahaa namaati ilmaan namaa hundaaf.

Rasuulli ﷺ irra gaarii namaati wajji jireenya kheesatti, haalaa fii amala fokkotaa irraa fagaataadha, afaaniin dubbii fokkottuu hin dubbatu, dalagaa fokkottuus hin dalagu, abaaraa fii arrabsaa miti, hamtuu itti dalagan hamtuun hin deebisu, garuu irra dabraaf.

Rasuulli ﷺ khaadimoota isaa irratti ol if hin fuudhu, if hin tuulu. “Uff”, “si hifadhe” “ishi” waan akkanaa takkaa warra isa khaddamuun je’ee hin beeku. waan dalaganirratti isaan komatee hin beeku. Miskina ni jaalata, isaan wajjiin taa’a, Janaazaa Isaanii irratti ni argama. Sahaaboota isaa ni gaggaafata (Abalu eeysa bade? maal tahe?) ni gaafata. Waan gaarii gaaroomina isaa himee itti qajeelcha, hamtuus hammeenya isii himee irraa dhorga.

Rasuulli ﷺ haqa dalagaa namaati, Namaaf irra dabraa namaati, afaaniin haqa dubbataa namaati, amaanaa nama akkaan jabeeyisu, saniif adawwiin Isaatilleen ragaa baateefii “As-Saadiq Al-Amiin” jechaanii turan. Dhugaa dubbataa fii amanamaa jechuunii turan.

Nama obsa qabu hunda mucucni irra argamee jira, hamtuu itti dalagamte aariin deebisuun irraa mullatee jira Rasuula ﷺ malee. Rasuulli ﷺ hanguma isa rakkisan obsi isaa dabala,

wallaalaaan daangaa itti dabruun daran obsa isaaf dabalaa ture.

Bakki Teeysuma Rasuulaa ﷺ teeysuma adabaa fii obsaati, bakka amanaa fii irra waliif dabruuti, sagaleen isii keeysatti ol fuudhamee hin lallabamu, wanni hamtuun achi keeysatti hin argamtu, Rasuulli ﷺ hoggaa dubbatu warri wajjiin taa'u mataa gad qabatanii caqasan, akka waan mataa isaanii gubbaa shinbirroon qubatteeti, hoggaa inni callise ni dubbatan.

Rasuulli ﷺ Zikriin malee bakka takka hin taa'u, bakka takkaahis hin ka'u. Bakka addaa qopheeyfatee hin qabu, hoggaa Orma taa'utti dhufe bakkuma teeysuma argateen taa'a, sanitti Sahaaboota ajaja.

Rasuulli ﷺ nama wajjiin taa'e hundaaf qooda isaa ni kennaaf, kanaaf jecha namni isa wajjiin taa'e wanni yaadu Isarra kan gama Rasuulaa ﷺ jaalatamu akka waan hin jireeti.

Rasuulli ﷺ ilmaan namaatiif qooma ballateef, haalaa fii amalaan Isaaniif laafuu irraa kan ka'e hanga akka Abbaa Isaanii tahu gahe, haqa kheeysatti hundi Isa biratti wal qixa, sodaa Rabbii qofaan Isa biratti namni wal caala.

Rabbiin Rasuula Isaa ﷺ Qalbii Rahmataa kenneef, laafaa (daa'ifa) namaatiif gara laafaadha, Miskinootaaf nahaadha, ilmaan namaa hundaaf garaa laafa, Hanga Rahmataa fii gara laafinni Isaaf akka xabiyaa Isaaf taatu geeyse, saniif jecha Rahmanni Isaa xiqqaa fii guddaa wal geeyse.

Rasuulli ﷺ Daa'immaniif garaa laafa, hanga hunda Isaaniitiif akka abbaa tahu gaye, Isaan dhangata, ifitti maxxanfata, wajjiin taphata, Timiraan Isaan dheengaya.

Rasuulli ﷺ hogгаа салаата сеене yoo booyicha daa'imaа dhagaye салаата ni ariifachiisa dafee fixuuf, ni laaffisa akka haadha irratti hin jajjabaaneef.

Rasuulli ﷺ Daa'imman ni baa'ata, rakkoo Isaanii irratti ni obsa, A'ishaan haati Mu'imtootaa akki jettu:

"Rasuula ﷺ daa'imni tokko itti fidame, huccuu isaa irratti ficaane, bishaan yaammate bakka ficaanii sanitti bishaan san dhangalaase."

Bukhaarii gabaase.

Rasuulli ﷺ duniyaa irraa akkaan nama dantaa dhabaadha ture, bolola isii xiqqumalee hin qabu, Isii irraa waanuma dhimma itti bahu qofaan if gaha, Duniyaa keeysatti jiruun itti jajjabaachuu san ni jaalate, Osoo inni fedhe silaa Rabbiin gaaroota dahaba Isaaf godha.

Rasuula ﷺ baatiin takka dabartee ammas baatiin biraa dabarti ammas baatiin biraa dabarti, baatileen sadii kan mana Isaa kheeysatti Ibiddii hin qabsiifamne, Wanni jiraataniin bishaanii fi Timira qofa ture.

Hogгаа гarii Rasuulli ﷺ guyyaa isaa beelumaan dabarsa, Timira gad aanaa garaan guuttatu kan hin arganne. Rasuulli ﷺ guyyaa sadii wal jala Biddeena/Qinxaa qamadii nyaatee qufee hin beeku.

Rasuulli ﷺ hoggaa du’u Dirhaamaa fii Diinaara, Gabraa fii Gabriittii akkasuma waanuma qabeenya tahe tokkollee if duuba waan hambise hin qabu. Gaangee takkaa fii meeshaa lolaa (uffata yeroo lolaa uffatan), dachii kheeybar jirtu tan sadaqaa godhe malee humaa hin lakkifne.

Rasuulli ﷺ akkana je’e: “Anaa fii duniyaa maaltu walitti nuuf jira, Ani duniyaa tana keeysatti akka nama yaabbatee (karaa deemuu) kan muka takka jalatti gaaddisiifateeti, kan Gaaddisa san eegasii dhiisee biraa deemu.”

Tirmiizii odeeyse hadiisni Sahiiha.

Waan Ulamaa’iin Siiraa akkaataa jireenya Mana Rasuulaa ﷺ ilaalchisee kataban yoo hordofe namni hundi akkaataa jireenya Isaatirraa ﷺ ni dinqisiifama, meeshaa duniyaa waa xiqqoo malee hin qabu, wanni ija namaa guutuu mana Rasuulaa ﷺ keeysatti qabeenyarraa hin jiru.

Duuba kuni hundi wanni agarsiisu dhuguma Inni Nabiyyii Rabbii tahuu Isaati ﷺ duniyaa caala Waan Rabbii isaa bira jiru filate. Kaayyoon Isaa guddoon Ilmaan namaa hundi Ibidda Jahannam jalaa bahanii akka Jannata seenan malee duniyaa hin turre.

Xumura

Kitaaba kana dubbiftee hoggaa fixxe, Siiraa Nabiyyii sallallaahu Aleeyhi Wasallam dimshaasha hubatte jechuudha. Akka gaaritti kheeyisa Isii baruuf ammoo kitaaboota Siiraa gurguddaatu jira. Xiqqaa Kanaan yoo haga kana barte guddaa yoo dubbifte akkami?!

Rabbiin warra Nabiyyii Sallallaahu Aleeyhi Wasallam jala deemee Milkaawu nu haa godhu. Isaa fii Sahaaboota Isaa wajjiin Jannatatti walitti nu haa qabu.

Kitaaba kanarraa yoo Rabbiin si fayyade Du'aa'ii naaf godhuu hin dagatin, Akkasuma haadhaa fii Abbaa kiyyaaf, Muslimoota hundaaf.

Rabbiin dalagaa Isa biratti qeebalamtuu haa godhu. Haadhaa fii Abbaa kiyyaaf haa araaramu. Akkasumas Muslimoota hundaaf haa araaramu.

Nagayaa fii Rahmanni addaan hin cinne Nabiyyii keenya Jaalatamaa irratti haa jiraatu.

Allaahuma Salli Wa Sallim Alaa Nabiyyinaa Muhammad.

